# FARDA JIDDAA:QORANNOOBEEKKUMSA HORSIISAAFIGUDDISA FARDAA GOODINA SHAWAA KAABAA AANAA JIDDAA

ADARAA DHUGUMAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATU

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

FULBAANA /2017/2024

FINFINNEE

YUUNIVARSIITII FINFINNEEKOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE

AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

# QAACCESSA BEEKKUMSA HORSIISAAFI GUDDISA FARDA OROMOO GOODINA SHAWAA KAABAA AANAA JIDDAA

QORATAAN:ADARAA DHUGUMAA

GORSAAN : XILAHUUN TALIILAA (PhD)

FULBAANA /2017/2024

FINFINNEE

Yuunivarsiitii FinfinneeKoolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo Hogbarruufi Fookiloorii Qaaccessa Beekumsa Horsiisaafi Guddisa Fardaa Aanaa Jiddaatti kan Xiyyeeffate

Adaraa Dhugumaa

Gorsaan: Xilahun Taliilaa PhD

Fulbaana/2017/2024

Finfinnee

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

Dhaaabbata Qorannoo Digirii Duraafi Boodaa

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammataa (MA) gamisaan guuttachuuf mata duree Qaaccessa beekkumsa horsiisaafi guddisa Farda Oromoo Goodina Shawaa Kaabaa aanaa Jiddaa irratti xiyyeeffate jechuun' Adaraa Dhugumaatin qophaa'e sadarkaa madaallii yuunivarsiitichi kaa'e guutera.

Guca Koreen Qormaataa Riisarchii Itti Mirkaneessu.

Qoraa keessaa

Maqaa ________________________________Mallattoo __________Guyyaa _____________

Qoraa alaa

Maqaa________________________________Mallattoo __________Guyyaa _____________

Gorsaa

Maqaa _______________________________Mallattoo ___________Guyyaa ______________

______________________________________________________________________________

Dura Taa'aa Muummee Ykn Walitti Qabaa Digirii Lammata (MA)

***Axeeraraa***

*Qorannoon kuni mataduree Farda Jiddaa:Qaaccessa beekumsa horsiisaafi guddisa Farda aanaa Jiddaa jedhu irratti qoratame.Ka'umsi qorannoo kanaa, Oromoon bal'inaan horsiisa looniif beekumsa qabaatullee, beekumsi horsiisaafi guddisa Fardaa garuu bakki horsiisa Fardaa murta'aa waan ta'eef, fayyadamni isaa beekamaa miti. Beekumsi kun,Warra Jiddaa kan aadaa horsiisaafi kunuunsuu Fardeenii qabu birattillee daanga'adha. Kanarra ka'uun mata duree beekumsa horsiisaafi guddisa Farda aanaa Jiddaa jedhu irratti qorannoo hojjachuun ka'umsa ta'eera.Kaayyoon gooroo qarannoo kanaa, hawaasni Oromoo aanaa Jiddaa Beekumsa horsiisaa fi guddisa Fardaa irratti qabu qaaccessuudha.Qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataa ta'ee,mala akkamtaa fayyadame.Iddatteessuu qorataan fayyadame, mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala Akkayyooti.*

*Maanguddoota 15 kanneen horsiisaa fi guddisa Fardaa irratti muuxannoo qaban irraa ragaan Afgaaffii, DaawwannaafiMariigareetiinfunaannameera.Argannoon: Farda horsiisuun beekkumsa akka barbaadu bira gaa'ameera.kunuunsi Fardaa eessa akka ta'e bira gaa'meera.Sadarkaan Fardaa,dhukkubni Fardaa fi qorichi Fardaa addaa baafameera. Safuun Fardaa kennamuufi kabajni namni Farda qabu argatu ibsameera. Akkasumas,namniakka dhala isaatti Fardaan waammamuun beekkameera. Namni Farda qabu akka nama qabeenya hunda qabuutti ilaallamuunhubatameera. Hanqinoota mul'tan:Dhaloonni yeroo ammaa Fardaaf, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, kunuunsi Fardaaf taasifamaa jiru, gadi bu'aa jiraachuu,qorichi Fardaa kan aadaa aanicha keessaa badaa kan jiru ta'uu,sanyiin Fardaa gaarii ta'e badaa jiraachuu, Farda Sadarkaa isaatin eeganiileenjisuun, kan hafeeru ta'uu. Akkasumas, nyaata Fardaa addabaasanii akka yeroo barbaaddame argamuutti oomishaa jiraachuu dhiisuufiFarda aanaa Jiddaa gara turizimiitti ceesisuuf, bulchiisni aanichaa sochii waliitti fufaa taasisuu dhiisuunadda baafameera.*

## Galata

Rakkoo yaaddessaa Bara si'anaa kana keessatti nagargaaree qorannoo kanan sadarkaa kanarra akkan ga'u kan  taasise, Waaqayyo guddiseen galateeffadha.Itti aansee beekumsaafi ogummaa qaban osoo hinqusatiin kannagorsaniifi sirreeffama hojii kootiif gargaasa guddaa kan naaftaasisaa turan, Xilahun Taliilaa (PhD)baay'iseen galateeffadha.Hojiin koo akka galma ga'uuf karaa hundaan nadeeggaraa kan turte, haadha manaatoo Aadde Firee Gosaa galatoomin jedhaan. Dabalataanis,yeroon deemee raga qorannoo kiyya naaf deeggaru funaannachaa ture,iddoo hunda deemee, Suuraa kaasuunii fi Viidiyoo waraabun kan nagargaaraa ture Barsiisaa Sisaayi Suyyum ulfaadhun jedhaan. Haluma kana fakkaatuun, funaansa odeeffannootiif gandoota baadiyyaa iddoowwan adda addaa jiran keessatti haala naaf mijeessuunifi odeeffannoo kennitoota naaf beellamuun deeggarsa guddaa gochaa kanturan barsiisaaGirmaa Getaachoo, Obbo Asaamminoo Birraatuu,barsiisaa Sammaa Taayyeefid dura taa'ota  gandoota aanaa  Jiddaa bakka deemnee odeeffannoo funaannanne hundatti, yeroo rakkoon nageenyaa yaaddoo ta'e kantti, haala nuuf mijeessaa kan turaniif, galanni koo xiqqaamiti.Xumura irratti, WAT, Waajjira Qonnaafi Gabayaa, Waajjira Daldalaa  aanaa Jiddaa osoon hin galateeffatin hindarbu.

**GABAAJEWWAN**

| | |
|---|---|
| DH.K.D | Dhaloota Kiristoos Dura |
| FAOUN | Food and Agriculture Organization of United Nation |
| KKF | Kankana Fakkaatan |
| UN | United Nation |
| WAT | Waajjira Aadaaf Turizimii |
| WQAJ | Waajjira Qonnaa Aanaa Jiddaa |

**JIBSOO**

| | |
|---|---|
| Abaabbaluu | Goyyomsuu |
| Alagaa | Fira Dhiigaa kanhintaane ykn Aantee kan hintaane |
| Farda Collee | Farda Umuriin 11-20 |
| Farda Guulaa | Farda Umuriin 6-10 |
| Farda Labata | Farda Umuriin 3-5 jiru |
| Farda Teessumaa | Farda Dhaltuu Sakartu |
| Guddisuu | Xiqqummaadhaa kaasanii akka guddatu taasisuu |
| Ganyaa | Farda Dhalte |
| Gumaa | Harka hiikkannaa |
| Hinaalamne | Hinsobamne |
| Horsiisuu | Baay’isuu |
| Jibsoo | Hiika Jechootaa |
| Kunuunsuu | Sooruu /Akka cimuuf nyaachisuu/ |
| Lammacha | Farda jalqabuuf ilkaan lama buqqifate |
| Maanguddoo | Jaarsa Buleessa |
| Odoicha | Farda bifa Adii fi gurraacha walmakaa |
| Sangaa Fardaa | Farda Jabaa /Farda Beekaa/ Umurii 21-30 jiru |
| Waqarii | Farda Dadhabaa |
| Yaboo | Furmaata |

**Gabatee 1,Baafata Fakkii Fardaafi Gabataa Agarsiisan**


| Lakka Fakkii | Wanta Fakkiin agarsiisu | Fuula |
|---|---|---|
| Fakkii 1ffaa | Kaartaa Aanaa Jiddaa Agarsiisu | 6 |
| Fakkii 2ffaa | Fakkii Nyaata Aadaa Aanaa Jiddaa | 9 |
| Fakkii 3ffaa | Iddoo Seena Qabeessa Aanaa Jiddaa | 10 |
| Fakkii G.1ffaa | Gabatee Biyyoota Farda baay'ee Qaban Agarsiisu | 24 |
| Fakkii G.2ffaa | Gabatee Gosoota Farda Itoophiyaa Agarsiisan | 25 |
| Fakkii G.3ffaa | Gabatee Garaagarummaa Farda Dungulaafi Waqarii Agarsiisu | 42 |
| Fakkii 4ffaa | Fakkii Farda Dungulaa Agarsiisu | 42 |
| Fakkii 5ffaa | Fakkii Farda Waqarii Agarsiisu | 43 |
| Fakkii G.4ffaa | Gabatee Addaa addummaa Teessuu Fardaafi Waaroo Fardaa Agarsiisu | 44 |
| Fakkii 6ffaa | Fakkii Fardoota Gurguraaf Gabayaa Sirxiitti Dhiyaatanii agarsiisu | 48 |
| Fakkii 7ffaa | Fakkii Farda Guksiif Geerarsaan Dirree yeroo seenan Agarsiisu | 54 |
| Fakkii 8ffaa | Fakkii Ilmoo Fardaa Agarsiisu | 57 |
| Fakkii 9ffaa | Fakkii Ilmoo Fardaa Labata Agarsiisu | 58 |
| Fakkii 10ffaa | Fakkii Ilmoo Fardaa Guulaa Agarsiisu | 58 |
| Fakkii 11ffaa | Fakkii Farda Collee Agarsiisu | 59 |
| Fakkii 12ffaa | Fakkii Sangaa Fardaa Agarsiisu | 60 |
| Fakkii 13ffaa | Fakkii Ganyaa Fardaa (Farda Dhalaa) Agarsiisu | 61 |
| Fakkii 14ffaa | Fakkii Nyaata Fardaa Agarsiisu | 62-63 |
| Fakkii 15ffaa | Fakkii Fardoota Dhukkubaan Qabaman Agarsiisu | 64 |
| Fakkii 16ffaa | Fakkii Qoricha Farda Dhukkubsatanii Agarsiisu | 65 |
| Fakkii 17ffaa | Fakkii Dirreetti Garmaamsa Fardaa Agarsiisu | 66 |

**Baafata** **Fuula**

*Axeeraraa* ..... i
Galata..... ii
GABAAJEWWAN..... iii
JIBSOO ..... iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA..... 1
1.1 Seenduuba Qorannichaa..... 1
1.2. Haala Walii gala Aanicha ..... 3
1.2.1.Haala Qubsuma LafaAanichaa..... 3
1.2.2.Haala Diinagdee Aanichaa..... 5
1.2.3.Bu'uuraalee Misoomaa Aanichaa ..... 7
1.2.4.Aadaa Uummata Aanichaa..... 7
1.2.5.Amantaa Hawaasa Aanichaa..... 9
1.2.6.Iddoo Seena Qabeessa Aanichaa..... 9
1.2.7. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Jiddaa..... 9
1.3. Ka'umsa Qorannichaa..... 13
1.4.Gaaffiilee Bu'uuraa Qorannichaa..... 13
1.5.Kaayyoo Qorannichaa..... 13
1.5.1.Kaayyoo Gooroo..... 13
1.5.2.Kaayyoo Gooree ..... 13
1.6.Barbaachisummaa Qorannichaa..... 14
1.7.Daangaa Qorqnnichaa..... 14
1.8.Hanqina Qorannichaa..... 14
1.9.Qindoomina Qorannichaa ..... 15
BOQONNAA LAMA: YAADRIMEE QORANNICHAAA ..... 16
2.Yaadarimee Qorannichaa..... 16
2.1.Lore (Beekumsa Waloo) ..... 16
2.2.Beekumsa Oromoon Sanyii Filachuurratti Qabu..... 16
2.3.Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)..... 17
2.3.1 Barsiisuu ..... 18
2.3.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Cimsuu ..... 18
2.5.Maalummaa Fardaa..... 19
2.5.1.Seenaa Dhuftee Fardaa..... 19

1.5.2.Walitti Dhufeenya Namaafi Fardaa ........ 21
2.5.3.Itti fayyadama Fardaa ........ 21
2.6.Biyyoota Farda Baayyeetti Fayyadaman ........ 21
2.6.1.Gosoota Farda Itoophiyaa ........ 23
2.6.2.Faayidaa Fardaa ........ 23
2.6.3.Seera Farda ........ 23
2.6.4.Seera Itti Fayyadama Fardaa ........ 24
2.7.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........ 25
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ........ 27
3.1.Saxaxa Qorannichaa ........ 27
3.2.Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 28
3.3. Irraawwatama Qorannichaa ........ 29
3.4.Mala Iddatteessuu ........ 29
3.6.Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaanname ........ 29
3.6.2.Afgaafii. ........ 30
3.6.1.Daawwannaa. ........ 31
3.6.3.Marii Garee. ........ 32
3.7.Qaaccessa Ragaa. ........ 33
3.8.Qindeeffama Qorannichaa ........ 34
3.9.Naamusa Ogummaa ........ 35
BOQONNAA AFUR :QAACCESSAAFI HIIKA RAGAA ........ 36
4.1.Haala Waliigalaa Qorannichaa ........ 36
4.2.Beekkumsa Horsiisa Fardaa Aanaa Jiddaa ........ 37
4.2.1.Ulaagaa Beekumsa Horsiisa Fardaa Aanaa Jiddaa ........ 38
4.2.2.Faayidaa Farda Horsiisuu Aanaa Jiddaa ........ 43
4.3.Beekkumsa Guddisa Fardaa Aanaa Jidda ........ 46
4.3.1.UlaagaaGuddisa Fardaa Aanaa Jiddaa ........ 47
4.3.2.Adeemsa Leenjii Fardaa Aanaa Jiddaa ........ 48
4.4.Barbaachisummaa Fardaa Akka Jiddaatti ........ 49
4.5.Farda Qabaachuun Hawaasummaa Keessatti Ga'ee Qabu ........ 52
4.5.1.Dhuftee Farda Jiddaa ........ 52
4.5.2.Sadarkaa Farda Aanaa Jiddaa ........ 53
4.5.2.1.Ilmoo Fardaa ........ 54

4.5.2.2. Ilmoo Fardaa Labata ........ 54
4.5.2.3.Ilmoo FardaaGuulaa ........ 55
4.5.2.4.Farda Collee ........ 56
4.5.2.5.Sangaa Fardaa ........ 57
4.5.2.6.Farda Dhalaa (Ganyaa) ........ 58
4.5.3.Beekumsa Kunuunsa FardaaAanaa Jiddaa ........ 58
4.5.3.1.Nyaata Fardaa Beekuu ........ 59
4.5.3.2.Dhukkuba Hormaata Fardaa Miidhan Beekuu ........ 60
4.5.3.3.Qorichoota Farda Dhukkubsatanii ........ 62
4.5.4.Aadaa Itti Fayyadama Fardaa ........ 63
4.5.4.1.Kabaja Fardi Akka Jiddaatti Qabu ........ 64
4.5.4.2.Moggaasa Maqaa Fardaa ........ 65
4.5.5.Milkii Fardi Qabu ........ 66
4.5.6.Faaya Fardaa ........ 66
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GUDUUNFAAFI YABOO ........ 68
5.1. Cuunfaa ........ 68
5.2. Guduunfaa ........ 68
5.3.Argannoo ........ 68
5.4.Hanqinoota Mul'tan ........ 68
5.5. Yaboo ........ 70
Wabiilee ........ 71

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

## 1.1 Seenduuba Qorannichaa

Addunyaa dhalli namaa irra jiraachaa jiru kana irratti, Beelladoonni gosa adda addaa kanneen akka Horii gaafaa, Kotte duudaafi warreen yeroo ammaa namatti madaqanii nama tajaajilaa jiranlakkoofsandanuu ta’uun isaanii ni hubatama.Beelladoota namatti madaqanii nama waliin jiraatan kana duubatti deebinee dhuftee isaanii yoo ilaalle,baay’ee isaanii namni Bosona keessaa qabee kan ofittimadaqse ta’uuhayyoonnii baay’een ni himu. Kanneen namni ofitti madaqsee itti dhamma ba’aa jiru keessaa kan seenan isaanii dhala namaawaliin walitti hidhamissa cimaa qaban danuudha.Isaan keessaa, Fardi isa tokko,Fardi yeroo ammaa biyyoota adda addaa keessatti tajaajila garaa garaaf oolu kun akka Dhaabbanni Miidiyaa Neebraaskaa Paabilik ( Nebraska public Media 1954) jedhu tokkoibsetti,Fardeen jalqabaa Woggoota Miiliyoona 55 oliin dura marga Ameerikaa Kaabaa keessatti kan uummamaniidha. Achii’is,Riqicha lafaa Biring jedhamu qaxxaamuruun gara bakka yeroo amma Samaariyaa jedhamtuutti godaanan. Achirraa gara dhiyaatti,Eeshiyaa keessaa gara Awurooppaatti, gara kibbaatti, gara baha giddugaleessaa fi Kaaba Afrikaatti baballatan jedhee ibsa.

Dabalataanis, Fardi addunyaa kanarratti mullatee namni ofitti madaqsee itti fayyadamuu kan jalqabe Dh.K.D.3600-3100 irraa kaasee akka ta’e, Ogeessi Ethiologist Wiiliyaam Paatarsan (2023) https://www.linkedin.com jedhu irratti ibseera.Yaada kana DEB LEE CARSON (2018) yoo cimsu,“Humans and horses have been essential companios for thousands and thousands of years-since as early as 10,200 BC. As humans tamed and domesticated these wild horses,horses would become more closely entwined with humans as companions”jedhee ibsa.Akka yaada DebleettiBara 10,200 Dh.K.D eegalee ilmaan namaa fi Fardeen Woggoota kumaatamaaf, hiriyoota waliif turan.Ilmaan namaa Fardeen yeroo leenjisanii fi mana keessa jiraachisan Fardeen akka hiriyaatti namoota wajjin caalatti walitti hidhamaniiru jedha.

Akka yaada Hayyoota kanaatti Addunyaa kanarratti namni Farda ofitti madaqsee erga itti fayyadamuu fi waliin jiraachuu jalqabee baroota kumaatama akka lakkoofsiseeru ubanna.

Afrikaa keessattis, Fardi namatti madaqee tajaajila kennuu kan jalqabe yoomi?gaaffii jedhuuf deebii quubsaa kanta’e dhabamus, hayyoonni tokko tokko wanta barreessan qabu.Dhaabbanni African ronk art-British Museum jedhamu toora Intarneetii isaa https://africanrockart.british museum.org (2006) maxxanse irratti akkas, jechuun barreessa.‘’The first introduction of the domestic horse to

Anciet Egypt-and thereby to Africa-is usually cited at around 1600 BC,linked with the arrival in Egypt of the Hyksos,a group from the Levant who riled much of Northern Egypt during the second Intermediate period"jedha.Kana jechuun Fardi jalqaba gara Gibxii durii achii'is gara biyyoota Afrikaa kaan kan sochoo'e DH.K.D naannoo 1600 ta'uu danda'a jechuudhaan ibsa.

Ittidabalees,Robin Law (2018)"…According to Law (1980),the exact date when the horse was introduced into west Africa is uncertain,but it was probably at least 1000 years before Christ, as horses and chariots were well-known in the historical written records of Ancient Egypt,in northern Africa"…jedha.

Kana jechuunis,Robin Low (1980)Guyyaan sirriin Fardi gara Afrikaa dhiyaatti galfame hinmirkanoofne garuu DH.K.D.Woggaa 1000 ta'uu hinoolu.Kunis,yeroo sana Fardeeniifi Gaariin seenaa barreeffama Gibxii duriifi Kaaba Afrikaa keessatti beekkamaa turan…jedha.Akka yaada kanaatti Fardiifi namni Afrikaa keessatti barri isaan waliin jiraachuu jalqaban ifatti hinbeekkamne malee, namni Farda geejjibaafi qonnaaf itti fayyadamaa akka ture ifatti kaa'a.Kun immoo namni Afrikaa keessattis Fardatti fayyadamuu kan jalqabe turuu isaa agarsiisa.

Itoophiyaa keessattis, akkuma biyyoota biroo namaa fi Farda gidduu walitti dhufeenyi cimaan akka jiru wantoonni namatti mullisan danuun jiru.Kanneen keessaa muraasni,namni Farda geejjibaaf,Yaabbiif,Gugsiif, ittiin duuluufakkasumas, yeroo gaddaa fi gammachuus, itti fayyadamaa tureera. Itti fayyadamaas jira.Kana jechuun Fardeen geejjiba qofaaf osoo hin taane, dhalli namaa Itoophiyaa keessatti:Qonnaaf,geejjibaaf,dirreelolatti ittiin duuluufi kkf itti fayyadamaa turaniiru jechuudha.Akka seenan biyya keenyaa jedhutti (1888) Yeroo lola Adawaa Gootonni Itoophiyaa Fardaan lolanii akka Xaaliyaanii injifatan dhugaa hinaalamne ta'uutu himama. Kunimmoo Fardi Itoopiyaa keessattis,namaa wajjin hidhata cimaa qabaachuu mullisa.

Oromiyaa keessattis,Fardiyeroo ammaa akka dhala namaatti ilaallamu kun kan inni namaaf tajaajila kennuu jalqabe barri isaa hangas ta'eera jedhanii himuun yooulfaates, uummanni OromooFardaaf xiyyeeffannoo hagana hinjedhamne kennaafii akka turanii fi kennaafis, akka jiran ni beekama.Oromoon dhalaa fi Farda isaa adda baasee hin ilaalu. Akkasumas, Oromoon Farda isaa:Seenaa,safuu, aadaafi duudhaa ofii qabuun walqabsiisee kabaja.Kanaaf, Oromoo waa'ee Fardaa yoogaafatan Fardi Oromoodhaf waahunda jechuudhaaan deebisa.Dhaabbanni Faanaa Miidiyaa jedhamu, toora miidayaa hawaasummaa isaa https://www.fanabc.com (2022) Maxxanse irratti yooibsu,"Oromoo biratti Fardi gumaa qaba.Gumaa baasufiin immoo mallattoo Gootummaati.Oromoon Farda ilmoo isaatirraa adda baasee hinilaalu.Gosti ba'ee haraara yoogaafate

nama Farda isaa ajjeesetti gumaadhan haraarama.Hariiron Fardaafi Oromoo gidduu jiru baay'ee adda jedha.

Akka yaada kanaatti,Fardi Oromoo fi aadaa Oromoo keessattibakka olaanaa qaba jechuudha. Kunimmoo Fardiifi Oromoon walitti dhufeenya yeroo dheeraa akka qaban namatti mullisa.Yaada kana Daani'eel(2014) Leellisa Aadaa Bantii (2013)Wabeeffachuun yoo ibsu,"Oromoon Farda baay'ee jaalata,baay'ee kabaja,Fardi fira dhala namaati jedhama. Fardi horii kaan caalaa Gumaan isaa gumaa namaatti aanee olka'aadha"jedha.Oromoon Ilma isaa akkuma kunuunsee, barsiisee guddisee qa'ee akka dhaabbatu taasisu,Farda isaa kunuunsee guddisee leenjisee dhimma barbaaddamuuf,akka inni ga'u godha. Kunis, Fardi ulaagaa keessa darbee Yaabbiif, Guksiif, Guluffii fi kanneen biroof ga'u qaba jechuudha.Ulaagaa kana keessaa tokko kunuunsa isaaf godhamuudha.Fardi dhalateef qofa Farda ta'ee bakka barbaaddamu hundatti  cimaa ta'a osoo hintaane haala ittiin horsiisaniifi kunuunsantu murteessa.

Kanumarraa ka'uun, Fardi harra Goodina Shawaa Kaabaa Aanaa Jiddaa keessatti  tajaajila kennaa jiru, haala kamiin akka horsiifamuu fi guddifamu irratti qorataan Maanguddoota aanaa Jiddaa waa'ee Farda aanichaa sirriitti beekan irraa odeeffannoo funaanee qorannoo kana keessatti qaaccessuudhaan akka teechifamu taasiseera.

## 1.2. Haala  Walii gala Aanicha

Mata duree kana jalatti haala walii galaa aanichaa kanneen akka haala qubsuma lafa aanichaa,Jireenya uummata aanichaa, latiinsa uummata aanichaa,qabeenya uummama aanichaa, bu'uuraalee misooma aanichaafi aadaa hawaasa aanichaakanneen qabeenya aanichaa taa'anii qorannoo kana keessatti kaafamuu qaban jedhe qorataan bifa armaan gadii kanaan ballinaanibseera.

### 1.2.1.Haala Qubsuma LafaAanichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Shawaa Kaabaa aanaa Jiddaatti yoo ta'u, Beekumsa Oromoon aanaa Jiddaa horsiisaafi guddisa Fardaa irratti qaban irratti xiyyeeffata.Aanaan Jiddaa Aanaalee Godina Shawaa Kaabaa (Goodina Salaalee) keessaa tokko taatee Bara 1998 kan hundoofte yoo taatu.Gandoota kudha sadi(13)fi Magaalaa tokko(1) qabdi.Finfinnee irraa kiilomeetira jaatamii saddeet (68) kan fagaattee argamtu yoo taatu Magaalaa guddoo Godina Shawaa Kaabaa Fiichee irraa immoo kiilomeetira torbaatamii sadi (73) fagaattee argamti. Aanaan Jiddaa karaa bahaa aanaa Abbichuufi aanaa Qimbibiit, Lixaana aanaa caancoofi, kaabaan aanaa Waacaaleetiinkan daangeffamtu yoo taatu, kibbaan immoo aanaa Sulultaafi aanaa Barrak Alaltuutiin daangeffamti.

Haalli qilleensa aanaa kanaa %100baddaa ta'ee, irra caalaan teessuma lafa ishee hurufni (%68) darbee darbee gaarreen (Bu'aa ba'iin) %25 tabba (plato) %7 kan qabdudha.Aanaan Jiddaa ol ka'insa sirrii irra galaanaa M.2600-3500 gidduutti kan argamtu yammuu taatu, waggaatti rooba ml.750-1350 argatti. Dabalataanis, giddu galeessa ho'insaafi qorriinsaa(temperature) gadaanan 12C° Olaanan 16 C°argatti.Maddi Waajjira QonnaafiQabeenya uummamaa aanaa Jiddaati.

Aanaan Jiddaa lakkoofsa uummataa Bara 1999gaggeeffameen Dhi 26,952,Dub 26,806 Idaa'amni 53,763 yoo ta'u.Baay'inni uummata aanichaa Woggaa Woggaadhaan 2.9 kan dabalaa deemuudha.Haaluma kanaan baay'inni uummata aanichaa Bara 2010 tilmaamaan 66,785 yoo ta'u kan Bara 2015 tilmaaman 88,785 ta'a.Bal'inni lafa aanichaa heektaara 49,718.336,bal'inni lafa qonnaa heektaara 20,280,bal'inni lafa margaa (kaloo) 25,317,bal'inni lafa bosonaa heektaara 556,bal'inni lafa waliinii heektaara 40.24, bal'inni lafa ijaarsaafi bakka mana jireenyaa2,566.76 ta'a. (WQAJ)

Irra caalan ballina lafa Jiddaa lafa margaati.Kunimmoo horsiisa Fardaatiif,mijataa ta'uu isaa muullisa.

Kanarraa ka'eet,Artist Daadhii Galaan:

Sirba 1ffaaJidda Faradoo hin sakaaluu

Mormatti mare gadhiisaa

Obboleessi nama dhaanuu

Nama dhaanu ,nama nyaaruu

Taajjabeet ittuma dhiisaa x2jedhee sirba.

Sirbi kun, Lafti Jiddaa ballina waan qabuuf, Jidda Farda isaaf iddaa hin dhabu,Farda horsiisuufis,Jidda lafa mijataadhaergaa jedhu nuuf dabarsa.

Artist Wasanuu Diidoo yaada kana kan ilaallatu yoo sirbu:

Sirba 2ffaaJidda roobe Jidda roobee

Jidda roobe yoo Mululaatee

Jidda roobe jiddumaanii (2)

Jibba fuutaa,yaa walalaatoo,yaa mululaatee

Jibba gootee giddumaanii

Jidda roobee laali balgiitee…

Alagaa sijaalachiisee kan fira sijibbisiisee

Ilbaanyi yaa qalbiitee… jedhee Jidda roobni bona roobee balgiinifi margi lalisee Fardii fi horiinbakka horuu danda’utti,hinqottuu?


Maaliif, Jidda biyya Fardaa fi horii dhiistee biyya hormaa deemtee hormaaf hojjetta?Maaliif Qalbiin sixiqqaatti jechuun namoota Jidda gadhiisanii deemaniif sirbaa ture jedhama.

Sirba 3ffaa Jidda Roobe Jidda Roobee;

Jidda Yaakaloo Fardeenii

Harran deema borun deemaa

Jetti yaaqalbii nadheenii... jedhee hawaasi Jiddaa Kaloo Fardaaf ta’u akka jiruufi irratti hojjetanii Fardaafi horii horsiisuu irra finfinneettan galee namaaf hojjedha.Warra jedhaniif ergaa dhaamu.Afoola hawaasati.Aalli teessuma lafa aanaa Jiddaa fi aanolee ishee daangessanii kaartaa armaan gadii kanaan agarsiifameera.




Fakkii 1ffaa kaartaa Aanaa Jiddaa

## 1.2.2.Haala Diinagdee Aanichaa

### A.Hoomisha Qonnaa

Hawaasni aanaa Jiddaagosamidhaanii kanneen akka: Garbuu, Xaafii, Baaqilaa, Missira, Qamadiifi Shaalloo oomishee jiruu isaa gaggeessaa jira. Aanaan Jiddaa galiin qonnarraa woggaatti argattu, Garbuu kuntaala 46,010, Xaafii kuntaala 31,308 Baaqelaafi Atara kuntaalan 21,601 Missira kuntaala5,584 Qamadii kuntaala 97,895 Aajjaa kuntaala 6,703 Talbaa kuntaala 5,027fi Shaalloo

kuntaala 15,724 ta'a. Dabalataanis,daldalli horii maalaa, Fardaa,hoolaafi Lukkuu lafee dugdaa galii uummata aanichaati.

Hawaasni aanaa Jiddaa gabayaa gurguddaa aanicha keessa jiru, Kamisa magaala Sixii, Sanbata duraa Kolfee, Wiixata Dagaa Goraa dhaabbatutti qabeenya geeffatee gurguruun galiin isaan argatan, giddu galaan daldalaan tokko torbaniin 60,000-100,000 Qr ta'a.Baay'inni horii gabayaa tokkotti dhiyaatanii giddu galaan Horiin maalaa 300-400, Hoolaan 450-500,Fardi 200-250,Lukkuun 100-150 ta'u.Maddi Waajjira daldalaafi gabayaa aanaa Jiddaati. Akka Abarraa Jiruu jedhetti hawaasni aanaa Jiddaa diinagdeedhaan akka of dandaa'aniifi dargaggoonni qonnaan akka ofjijjiiraniif, durii qabee (Artisti Wasanuu Diidootii jalqabeeAfoola adda addaa fayyadamee hojiif wal honnachiisa jedhu

Artisti Wasanuu Diidoo akkas jechuun sirbaanjajjabeessaa ture jedhama.

Lafa qotii haramadhuu ilmakoo

Buddeenni noorii fidee

Hiyyumakee hin ilaalinii,kormakoo

Murtee rabbi hin beekanii xaarradhuu…jedheeyoo jabaatanii hojjetan duroomuun hin oolu jechuudhan, nama hojiif kakaasaa ture.Afoolli kun Harra namoonni baay'een akka ofjijjiiran taasiseera jedhama.

**B.Horsiisa Beelladaatii fi Lukkuu**

Aanaan Jiddaa Godina Shawaa Kaabaa keessaa qabeenya beelladootaatiin sadarkaa duraa irratti kan argamtuudha. Horsiisa horii gaafaa, horsiisa Hoolaa, horsiisa kotte duudaa fi horsiisa lukkuutiin,baay'ee beekamtuudha. Baay'ina Horii gaafaa:Qotiyyoota 45,444, Saawwan 64,276, Jibicha 26,060, Raada 26,752,Waatilee (Jabbilee) 8,924 yoo taa'an, Baay'inni Beelladoota xixiqqoo:Hoolaan 363,406, Re'een 3,538 yoo taa'an, Lukkuun 106,029 ta'a. Akkasumas,Baay'ina Kotte duudaa: baay'inni Fardaa 21,495,baay'inni Gaangee 4,047 fi baay'inni harree 20,613 ta'u. Kana keessaa akka ragaan Bara 2014 ibsutti, Baay'ini Farda walii gala aanicha keessatti argaman 21,495 yoo taa'an.Kana keessaa, Sangaan Fardaa 10050, Fardi Collee 5000, Ganyaan Fardaa 4600, Ilmoon Fardaa 4,600, ta'u.Akka ragaan waajjira Qonnaafi Qabeenya uummamaa aanichaatti namni tokko giddu galaan Farda 1- 6 qaba jedhama. Sirbituun yoo sirbu

Yaa Jidda yaa jiddaa yaa kaloo jabbilee

Koottun araaramnaa nulachuu gaabbinee…jedha. Jidda lafa margaa fi horsiisa horiitiif, mijataa ta’uu isaa sirba kanaan ragaan baa’ameefira.Akkasumas,ergaan Afoola kanaa Jidda silaa Marga qabaa koottaa akka duritti Farda horsiisutti yaadeebinuu kan jedhus,nidabarsa.

Artisti Wasanuu Diidoo Sangaa oofaa jennaan oofnee bane shaggariinii

Kaan shaniin bitataa kuun shantamaan bita gariinii
Abbaanis, yoo du’ee ilmatu jiraa hinbadu maqaanii
Yaa dhukaasaa qawwee, taa’an tola ‘Labaniinii’
Labaniin ni iyyaa maarree yoo du’e jabaan gaafa biyyaa

jechuudhaan hoomisha gaarii isaan qaban Finfinneetti gurguraa akka turan dhaama.

Ergaan Afoola kanaa inni biraa,Sangaa horii, Sangaa Fardaa,Midhaan akka Garbuu haga jedhaniin finfinneetti irraa bitachaa akka turaniifi dhaloonni fuduratti kana akka hiyyatanii didan sirbaan dhaameefi ture jedhama

## 1.2.3.Bu’uuraalee Misoomaa Aanichaa

Bu’uraalee misoomaa aanaa Jiddaa keessaa kan uummataaf bu’uura taa’an yoolaalle bishaan dhugaatii akka aanatti kuusaa Bishaanii tokko (1) qofatu jira.Pirojektiiwwaan kan akka Riqichaa,daandin keessa keessaa osoo hin xumuramin jiru.Gamadiin ibsaa sadarkaa gadaanaa waan ta’eef tajaajilli ibsaa yeroo baay’ee ni ciccita.Tajaajila Neetorkiiilaalchisee aanaa keessatti bakka hundatti haala walfakkaatan niitorkiin hin hojjatu.Yeroo huna nibada. Buufata fayyaaakka aanaatti lamatu (2$^{tu}$ jira, keellaan fayyaa lama (2), kiliinkin loonii aanaa keessa tokko(1)jira.Kiliinikni nama dhuunfaa saditu (3) jiru.Manneen Barnootaa sadarkaa lammaffaa (2$^{ffaa)}$ lamatu(2)fiManneen Barnoota Sadarkaa 1$^{ffaa}$1-8 digdamii sagal (29)qofatu jira.Kana malees, mana Barumsa oolmaa Daa’immanii tokko (1) kan dhuunfaa tokko(1) dabalataniis Wiirtuu Leenjii Ogummaa tokko(1) kan qabdu ta’uu ragaan Waajjira Barnootaa aanaa Jiddaa irraa arganne ni ibsa.Daandii Cirrachaa kan bonaafi gannaa magaalaa Sirxiitii ka’ee Magaalaa Xurrii fi karaa Xaafoo Finfinnee kan deemu aanaa kanaaf tajaajila muraasa kennaa jira.Kanauummanni aanichaa komii godhee kaasa.Akkasumas, daandiin Cirrachaa magaalaa Sirxiirraa ka’anii gandoota baadiyyaa wajjiin walqunnamsiisaan qulqullinni isaanii gadi bu’aa ta’ee tajaajila kennaa jiru.

## 1.2.4.Aadaa Uummata Aanichaa

Uummata Oromoo Salaalee keessaa uummanni aanaa Jiddaa uummata dhiibbaa amantaa alagaa dandamachuun raacitii aadaa qabatee ture keessaa isa tokkodha.Aadaan uummata Jiddaa biratti osoo hin dagatamiin ture keessaa muraasni,aadaa nyaataaf dhugaatii, aadaa uffataa, aadaa fuudhaaf

heerumaafi kkf,dhalootaa dhalootatti dabarsanii itti fayyadamaa turaniiru. Itti fayyadamaas, jiru.Aadaawwan  kanas,tokko tokkoon yoolaallu:

**Aadaa Nyaataafi Dhugaatii**.Aadaa nyaataafi dhugaatii aanaa Jiddaa keessatti Gosoonni dhiyaatan:Caccabsaa, Marqaa,Qincee, Daabboo, Buddeena,Foon, Akaayyii,Urgoo (Ayibii) fi kkf yoota'u.Aadaa dhugaatii ilaalchisee kanqopha'uu Farsoo,Daadhii fi kkf dha.



Fakkii: $2^{ffaa}$Nyaataafi dhugaatii aadaa aanaa Jiddaa argisiisu

**Uffata Aadaa fi Hojii.**Akkafakkeenyaatti uffanni aadaa aanichaa Bullukkoo(dirriba),Wandaboo, Sabbata,Gaabii, Marxoo mataafi kkf faadha.Aadaa hojii ilaalchisee isaanbeekamoon:Horii horsiisuu, Qonna, Daldala, Fardaafi Hoolaa horsiisuu fi kkf faadha.

**Aadaa Fuudhaafi Heerumaa.**Aadaan Fuudhaafi heerumaa aanaa Jiddaa keessatti karaalee garagaratiin raawwatama.Uummata Oromoo Salaalee keessaa uummanni aanaa Jiddaa uummata dhiibbaa amantaa alagaa dandamachuun raacitii aadaa qabatee ture keessaa isa ta'ee, Aadaan uummata jiddaa biratti osoo hin dagatamiin ture keessaa tokko aadaa fuudhaafi heerumaati. Sirni fuudhaafi heerumaa kunis, adeemsa adda addaa keessa kan darbuufi gosoota adda addaatti kan qoodamudha.Gosoonni fuudhaafi heerumaa hawaasa kana biratti beekaman:Kadhatanii (Kaadhimmatanii) fuudhuu, Buttaa, Aseennaa, Itti Cabsaa (Irra dhaaba),Waliin galuu (Ababbaltii) fikkfniidha.Sirnoota fuudhaafi heerumaa jiran kanniin uummanni aanaa kanaa durirraa kaasanii kan dhimma itti bahaa turanidha. Gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa bal'inaan kan hojiirra oolaa ture kadhatanii fuudhuu yoo ta'u, yeroo ammaa kana garuuwaliin galuun (Ababbaltiin) babal'ataa dhufuu maanguddoonni ni dubbatu.

## 1.2.5.Amantaa Hawaasa Aanichaa

Aanaan Jiddaa uummata amantaalee garaa garaa hordofan kan qabdudha.Haaluma kanaan jiraattota Aanaa kanaa keessaa harki caalaan hordoftoota amantaa hortodoksii yoo ta'an hordoftoonni amantaa Islaamaa, Piroteestaantiifi Waaqeffannaas ni argamu. Kana keessaa hordoftoonni amantaa Ortodoksii 90%, hordoftoonni amantii Waaqeffannaa 1% hordoftoonni amantaa Musliimaa 2% fi hordoftoonni amantii piroteestaantii 7% ta'u.Aanaan Jiddaa akkuma hawaasa amantaa garaa garaa qaban of keessaa qabdu,Sabaafi sablammoota aanicha keessa jiraatan keessaa 89% saba Oromoo yoo ta'an 11% immoo Amaaraa, Guraageefi saboota birooti. Maddi WaajjiraSabquunnamtii aanichaati.

## 1.2.6.Iddoo Seena Qabeessa Aanichaa

Aanaan Jiddaa bakkeewwan seena qabeessa muraasa qabdu keessaa:Holqa Waraabessaa,Laga Alaltuu,Jila Badhaasoo Jiloo,Mooraa Fardaafi Iddoo kabaja Irreechaa kanneen jedhamaniidha.





1.Malkaa Sirxii 2.Holqa Waraabessaa 3.Malkaa Alaltuu






4.Mooraa Farda5.Ardaa Jilaa Badhaasoo Jiloo


Fakkii:3ffaaIddooseena qabeessa aanaa Jiddaa


## 1.2.7. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Jiddaa


Moggaasni maqaa aanaa Jiddaa jedhuu akka Obbo Abarraa Jiruu jedhanitti maqaa namaa irraa kan dhufeedha.Kana jechuun maqaa nama Jidda jedhurraa maqaan aanichaa moggaafame jechuudha.Dhufiinsiidda latiinsa Jiddaa Tuulamaa irraa yoota'u, Tuulamni ilmaan sadii:Daaccii, Bachoofi Jiillee qaba. Ilmaan Tuulamaa keessaa immoo hangafti Daaccii yoo ta'u, innis ilmaan sadi: Galaan Oboofi Sooddoo qaba.

Ilmaan Daaccii keessa hangafni Galaani. Galaan immoo ilmaan jaha(6) qaba: Jiddaa, Liiban, Aabbuu, Ada’aa, Jaarsoofi Gaadullaafaadha. Ilmaan Galaan keessaa immoo Jidda ilma hangafa ennaa ta’u, sababa lafa babal’ifannaatiin Galaan irraa ka’anii gara yeroo ammaa Jidda jedhamu kanatti akka babal’atan odeeffannoon WAT aanichaa irraa argame ni addeessa. Aanaa kanaan alas ilmaan Jiddaa iddoo garaa garaa kan jiraatan ta’us, irra caalaan isaanii jechuun horteen ijoollee Jiddaa shananuu aanaa Jiddaa keessa gandoota 13 fi Bulchiinsa magaalaa tokko aanicha keessa jiruutti hiramuun iddoo qorannoon kun irratti xiyyeeffate keessa jiraachaa jiru jedhama.








Egaa Caatoo armaan olii irraa kan hubannu Tuulama irraa kaasee hanga ijoollee latiinsa ilmaan shanan Jiddaatti yoo ta’u, isaanis tokko tokkoon ilaallamaniiru.


**Kuraa.**Akka ragaanlatiinsa ilmaan shanan Jiddaa ibsutti ijoollee Jiddaa keessa Kura ilma hangafa yoo ta'u, ilmaan jiddaa warra kaan Kura dura hin eebbifatan, dura laga hin ce'an, akkasumas wanta safuun hawaasaa barbaadu hunda keessatti dursa argata. Dhimma kanarratti akka maanguddoon aanichaaObbo Abarraa Jiruu jedhanitti Kura akka ijoolle Jiddaa warra kaanii baay'ina hin qaban. Kana irraa kan ka'e yeroo baay'ee yeroo eebbaaf illee waamaman baay'inaan hin argaman.Akka maanguddoonni ibsutti sababni baay'achuu dhabuu kuraa abbaan Kuraa (Jiddi) dubartoota hedduu fuudhee qaba. Guyyaa tokko dubartii ishee tokko bira deemee yoo deebi'ee dhaqu haadha Kuraa manaa dhabuun aaree "waamanii isin haa dhaban" jedhee abaaree deemuu isaafi abaarsi kun qaqqabuutu himama. Kana irraan kan ka'e ijoollee Jiddaa keessaa Kura ilma tokko qofa qaba. Innis Alaltuu jedhama jedhu.

**Keekku.**Keekku ijoolle Jiddaa keessaa ilma lammaffaa yoo ta'u, innis ijoollee afur qaba. Isaanis, Siiba, Daga, Ariyaafi Waanya'aa yoo ta'an, baay'inaan Aanaa Jiddaa keessa jiraatu. Aanaa kana keessatti ijoollee baay'ees horaniiru.





1.Burruusa 1.Goraa 1.Qalaaxee 1.Naga'oo
2.Sirxii 2.Godeettii 2.Gololcha 2.Ukkiyyoo
3.Googilee3.Birboo 3.Elellee 3.Agabaanii
4.Nasirii 4.Xaddee 4.Golbaa 4.Waarsanee
5.Ganjoo 5.Ejersa 5.Gaadullaa 6.Wiijoo
7.Gooliyyoa

**Gaaleyyii.** Gaaleyyiin ijoollee shanan Jiddaa keessaa sadaffaa yoo ta'u, akkuma Keekkuu baay'inaan aanaa Jiddaa keessa kan jiraatanidha. Ilmaan Jiddaa keessaa balbala shan kan qabudha. Isaanis: Aabbuu, Arrabsaa, Gaangoo, Burraafi Argiisaadha. Latiinsa ilmaan Jiddaa keessatti maqaan wal fakkaataan nimul'atu namoota garaagaraa ta'uun hubatamuu qaba. Fakkeenyaaf: Arrabsaan ijoolle Jiddaa jalatti ka'e irra deebiin ilmaan Gaaleyyii jalattis moggaafameera.




**Arrabsaa.**Arrabsaan ilmaan shanan Jiddaa keessaa isa afraffaa ta'ee balbala gurguddoo sadii of jalaa qaba.Aanaa Jiddaa keessatti balballi Arrabsaa lakkoofsaan baay'eedha. Balballi sadan Arrabsaa jalatti argaman:Adaaddii, Dabaliifi Waakkeedha. Akkuma kan duraa Arrabsaan ilmaan Jiddaa jalatti ka'eefi kan Arrabsaa jalatti ka'e garaa gara ta 'uun hubatamuu qaba.




**Dooyyoo.**Dooyyoon ilmaan shanan Jiddaa keessaa tokko ta'ee, innis ilma quxusuudha.Warri Dooyyoo akkuma warra kuraa baay'ina kan hin qabneefi keessumaayyuu Aanaa jiddaatiin alatti faffaca'anii kan jiraatanidha jedhama. Obbo Abarraa Jiruu fi Obbo Takkaa Naggasaa ilmaan Jiddaa keessaa balballi Dooyyoo aanaa Jiddaa keessaa ganda kam keessa buufatanii jiru jennee gaafannaan akkas, jedhu,yeroo baayyee bakka sirnaatitti akka angafaa quxusuutti wal teechisna jennee ilmaan Dooyyoo waamnee dhabna,Yeroo waa'ee ilmaan Dooyyoo yoo gaafannu abbootiin nuduraa yaada lama kaasu. Tokko Dooyyo dargaggummaadhaan Jaarso Obboleessa Jiddaa waliin gara salaalee deemee achumatti hore. Walitti deemuu dhiisuudhaan osoo wal hin barin addaan hafame jedhu.

Lammaffaan,Dooyyoo Dargaggummaadhaan,Shaffaxee baakka adda addaa deemaa ture.Waan haadha manaa seeraa hin fuuneef,bakkuma ga'etti dhalchaa waan tureef, ilmaan isaa duuba isaaniis, walis, osoo hin beekiin hafan jedhu.Gara arsii kanafaa jiru jedhu,jechuudhaan waa'ee balbala Dooyyoo nutti himaniiru.Ijoolle Jiddaa keessaa Dooyyoon balbala meeqa akka qabu qorannoofi ragaa qabatamaan lafa jiru waan hin jirreef kanumaan bira taruun dirqama ta'eera.

## 1.3. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e. Oromoo biratti Fardi beekamaadha. Bakka baayyetti ilmi erga lafa Gulummaa qotatee booda,Farda ittiin bitatee gugsiifi gombisa deema.Hamaamota deemee fuudhee fuusisa.Guyyaa hamtuu ittiin hari'ee qaqqaba,dheessee jalaa baha.Akkasumas, Oromoon kadhaa Waaqaaf, Farda luugamee Waaqa ittiin haraarfata.Fardi aadaa Oromoo wajjiin hidhata guddaa qabu kun, gaba'aa irraa yeroo bitamu malee haalli horsiisa isaa, haalli guddisaafi haalli kunuunsa isaabal'inaan hin beekamu.Oromoo Tuulamaafi Maccaa keessaa hangi tokko,akkasumas,Mormor (Abbay) gamatti,aadaa Fardaa kan qaban,WarriAgaw, Farda gaarii kan argatan,Salaale,Jiddarraa akka ta'e dubbatu. Fardi haala kanaan bal'inaan beekamu kun,dhalatee haanga guddatutti maal fakkaata kan jedhu hinbeekamu.Oromoon bal'inaan horsiisa looniif beekumsa qabaatullee,beekumsi horsiisa Fardaa garuu haanga fayyadama isaa beekamaa miti.Beekumsi kun,warra Jiddaa kan baay'ina Fardeenii qabu birattis, daanga'adha.Kanarra ka'uun mata duree Beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa aanaa Jiddaa jedhu irrattiQorannoo gaggeessuun ka'umsa qorataa kanaa ta'eera.

## 1.4.GaaffiileeBu'uuraa Qorannichaa

1.Hawaasni Oromoo aanaa Jiddaa  Farda haala kamiin guddisu?

2. Hawaasa Oromoo aanaa Jiddaa biratti sadarkaa Fardi keessa darbu akkamittiin beekkama?

3. Dhibeewwan guddinaa fi hormaata Fardaa irratti miidhaa geessisan maal faadha?

4. Fardi  hawaasa Oromoo Jiddaa biratti safuu akkamii qaba?

5. Farda qabaachuun hawaasummaa waliin walitti dhufeenya maalii qaba?

6. Farda qabaachuun Oromoo aanaa Jiddaa biratti haala kamiin beekkama?

## 1.5.Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo Gooroofi kaayyoo Gooree ofjalaa qaba.

### 1.5.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qarannoo kanaa,beekumsa ganamaaOromoon aanaa Jiddaa  fayyadama Farda ittiin guddisu qaaccessuudha.

### 1.5.2.Kaayyoo Gooree

* Beekkumsa Oromoon aanaa JiddaaFarda ittiin guddisan  ifa baasuu.

*Oromoo aanaa Jiddaa biratti sadarkaa Fardi tokko keessa darbu haala itti beekkamu tarreessuu.

* Dhibeewwan guddinaa fi hormaata Fardaa irratti miidhaa geessisan maalfaa akka ta'an tarreessuu.

* Fardi Oromoo Jiddaa biratti safuu akkamii akka qabu calaqqisiisuu.

* Farda qabaachuu  fi hawaasummaan walitti dhufeenya maalii akka qaban ifa baasuu.

* Farda qabaachuun Oromoo aanaa Jiddaa biratti haala kamiin akka beekkamu ibsuu

## 1.6.Barbaachisummaa Qorannichaa

1.Yuunfarsiitiin dhimma kanarratti hojjechaa jiru odeeffannoo irraa argachuu nidanda'a.

2.Waajjiirri Aadaa fi Turizimii aanaa Jiddaa akka madda ragaatti ittii gargaaramuu nidanda'a.

3.Namoonni dhimma mataduree kanaa fi kanaan walfakkaaturratti kitaaba barreessuu  barbaadan akka ka'umsaatti itti fayyadamuu danda'u.

4.Dhaloonni haaraan waa'ee Fardaa akka irraa baratuuf gargaaruu ni dandaa'a.

5.Namoota kallattii kanaan qorannoo gaggeesuu barbaadaniif ka'umsa ta'uufii danda'a.

6.Qabiyyee Sirna barnootaa keessasyoo galfame,dhaloota fayyaduu nidanda'a.

## 1.7.Daangaa Qorqnnichaa

Qorannoon tokkodaangaa qaba.Daangaan kunis, daangaa madda ragaa hawaasa irraa fudhatameefi dhimma qoratamuun daangeeffama.Qorannoon kun kan adeemsifamu naannoo Oromiyaa,Godina Shawaa Kaabaa, aanaa Jiddaa keessatti mataduree Farda Jiddaa:"Qaaccessa beekkumsa ganamaa kan horsiisaa fi guddina Farda Oromoo Shawaa kaabaa aanaa Jiddaa,"jedhurratti daangeffamee kan geggeeffameedha.

## 1.8.Hanqina  Qorannichaa

Adeemsa qorannoon kun gageeffame keessatti wantoonni gufuu ta'an ni jiru. Isaanis: Dhukkubni koroonaa bara barnootaa najalaa dheeressuu, Fileeshii fi Moobaa'iliin Qorannoofi ragaakoo baatu najalaa baduu, Kitaabilee wabii Afaan Oromootiin waa'ee horsiisaa fi guddisa Fardaa irratti qophaa'an gahaan dhabamuuyoo ta'u, kana furuuf kitaabileefiIntarneeta Afaan Ingiliziiitiin waa'ee Fardaa  ilaalchisee qophaa'e fayyadamuun fala kennuun yaalamee jira. Namoota odeeffannoof barbaadaman keessaa kanneen hubannoo gahaa qaban adda baaffachuuf yeroo fudhateera. Kanneen odeeffannoo gahaa kennuu danda'u jedhaman keessaa kan hinargamnes turaniiru.Kanas, namoota fakkaata isaanii ta'an bakka buusuun ragaan fudhatameera.Sababa rakkoo nageenyaa aanicha keessa yeroo ragaan funaanamu tureen haala barbaadameefi yeroo barbaadametti odeeffannoo kennitoota argachuun rakkisaa tureera. Haa ta'u malee, yeroo tasgabbiin jiru eeggachuun ragaanbarbaaddame walitti qabameera.Adeemsa mala qorannoo irratti rakkina jiruuf,tajaajila gorsaa, (advisor) isaa irraa deeggarsa walirraa hincinne yeroo yeroon fudhachuufi kitaabolee mala qorannoof gargaaran dubbisuudhaan qorannicha adeemsiseera.

## 1.9.Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun Boqonnaa Shan kan ofjalatti qabatu yoo ya’u.Boqonnaa tokkoffaa keessatti kan ammataman seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa, hanqinaa fi qindaa’ina qorannichaa kan of keessatti qabatu akka ta’u godhameera. Boqonnaa Lammaffaan:Yaadrimee Qorannich, Lore (Beekumsa Waloo), Beekumsa Oromoon Sanyii filachuu irratti qabu.Yaaxxina Faayidaa, Yaaxxina Xiinsammuu, Maalummaa Fardaa, Seenaa dhuftee Fardaa,Faayidaa Fardaa,Walitti dhufeenya namaafi Fardaa,itti fayyadama Fardaa,seenaa FardaafiQorannoowwanwalfakkii akka qabatu taasifameera.Boqonnaa Sadaffaan jalatti: Mala qorannichaa, Saxaxa qorannichaa, Madda ragaalee, Irraawwatamaa Qorannichaa, Mala iddateessuu, Seenduubee Iddattoo, yoomessa qorannichaa, Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaannaman,Qaaccessa Ragaa,Qindeeffama qorannichafi naamusa qorannichaa kan jedhu qabachiisuun qorannichi akka galma ga’u taasifameera.

Boqonnaan Afur: Qaaccessaafi hiika ragaa,haala waliigalaa qorannichaa,Beekumsa horsiisa Fardaa aanaa Jiddaa,ulaagaa beekumsa horsiisa Fardaa aanaa Jiddaa, Beekumsa guddisa Fardaa, ulaagaa guddisa Fardaa aanaa Jiddaa, Adeemsa leenjii Fardaa aanaa Jiddaa, Barbaachisummaa Fardaa, Farda qabaachuun hawaasummaa keessatti ga’ee qabu,Dhuftee Farda Jddaa,Sadarkaa Farda Jiddaa,Beekumsa kunuunsa Fardaa Jiddaa, Dhukkuba Fardaa aanaa Jiddaa, Qorichoota Farda dhukkubsatanii, aadaa itti fayyadama Fardaa,kabaja Fardi akka Jiddaatti qabu,Milkii Fardi akka Jiddaatti qabu,Moggaasa maqaa Fardaafi Faaya Fardaa kan jedhu hammachiisuun qaaccessi qorannichaa akka milkaa’u taasifameera.Boqonnaan Shan:Cuunfaa, Guduunfaafi Yaboo kan jedhu jalatti haalli qorannoon keessa darbe kaawwameera. Guduunfaa jalatti xiinxala boqonnaa afuriitiin mul’ateen hanqinni mul’ate kaa’ameera. Dhumarratti yaanni furmaataa (yaboon) qorqnnoo kanaan bira gahame ibsameera.

## BOQONNAA LAMA:YAADRIMEE QORANNICHAAA

Boqonnaa kana keessatti Beekumsa Guddisaafi Horsiisa Fardaa Qaachessuuf ragaaleen nigargaaru jedhamanii fudhataman kutaa saditti qoodamuun dhiyaatanii jiru.Isaanis:YaadarimeeQorannichaa, Lore (Beekumsa Ganamaa),Beekumsa Sanyii filachuu,Maalummaa Fardaa fi sakatta'a qorannoo walfakkiiti.Boqonnaan kun iddoo barruuleefi qorannoowwan adda addaa qorannoo kana waliin walitti hidhatinsa qaban itti sakatta'amanidha.

### 2.1.Lore (Beekumsa Ganamaa)

**'**Lore'n(Beekumsi Waloo)qabeenya garee hawaasaa,jireenya hawaasaa, beekkumsaafi muuxannoo hawaasati.Gareen kunis, aadaa,amantaa,barsiifata,ogummaa,biyyummaa,hiriyummaa, ta'ee kan gochaan ibsamuu dandaa'aniidha.Fekede (1998:f10) yeroo ibsu, hawaasa keessatti seenaa, duudhaa, falaasama, ogummaa saba tokkoo hubachuufi ajaa'ibsiiffachuuf Fookiloorii sabichaa qorachuun kan nama hin shakkisiifne ta'uu ibsee jira. Haaluma kanaan sabni Oromoo haala jireenya isaa, duudhaa, aadaa, safuufi ogummaa isaa kan ittiin ibsatuufi dhaloota itti aanuuf kan dabarsu Fookloorii mataa isaa akka qabu ni beekama.

Fookilooriin sabaOromoo kunis, kallattii adda addaatiin tajaajila kenna.Isaan keessaa tokko loorii (beekumsa hawaasaa) fayyadamee aadaa, amantaa, barsiifata,ogummaa, biyyummaa, Qabeenyummaafi hiriyummaa, isaa ittiin barsiifata. Kana gochuun immoo beekumsa,Safuu,hojii,qabeenyaafi kabaja sabni kun uummama waliin qabutti fayyadameedhaloota isaa barsiisa. Haaluma kanaan hawaasni Oromoo aanaa JiddaaFooklorii isaatitti fayyadamee Farda isaaBeekumsa akkamiitin horsiisa, guddisa, kunuunsa, itti fayyadama, dhaloota itti aanuuf dabarsa kanjedhuufikkf xiinxalameera.Akkasumas, hawaasni aanaa Jiddaa Farda horsiisee faayidaaf oolfachuu isaa, guddisee itti fayyadamuuf, yeroo bu'aa qabaatu gurguree diinagdee isaa ittiin cimsachuu fi Farda maalmaaliif akka itti fayydamu, haala kamiin akka kunuunsu fi guddisu qaacceffameera.

### 2.2.Beekumsa Oromoon Sanyii Filachuurratti Qabu

Oromoon Waa hunda eebbaan jalqaba.Eebbisee filata,eebbisee hojjeta,eebbisee fuusisee gurgura,eebbisee kan wal lole haraarsa.Wanta hojjetu hunda filatee hojjeta.Oromoon eebba isaa keessatti, Sanyi Sadeeniin nu eebbisi jedha.Namni angafaa namaan nu eebbisi! Midhaan sanyiidhaa sanyiin nu eebbisi! Horiin Qabeenyaa qabeenyaan nu eebbisi jedhee sanyii jajjabaa kana sadaniin qabee eebbisee Sanyii filachuuf, akka dura kennu mullisa,Dabalataanis,Oromoon Sanyii waan hundaa laalee beeka.

Kanas,Sanyi Sadeeniin qoodee ilaala.Sanyi sadeen kunis, (1) Sanyii namaa, (2) Sanyii midhaanii fi (3)Sanyii horiiti. Gosoota sanyii kana sadan jalatti gosoota isaan fakkaatu galchee qoratee filata jedhu.(Waajjira Gadaa Tuulamaa Jildii 1ffaa Lakka.1 /2014) irraa argame.

**1.Sanyii namaa.**Oromoon ilma fuusifachuuf,intala gurguree jijaan ga'uuf,sanyii qoratee itti adeema.Kanas,warra eenyuti? Balbala meeqaffaadha? Jedhee lakkaa'ee qomoo dhala isaaf ta'u erga adda baasee ilma isaa fuusisa,intala isaas eerumsiisa jedhu.

**2.Sanyii midhaanii.**Oromoon durii jalqabee kan walitti dabarse,Sanyii midhaan facaasuufilachuu beeka.Gosa mukaa dhaabu beeka.Muka mana ittiin ijaaru beeka.muka ija naqatu beeka.kunis, meeshaa ammayyaa adda baasu qabaatee osoo hin taane ijaan ilaaleti.Harkaan qaqqabeeti.Sanyiin kun makaa qaba,Ulfaatina hin qabu,Qilleensi dhaheera,kuni yoo facaasan hin hin biqilu,yoo biqile ija hin naqatu jedheet adda baasa jedhu. Sanyiin midhaan ta'u, kan qorri hin dhoofneedha,kan ulfaatina qabuudha…jechuun haala ittiin Oromoon sanyii midhaanii filatu beekuu isaanii himu.

**3.Sanyii horii.** Oromoon horii horu, haalan aannan kennu, kan foon coomu, kan qotu, akkasumas,Hoolaas, Re'ees, kotte duudaas, kanneen armaan gadii kana ilaalee sanyii horii filata jedhu.Sa'a horuufi aannan kennitu mucha laalee beeka.Re'ee hortu eegeefi gurra ishee ilaalee beeka.Horii sanyii gaarii taate handhuuraa fi maala ilaalee beeka.Hoolaa Qeensaa fi duba ishee ilaalanii sanyii gaarii ta'uu ishee beeku jedhu.Akkasumas, Farda harra Oromoo biratti beekamuufi jaalatamu kana horsiisuufi bitee itti fayyadamuu dura Fardichi Farda sanyii cimaa ta'uu isaa qoratee bita.Farda sanyii gaarii ta'e karaa adda addaa beeku.Kanas,mudhii isaa ilaalanii.qallina miilaa ilaalanii,mormaafi gabaabbina gurraa ilaalanii Farda sanyii gaarii fi yaraa adda baasu jedha.

Farda Sanynii gaarii ta'e,mudhiin ni qallata, garaa hin guddatu.kotteen arfanuu kofaa hanga qeensatti ni qaqallata.Mormi dheeratee ol qajeela.Gurri ni gaggabaabbata. Fardi ulaagaa kana guutu Farda Sanyii gaarii ta'eedha jedhu. Oromoon Farda beekumsa isaatin Sanyii isaa filatee dhimma itti ba'aa jiru kana, hagam horsiisee, adeemsa keessa darbuu qabu keessa dabarsee guddisee faayidaakanneen akka diinagdee,hawaasummaafi aadaa keessatti dhimma itti baa'aa jira?Hojii qorataa kanaatiifi hunda keenyati.

## 2.3.Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)

Akka Yaaxina kanaattii fooklooriin bu'aan inni hawaasaaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha.Yaaxina kana kan bu`uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom (1965) jedhamuudha. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo ijaarsa kalaqaati.

Uummata tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka hojiirra ooluuf gargaaruufaadha.Yaaxinni kun gooroowwan fookiloorii biroon hojiirra ooluu ni danda`a. Akka yaaxina kanaatti fooklooriin hawaasa barsiisuuf, yaada isaa cimsuuf, rakkoo quunname jalaa miliksuuf akka gargaaruu nutti agarsiisa.Kanas, tokko tokkoon ilaalla.

### 2.3.1 Barsiisuu

Amaloota gadhee ta'an hawaasa keessaa baasuufi kenneen itti fufsiifamuu qaban hawaasa keessatti itti fufsiisuuf, Fooklooriitti fayyadamanii barsisuun meeshaa filannoo hin qabne dha. "Folklore is an educational tools for the transmission of cultural tradtions, values, & histories from generation to next" (Bonney 1985:f285). Akka yaada barreeffama kanaatti fooklooriin meeshaa barnootaa hawaasni duudhaa, aadaa fi seenaasaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsu murteessa jedha.

### 2.3.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Cimsuu

Dhimma kanaan walqabsiisee Bascome (1954:344) yommuu ibsu "folklore is that which is play in validating culture, in justifying its ritual and institution to those who perform & observes to strengthen & reinforce cultural tradition,"jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamuu danda'u fooklooriin aadaa hawasaa cimsuuf, amantaasaa mul'isuuf barsiifata hawaasichaa jajjabeessuuf, seeraafi heera hawaasaa eegsiisuun duudhaafi aadaan hawaasichaa umurii dheeraa akka qabaatu taasisuu keessatti ga'ee bakka hin bu'amne qaba.Kanaaf, hawaasni aanaa Jiddaa aadaan inni Farda horsiisuu, Farda kunuunsuu, Farda guddisuufi Fardasaa kabajuuf qabu, akkasumas, milkii Fardi qabu, kabaja namni Farda qabu hawaasa keessatti argatufi qabeenya waloo (lore) isaa cimsachuun umurii dheeraa akka qabaatu hawaasa taasiseedha.

## 2.4.Yaaxina Xiinsammuu (Psychoanalytical Theory)

Yaaxinni kun yaada hayyuu xiinsammuu Sigmund Freudnii akka ta'e, kan nama yaadachiisu ta'uu isaa Dorson (1972) ibseera. Akka yaada yaaxina kanaattis, qorannoon Fookloorii xiinsammuu hawaasa itti fayyadamu bu`uura godhachuu akka qabu ibsa.Kunis hawaasni ooltee bultee isaa keessatti waan amaleeffate, dubbii tokko wanta irraa ka`ee jedhu, sababii jedhuufi kaayyoo jedhuuf qabaachuu isaati.

Haalli itti fayyadama hawaasichaa ergaa sirrii kan dabarsu ta'ee hawaasni marti akkaataa hubachuu danda'uun ilaala. Kanaafuu, haalli itti fayyadam Fookloorii, hawaasa tokko keessatti argamu xinsammuu itti fayyadamaa hawaasa sanaa bu`uura godhata. Kun immoo, hawwasa hunda biratti Fookloorii hundi tajaajila tokkoof ykn hiika walfakkaatu kennuuf akka hinoolle agarsiisa. Kanaaf, qorataan Fookloorii tokkoo xiinsammuu itti fayyadamtoota Fookloorii sanaa giddu galeeffachuun

qurannoo geggeessuu qaba.Kanaaf,qorataan kun Fookloorii akkamittiifi maaliif akka itti fayyadaman, akkasumas,Fookloorii isa kamtu beekumsa waloo (lore) isaanii ibsaaf, beekumsi isaan Fookloorii garaa garaaf itti gargaaraman maal fakkaata jechuun Fookloorii itti fayyadamaan sana bu`uura godhateebeekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa aanaa Jiddaaqaaccesseera.

## 2.5. Fardaa

Fardi kana jedhanii ibsuun yoo ulfaateyyuu beektonni waa'ee Fardaa qoratan Waa'ee Fardaa wanta tokko kokko kaasu.Isaan keessaa muraasni barreeffama (Horse/Meaning and Siginificance/Spirit Animals Oracle Deck)jedhu Intarneeta https://www.aboutmybriain.com jedhu irraa akkuma jirutti fudhatame tokko akkas jechuun Fardaa ibsa.

*Horses are remarkable animals known for their diverse and exceptionalqualities. Among their most notable attributes is their strength,as theypossess powerful muscales and sturdy frames that allow them to carry heavy loads and participate in various tasks,such as agriculture, transportation and sports.Coupled with their agility and speed,horses have earned a reputationas skilled runners and jumpers, making them popular companions in equestrian events and racing. Their keep intelligence and ability to formstrong bonds with humans have made them valuablpartners in various activites, from ranch work and therapy to leisure riding and competitive pursuits.Horses also exhibit remarkabli social behaviours, formingclose relationships within their herds and displaying loyalty and cooperation with one another… jedha.*

Akka yaada kanaatti Fardoonni bineensota dinqisiisoo amala adda addaa qabaachuun beekkamaniidha.Meeshaalee humana guddaa qabaniif fee'umsa ulfaataa baachuu fi hojiiwwan adda addaa kan akka qonnaa, geejjibafi Ispoortii hojjechuun kan beekkamaniidha. Akkasumas,Fardeen Sochiifi Saffisa isaanii wajjin walqabatee fiigdotaa fi utaaltota ogummaa qaban warra taa'aniidha.Sammuu cimaa fi dandeettiin isaanii namoota wajjiin walitti dhufeenya cimaa uumuu warra dandaa'aniidha.Hojii qonnaa,yaabbachuu fi dorgommii hirmaachuu keessatti xiyyeeffannoo kan argataniidha jedha.

Kanamalees,tuuta isaanii keessatti amanamummaafi tumsa walii taasisuudhan kan beekkamaniidha.Kana jechuun, Fardi Bineensa amanamaa namatti madaqee waan hunda beekuu fi hojii cimaa hojjechuun kan nama tajaajilu ta'uu isaa fi Bineessota sammuun isaanii baayyee cimaa fi waan hunda yaaduuf hojjechuu dandaa'an ta'uu isaaniitiinkan beekkaman ta'uuibseera.

### 2.5.1.Seenaa Dhuftee Fardaa

Fardi yeroo ammaa Addunyaa kana irratti jaalatamee ilma namaatif, tajaajila ajaa'ibaa kennaa jiru kun,osoo namatti madaqee tajaajia guddaa kana namaaf kennuu hin jalqabin dura Seenaa dhuftee isaa irratti Hayyoonnii maal akka jedhan kaasuun barbaachisaadha.Waa'ee dhuftee Fardaa irratti Hayyoonni biyya adda addaa yaada adda addaa kaasanii jiru. Dhaabbanni Nebraska Public Media jedhamu toora Miidiyaa isaa https://nebraskapublicmedia. org NET (1954-1970) jedhu irratti, *"The very first horses evolved on the North American Grass lands over 55 million years ago Then,they deserted North America and migrated across the bering land bridge In towhat is now Siberia.From there, they spread west across Asia in to Europe and South to the middle East and Northern Africa." jedhee ibsa.*

Kana jechuun Fardeen jalqaba Woggoota Miliyaana 55 oliif,marga Ameerikaa kaabaa irratti kan uummamaniidha. Achii'is, Ameerikaa kaabaa dhiisanii riqicha lafaa Bering jedhamu qaxxaamuruun gara bakka yeroo ammaa Saayibeeriyaa jedhamuutti godaanan.Achi irraa gara dhiha Eeshiyaatti, gara Awurooppaatti, gara kibbaatti immoo Baha giddu galeessaafi Kaaba Afrikaatti baballatan jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti Fardi Jalqaba Ameerikaa kaabaa keessatti argamee sana booda Fardichi ofuma isaatii gara biyyoota adda addaatti akka godaanee biyyoota biraatticee'e ibsa. Yaada kana kan cimsu Ogeettii Pleantologist kantaate Kathleen Hunt Marsariitii ishee Talk Origins Archive jedhu (1995) irratti O.C.Marsh (1868) wabeeffachuun yoo ibsitu,"In the 1870's, the paleontologist O.C.Marsh Published a descciption of newly discovered horse fossils from North America jechuun ibsiteetti.Kana jechuun Bara 1870moota keessa ogeessi Paleontollojist O.C.Maarsh ibsa foosilii Farda haaraa Ameerikaa kaabaa irraa argamuu maxxanseera jechuudha.Qorannoo addaa yoo barbaades,akka Hayyooni baay'een argaa dhageettii isaanii ibsanitti Fardi yeroo ammaa Addunyaa mara irratti beekkame kun,

Woggaa miliyoona 55 dura ka'umsi isaa Ameerikaa kaabaa akka ta'e ibsu.Dabalataanis,Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti,Dameen nyaataa fi qonnaa (FAO) Qorannoo (2012) gaggeessen,Fardi namatti kan madaqfame (kan namatti dhufe) Dh.K.D Woggaa 6000n dura.Fardi kunis,kan yeroo ammaa Yuukireeniifi lixa Kazakistaan jedhamuun beekamtu keessatti argaman jedha.

### 1.5.2.Walitti Dhufeenya Namaafi Fardaa

Erga namni Bineensota bosonaa keessaa Woggaa 6000 dura Farda qabee manatt leenjisee itti fayyadamuu jalqabee kaasee Fardii fi namni seenaa hagana hin jedhamne akka waliin qaban Hayyoonni ni kaasu. Nigel Tallis (2012 ) Exhibit Curaton,The horse: From Arabia to Royan Ascant jedhu dheyeesse irratti seenaa walitti dhufeenya Fardaafi namaa akkas jechuutin ibsa. ‘’Before the development of the locomive in the early  1800s, the only way to travel on land faster than human pase was by horse. Since travel is one of the defining, so the history of the horse is the history of civilization  itself”  jedha. Akka yaada kanaatti jalqaba Bara 1800 moota keessa lokomaativiin danfaa osoo hin hojjetamin karaa deemuuf saffisa namaa irra saffisa Fardaatu caale waan ta’eef,namni imala deemuuf Fardaan fayyadamaa ture jedha.

Kun Seenaa Fardi namaa wajjinqabu mullisa.kanatu walitti dhufeenya Fardaa fi namaati.Anna Stanek (2021) Yaaduma kana yoo cimsitu,”For thousands of years, man and horse have shared a spaciol bond.Humans have hand many uses of horses throughout history, transportation, was companionship, work and sport” jetti. Akka yaada kanaatti, Woggoota kumaatamaan lakkaawwamaniif namniifi Fardi walitti dhufeenya addaa qabu. Ilmaan namaa seenaa keessatti Fardeen geejjibaaf, Waraanatti ittiin duuluuf, akka hiriyaatti waliin bashannanuuf, ittiin hojjechuufi Ispoortiif faayidaa qaba jechuudha…

### 2.5.3.Itti fayyadama Fardaa

Addunyaa kana irratti dhalli namaa kan itti fayyadamu argachuuf,ifaajeen inni taasisaa tureefi taasisaa jiru baay’ee olaanadha. Kanas, durii jalqabee yoo ta’u, Beelladoota yeroo ammaa mana keessatti itti fayyadaa jiru kanneen akka Kotte duudaa, horii gaafaafi bineensota biroo ofitti madaqsee itti fayyadamaa ture ittis fayyadamaa jira.Yeroo itti fayyadamus, tokkoon tokkoon isaaniitiif haala ittiin fayyadamuufi bakka itti fayyadamu qaba. Isaan keessaa dhalli namaa akkuma aadaa isaatti DH.K.D Woggaa 6000 duraa jalqabee Fardattis fayyadamaa akka ture seenan ni kaa’a.

Yeroo ammaa kanas,sanyiin Fardaa 350 ta’eera kan jedhan kanarraa kaa’aniiti.Dhaabbanni National Geographic jedhamu NatGeo.com irratti  (1996) akka ibseerutti.

Biyyoonni akka: Ameerikaa, Asoor. Chaa’inaa, Arabootaa, Giriikotaa, Roomaa, Afrikaanonniifi ardiin biroo Farda lolaaf, Geejjibaaf, Ispoortiif, Qonnaafi miidhaginaaf itti fayyadamaa turaniiru jechuun ibsa.

## 2.6.Biyyoota Farda Baayyeetti Fayyadaman

Biyyoonni Fardatti fayyadamaa jiran faayidaa Fardaa beekuu isaanii irraa kan ka'e yeroo ammaa kana Farda horsiisuun sadarkaa adda addaa irratti argamu.Sadarkaan isaaniis, Biyyoonni Ameerikaa tokkoffaa, Meeksikoon lammaffaa, Biraazil sadaffaa, Mongoliyaan arfaffaa, Chaayinaan shanaffaa, Kaazaakistaan jaa'affaa, Arjeentiinaan torbaffaa, Itoophiyaan saddeettaffaa, Kolombiyaan Saglaffaa, Chaad kurnaffaa fi Raashiyaan kudha tokkoffaa ta'uun Fardoota baay'ee horsiisanii itti fayyadamaa jiraachuun isaanii Fardi addunyaarratti faayidaa olaanaa qabaachuu isaa agarsiisa. Qorataanis, biyyoota Farda baay'inaan horsiisuun itti fayyadamaa jiran kana gabatee gadii kana keessatti haala Farda baay'ina isaan qabaniin,teechiseera. Addunyaarraa biyyoota Farda baayyee qabachuun beekkaman keessaa sadakaa tokkoo hanga kudha tokkoo (01-11) tarreessineerra.

| T/L | Maqaa Biyyaa | Baay'ina | Bara Lakkaawwame | Madda | Bara Ifoomse |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ameerikaa | 10,667,035 | 2021 | Food and Agriculture Organization of UN | 2024 |
| 2 | Meeksikoo | 6,404,455 | 2021 | FAOUN | 2024 |
| 3 | Biraazil | 5,777,046 | 2021 | FAOUN | 2024 |
| 4 | Mongoliyaa | 4,324,444 | 2021 | FAOUN | 2024 |
| 5 | Chaayinaa | 3,724,900 | 2021 | FAOUN | 2024 |
| 6 | Kaazaakistaan | 3,489,777 | 2021 | FAOUN | 2024 |
| 7 | Arjentiina | 2,462,982 | 2021 | “ | “ |
| 8 | Itoophiyaa | 2,192,443 | 2021 | “ | “ |
| 9 | Kolombiyaa | 1,600,415 | 2021 | “ | “ |
| 10 | Chaad | 1,379,167 | 2021 | “ | “ |
| 11 | Raashiyaa | 1,302,916 | 2021 | “ | “ |

Fakkii gabatee 1$^{ffaa}$kan biyyoota Farda baay'ee qabanii agarsiisu. (Maddi Food and Agriculture Organization of UN Bara 2021 Qoratee Bara 2024 ifoomse irraa'i.)

Gosti Fardaa Addunyaarra jiru 350 yoo ta'u. Baay'inni Farda Addunyaarra jiranii immoo gara Miiliyoona 60 ta'u. Biyyoota baay'ina Fardaa qabaachun Addunyaarraa sadarkaa qaban keessaa Itoophiyaan, 2,192,443 qabaachuun sadarkaa 8$^{ffaa}$ irratta kan argamtuudha. (BBC Afaan Oromoo

(2023) UN fi FAO irraa kan fudhate.) Akkasumas, Oromiyaan baay'ina fardaatin naannolee Itoophiyaa keessa jiran 12n  keessaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> qabattee argamti.

Aanan Jiddaa Goodina Salaalee keessaa baay'ina Fardaa  21495  qabaacuun sadarkaa 1ffaa irratti argamti. (Waajjira Qonnaa fi Gabayaa aanaa Jiddaa)

## 2.6.2.Faayidaa Fardaa

Namoonni Farda kan jaalataniif, faayidaan Fardi dhala namaatif kennu yaabbatanii imaltuu dhaquudhaa kaasee haga dirree lolaatti ittiin duulanitti waan itti dhimma baa'aniifi Fardi uummamaan qa'ee namaa jiraachuun akka eebbatti waan ilaalamuufi. Fardi erga namni ofitti madaqsee waliin jiraachuu jalqabee faayidaa kanneen akka:Gaafa cidhaa yaabbachuuf, Gaafa gaddaa ittiin boo'uuf, Nyaaphatti ittiin duuluuf ykn lolaaf, Gombisa gaafa ayyaanaaf, Miidhaginaaf, Ispoortiifi aadaa ittiin agarsiisuuf faayidaa olaanaa qaba.

Kanaaf, Oromoon gaafa waa'ee Fardaa gaafatan, "Fardikee waan hunda keeti" jedhu.Kunis faayidaan Fardaa murteessaa waan ta'eefi.Inni biraa,Fardi dandeettigaraa garaa qaba. Kunis, kan utaalchaan ykn fooggaluun beekamu, kan garmalee fiigu, kan sakarufi kkfdha.

Fardi Oromoo biratti faayidaa guddaa akka qabu beektoonni adda addaa ibsa bal'aa armaan gadii kana itti kennanii jiru.Xannaa (2013) Blance (1968) wabeeffachuun yeroo ibsu "Every Oromo is a horsemen;every horsemen is a solder. Jechuun ibsee jira.Kuni immoo Yeroo durii Oromoonni baay'een abbaa fardaa akka ta'aniifi abbaan fardaa kamiyyuu loltuu adda waraana akka ta'e ibsa.Kana irraa ka'ee Oromoo baay'een abbaa Fardaa ta'uu isaani ifa baasa. Kanaan walqabatee Fardi Oromoo biratti faayidaa ammana hin jedhamne akka qabutu namatti mullata.Alamaayyoo Ayilee (1999:f25) …"biyyi Oromiyaa kun kan fardaafi loon horsiisuuf biyya baay'ee mijataadha" jedha.

Osoon Oromiyaa ta'eeLeensaa malee hinmagarsuu
Osoon Leensiyyoo ta'ee Daalee malee nadheeduu
Osoon Daalee ta'ee Gombisa malee hin ooluu
Osoon Gombisa dhaqee gombisu malee hingaluu… jedhee Oromoon Farda isaa dirree lolaafi iddoo adda addaatti akka Fardi faayidaa qabu Afoola kanaan qabee ibsa.

### 2.6.3.Seera  Farda

Uummata Oromoo biratti wanti uummamee jiru hunduu seera qaba. Namni, Beellanni, Bineensi, Bosonni, Lubbu qabeeyyii fi Lubbu dhabeeyyin hundi seera ittiin bulan, ittiin kunuunfamanii fi tajaajila itti kennan qabu. Keessumaa Fardi Oromoo biratti seera addaa qaba.Seera ittiin guddisan, Seera ittiin kunuunsan, seera ittiin leenjisan, Seera ittiin yaabbatan, seera ittiin nyaachisan qaba. Yaada kana Leus (2006) yoo ibsu: "*There are specific laws concerning equines known as seera fardaa Horse law or seera gollaa (golaa)laws of the paddock. Fardi seerri isaa Jabaa, the law concerning horses are strong. Fardi karaa raabaa fi gadaa seerri isaa mara. Not every body know the detail of these law. Only specific can know"* jechuun seera Farda booranaa ibsa.Walumaa galatti Fardi Oromoo biratti seera cimaa qaba.Namni seera kana bira darbee Farda miidhee fi itti fayyadame akka gaafatamee adabamu taasifama jechuudha.

### 2.6.4.Seera Itti Fayyadama Fardaa

Fardi seera ittiin itti yayyadaman qaba. Farda mooraadhaa baasanii widdeellatanii imaltuutti hinqajeelan,Widdeellachuu dura Ganama Mana Fardaatii erga baasanii carqii jiidhadhaan ija isaa irraa cimmaa qaama isaa irraa dhoqqeefi Fincaan isaa irraa haxaa'anii nyaata qopheessaniif kennuuf, erga nyaata nyaatee xumuree booda bishaan hobaasu.Erga ofii qophii xumuranii Faaya Fardaa bakka jiruu buusanii irraa haxaa'an.Erga faaya Fardaa qopheessanii booda gara Fardaa dhaqanii fayyummaa isaa mirkaneessu.Fardi Fayyaa taanan ofuma isaatii gara kooratti deema.Kan deemuuf fedha qabaachuu isaa agarsiisa.Faaya (Mi'a) Fardaa walduraa duubaan erga akka seeratti itti huwwisanii booda ofiifis uffata yeroo Farda yaabbatan uffatamu qofa uffatanii luugama qabatanii mirgaan yaabbatanii gara imaltuu qajeelu. Yeroo Farda yaabbattee gulufsiistu, Kaachistu, garmaamsitu, Ispoortii taphachiistu,utaalchiftuufikkf hojjechiistu hundi isaa seera itti fayyadamaa qaba. Dhimma kana Kate Jutagir (2020) yoo ibsu,

*If you're a first time rider,it's not abad idea to use a mounting blok.*
*This is a small wooden structure that you can use to stand on in order*
*To mount the horse.You should also ask some one to hold the horse'shead*
*as you mount.Mount the horse from its left near side.Plase your-left food*

*in the left stirrup and over.Next,  lift the right leg gently over the horse's back and insertyour right foot into the right stirrup jedha.*

Yaanni kun Farda yaabbachuu jalqabuufi yoota'e luugama harkaan qabattee miila bitaa keetin erga faanatti ajjettee miila mirgaa dugda fardaa irra dabarsuun faanaa isa tokkotti hajjedhu.Deemuu dura Fardakee sirriitti hubadhu. Erga sanaa cinaacha Fardaa miilaan taphachiisaa deemsa jalqabsiisi jechuudha.Walumaagalatti Fardi osoo hin yaabbatinis,erga yaabbatanii'is seera itti fayyadamaa qaba. Seera kana beekuun keessumaa dirqama nama Farda qabuuti jedhama.

Uummanni Oromootis, Farda akka ilma isaatitti ilaalu sirnoota adda addaatiif itti fayyadamu kana bakka itti fayyadamu hundatti seera itti fayyadama isaa eeguun dirqama seera itti fayyadama Fardaati.Kunis,Mucaa yeroo fuusisan yaabbatee dhaquuf,intalli yeroo eerumtu yaabbattee mana mucaatti galuuf,Yeroo ayyaana woggaa yaabbatanii sirba yookin ragada dhaquuf,Yeroo lolaa yaabbatanii dirree lolaa dhaqanii diina cabsuuf, yeroo jaarsummaa yaabbatanii lafa haraaraa dhaquuuf, yeroo Sirni gadaa deemsifamu yaabbatanii ardaa jilaa dhaquuf itti fayyadaman tokkoon tokkoon isaatiif seera ittiin yaabbataniifi ittiin deeman qaba. Kuni immoo, Farda yaabbatanii deemuu qafaa osoo hintaane  Fardi waan hundaan seera isaa yoo eeggate sirnichi ni qajeela ni milkaa'a,kabaja horata, Fardi seera guuttate qa'ee namaa yoo dhaabbate eebbatu dhaabbata jedhanii waan fudhaaniif, seera Fardaa eeganii iddoo sirnaa ykn imaltuu dhaqu.

## 2.7.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree kana jalatti namoota Qorannoo mata duree qorataa waliin walfakkaatu adeemsisan hanqinaa fi cimina akkasumas,tokkummaa fi garaagarummaa qorannoo isaanii maqaa isaanii heeruun ibsameera.

1.Taaddasaa Hoomaa (2016) "Xiinxala akaakuu fookiloorii Oromoo Gombsa Fardaa keessatti Aanaa Dandii"kan jedhu, digrii lammaffaa (MA) isaa Afaan Oromootiin Yunivarsiitii Addis Ababaatti hojjate.Akkan Qorannoo kana ilaaletti Ciminni qorannoo isaa waa'ee tapha gugsii Fardaa Oromoo Dandii bal'naan wabileen deeggaree dhiyeesseera. Dabalees, hariiroo OromooAanaa Dandiifi Fardi qabu, eessaa dhuftee waliin sirritti ibseera.Gahee hirmaattota gombisa fardaa sirriitti addaan baasee ibseera.Dabalataanis, naamusa sirna gombisa fardaa keessatti eegamuu qabu sirnaan xiinxaleera.Akka HanqinaattiGochaalee Gumbisaan duraa ,Gochaalee yeroo gombisaa Fardaafi

gochaalee Gobisa Fardaan boodaa osoo ibseera ta’ee irra caalaa waa’een gombisa Fardaa dhaloota si’anaaf ifa taa’a ture.

2.Xannaa (2013) mataduree “The Dokumantation of Historical and Cultural Significancy of Horse Racing “Gugsii” Game In Kutae Oromo Society With Particular Presence To The Ambo District.” jedhu irratti yuunivarsiitii Finfinnetti hojjate.Cimina qorannoo isaa waa’ee tapha Gugsii Farda Oromoo Kuttaayee bal’naan wabiileen deeggaree dhiyeesseera. Dabalees hariiroo Oromoo kuttaayeefi dhuftee Fardaa waliin sirritti ibseera.Hanqinni jiru immoo taphni gugsii Farda Oromoo kuttaayee umurii dheeraa akka qabaatu maaltu sababa akka ta’ee ballinaan hin ibsine. Karaa biraas,taphoonniFarda Oromoo aanaa Kuttaayee kan godina oromiyaa adda addaa keessa jiruun akka garaa garummaa tokko illee hin qabnetti dhiyeesse.

3.Jaalataa Mootii Araddaa (2014) mataduree “Xiinxala Sirna Gombisa Fardaa Oromoo Tuulamaa Aanaa Kuyyuu” jedhu irratti sagantaa (MA) tiif yuunivarsiitii Finfinneetti hojjate.Ciminni qorannoo kanaa sirna raawwii gombisa fardaa ballinaan ibsee jira. Dabalees, qorannoon isaa ulaagaa qorannoon tokko guutuu qabu eeguun wabiilee sirnaan wabeeffateera.Hanqinni qorannoo isaa garuueessaa dhufteefi faayidaa Fardaa ifatti adda baasee hinxiinxalle.

4.Urgeessaa Xilaahun (2009/2017)Xiinxala Fookilorii Oromoo itti fayyadama Fardaa jedhu keessatti sagantaa (MA) tiif yuunivarsiitii Finfinneetti hojjate ciminni mullatu,faayidaa Fardatti fayyadamuun hawaasa Oromootif qabu ballisee kaa’ee jira.Akkasumas,Sirnoota itti fayyadama Fardaa ballinaan kaa’ee jira.Hanqinoonni mullatan Yeroo tapha Gombisa Fardaa hawaasni osoo taphni Gombisa Fardaa hin jalqabin dura ofeeggannoo akkamii akka gochuu qaban hinkeenye.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun mata dureewwan itti aanan of jalatti hammata: Saxaxa Qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi adeemsa funaansa odeeffannoo akkamtaafi mala qaacceessa ragaa qabata.

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannichaa waliigala qorannichaa kan too'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatufi maal irratti akka bu'ureeffate agarsiisa.Qindoomina qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti maal akka fakkaatu ibsa.Saxaxni  qorannoo haala  kaayyoo ibsa, kaayyoon immoo hala mata duree ibsa.Yaada kana kan deeggaru, Addunyaa (2011) (Cohen,Manionfi Morison,2005:73), wabeeffachuun akka ibsetti, "Research design is governed by the notion of fitness for purpose; the purpose of the research determine the methodology and design of the research" jedha. Haaluma kanaan qorannoon kun kan xiyyeeffatu Qaaccessa Hawaasni Oromoo Aanaa Jiddaa Beekkumsa Horsiisaa fi Guddisa Fardaa irratti qaban ifa baasuurratti. Gosa Qorannoo qulqulleefannaa fayyadamee odeeffannoo argate ibsa.Sababni qorataan qorannoo ibsaa kana fayyadamameef, wantoonni mul'atan maal akka ta'an jechootaan ibsuu waan danda'uufi. Malli qorannoo qulqulleeffannaa kan of keessatti qabatu, adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii banaafi lakkoofsa hinqabne waan ta'eef, xiinxalliin ragaa tokkoffaa immoo kan lakkoofsaa kan hintaane ta'uu isaa ibsa. Kanaafuu, akaakuu qorannoo kanaa gaggeessuuf, akkaataan odeeffannoo itti funaanamu, gosti odeeffannoo, akkaataan ittiin qaacceefamuufi itti ibsamu kan qorannoo hammamtaa irraa adda ta'a.

Faayidaa qorannoo ibsaa ilaalchisee (Singh (2006) yoo ibsu, "A descriptive survey method was designed where questionnaire was used as a main data collecting tool" jedha. Kana jechuun, qorannoon ibsaa yeroo bargaaffiin akka mala funaansa ragaatti tajaajilu hojiirra kan oolu ta'uu isaati. Gama biraatiin, qoratichi malleen qorannoo jiran keessaa, mala qorannoo    qulqulleeffataatti dhimma baheera. Sababni malli kun filatameef, ragaan maddeen odeeffannoo irraa argamanmaal akka taa'an jechootan ibsuuwaan danda'eefi. Malli qorannoo ibsaa kan of keessatti qabatu, adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii lakkoofsaa hinqabne waan ta'eef, xiinxalliin ragaa tokkoffaa immoo

kan lakkoofsaa kan hintaane ta’uu isaa ibsa.Kanaafuu, akaakuu qorannoo kanaa gaggeessuuf, akkaataan odeeffannoo itti funaanamu, gosti odeeffannoo, akkaataan ittiin qaacceefamuufi itti ibsamu kan qorannoo hammamtaa irraa adda ta’a.“Qualitative research involves data collecting procedures that result primarly in open ended non numerical data which is analyzed primarly by non-statistical methde(Zooltan, 2007:f 19).”

Walumaagalatti, qorannoo geggeeffame keessatti odeeffannoo karaa afgaaffii argamaniif malli qorannoo akkamtaa yeroo tajaajilu, odeeffannoo, daawwannaafi marii garee argamaniif immoo, mala akkamtaatu hojiirra oole.Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas Beekumsa horsiisaafi guddasa Fardaa aanaa jiddaa qaaccessuu irratti waan ta’eef qoratichi malleen akkamtaatti dhimma baheera. Haaluma kanaan, bargaaffii banaafi cufaa Maanguddoota waa’ee horsiisaa fi guddisa Fardaa beekan qopheessun qoratichi odeeffannoo isaa funaannatee qaaccesseera.

## 3.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Malli iddatteessuu adeemsa fudhannaa iddattoo jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuuti.Waa'ee iddattoo adda baasanii filachuu Sarantakos,(2005:f164) yoo ibsu, “The researcher purposely choose subjects who, in their opinion, are relevant to the project..., in such cases the important criteria of choice is the knowledge and expertise of the respondents, and hence their suitability for the study, ” jechuun addeesseera. Akka ibsa yaada kanaatti qorataan namoota fedhii, muuxannoo, beekumsaafi kaayyoo qorannoo waliin walitti hidhata qaban addaan baasuun kan filatu ta’uu isaati. Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu qaba.Malli iddattoo tooftaa irraawwatamtoota 15 jiran keessaa akkaataa qorannichaaf mijataa ta’een madda ragaa filachuun ittiin murteeffamuudha. Akka Dastaan (2013: f132) Torchim (2006) wabeeffachuun ibsetti iddattoo filachuun adeemsa jamaa fayyadaman jechuudha. Kana jechuun namoonni jamaa sana keessaa fudhataman bakka bu’oota jamaa sanaa ta’anii odeeffannoo kennuu danda’u jechuudha. Haaluma kanaan, qoratichi madda odeeffannoo filachuuf mala iddattoo fayyadameera.Malli Maanguddoonni hubannoo qaban ittiin filamanis, mala iddattoo miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoofi Iyyaafannooti.

Berg (2001) akka ibsetti, iddatteessuun akkayyoo kan qorataan tokko beekumsa dhimichaarratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu ilaallatuudha. Akkayyoo kan jedhameefis “akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan taa’eefi”. Kanaaf, dhimma qorannoo isaa ilaalchisee qoratichi odeeffannoo barbaachisu nan argadha jedhee waan amaneef mala kanatti gargaarameera. Sababni malli akkayyoo filatames baay’inni Maanguddoota

gadi fageenyaan waa'ee Fardaa beekan hunda bira dhaquun waan yeroo fi qabeenya baa'ee waan gaafatuuf, waliin gahuun qorachuun hindanda'amu. Kanaaf, Maanguddoota aanaa kanaa keessaa namoota waa'ee Horsiisaa fi guddisa Fardaa beeku jedhaman keessaa kudha shan (15) irratti daange'eera. Isan kunis, mala akkayyootiin filatamaniiru.Maddeen odeeffannoo kunneen akka itti aanutti addatti taa'anii jiru.

Madda odeeffannoo jechuun, burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti.Maddi odeeffannoo qorannoo tokkoo iddoo lamatti yoo qoodamu.Isaanis, madda ragaa duraafi madda ragaa lammataati. Dastaa (2013:f44).Kanumarraa ka'uun,qorataan madda ragaa duraa kan ta'e manguddoota Beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa irratti hubannoo ga'aa qaban biratti argamuun odeeffannoon haqa ta'e Maanguddoota waa'ee Fardaa ni beeku jedhaman kudha shan (15) irraa odeeffannoo walitti qabachuun qaacceffameera.Dabalataan yaada kana kan cimsu, MOE (1999:f177) akka ibsetti "pirimary data is original to the problem, have direct physical contact to the event." jechuun ragaan duraa dhimma qoratamu waliin hariiroo kallattiin akka qabu mul'isa. Qorataanis, madda ragaa duraa kan ta'an Maanguddoota Waa'ee Fardaa beeku jedhaman filachuun qorannoo isaa adeensiseera.

Irraawwatamni qorannoo kanaa Godina Shawaa kaabaa aanaa Jiddaa keessatti Mata duree beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa jedhu irratti Iddattoo Maanguddoota waa'ee horsiisaa fi guddinsa beekan irratti kan xiyyeeffate. Sababni Maanguddoonni filatamaniif, Waa'ee horsiisaafi guddisa Fardaa gadi fageenyaan waan beekannnif. Dabalataniis, Irraawwatama jechuun wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamu yoo ta'u, qorannichis, mata-duree Qaaccessa beekkumsa hawaasni Oromoo aanaa Jiddaa Horsiisaa fi Guddisa Fardaa irratti qaban  kan jedhu waan ta'eef, maddi ragaan irraa argamu manguddoota waa'ee Fardaa beekan irratti ta'a.

Yaada kana Addunyaan (2011:f 64) yemmuu ibsu,"Qorannoon tokko Irraawwatamaa qaba, kunis namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti geggeeffamu"jedha.Qorannoon kun Beekums horsiisaafi guddina Fardaa irratt xiyyeeffata.

## 3.3.Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaanname

Malleen odeeffannoon ittiin funaanamu hedduutu jiru.Qorannoo gaggeessuuf mala odeeffannoon ittiin funaanamu isa sirrii ta'e filachuun galma gahiinsa kaayyoo qorannoo fiixa baasa.Kana ilaalchisee Dastaa (2013:33), Marietjie fi Marieth (2001) wabeeffachuun "Qorannoo gaggeesuuf odeeffannoon kan funaanamu bargaaffii, daawwannaa, afgaaffii, sakkata'a dookmantiifi meeshaalee dhag-argee fayyadamuudha," jedhuun ibsa.Yaaduma kana cimsuun Cohen (2007) yoo ibsu,

“Meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bargaaffii, af-gaaffii, daawwannaa, qormaataafi sakatta’a barruuti” jedha.

Malleen funaansa ragaa kamiyyuu guutummaa guutuutti odeeffannoo sirriifi fudhatamaa argamsiisuuf gahaa ta’e akka hinjirre Kumar, (2005:f119) yoo ibsu,“ Meeshaaleen funaansa ragaa kamiyyuu guutummaatti sirriifi bu’a qabeessa jechuun hindanda’amu.” jedha.Yaada kanarraa akka hubatamutti meeshaaleen odeeffannoo kamiyyuu hanqina akka qabaniidha.Hanqina meeshaaleen kun qaban xiqqeessuufi waldeeggarsiisuun fayyadamuun gaarii ta’a. Kana jechuun mala ragaa ittiin funaannannu tokkoo ol yoo fudhanne dhimma keenya irra guddeessaan milkeessina jechuudha.Yaada kana gabbisuuf Moserfi Kalton (1972) yeroo ibsan, malleen odeeffannoon ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun tarsiimoo qorannoon ittiin geggeeffamuuf humna guddaa ta’a jedhu.Yaadi kunis wanti hubachiisu, odeeffannoon mala adda addaa fayyadamuun argamu cimina qorannoo tokkootiif gaarii ta’uu isaa agarsiisa.

Kaayyoon qorannoo geggeeffamee inni guddaan beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa aanaa Jiddaa qaaccessuu ture. Yaada kanarraa ka'uun qorataan qorannoo kanaa malleen odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa daawwannaa,afgaaffii fi marii garee fayyadamuun odeeffannoo qorannoo isaaf ta’u odeefkennitootarraa funaannateera.Haaluma kanaan tokkoon tokkoon malleen fayyadametti akka armaan gaditti ibsi itti kennamee jira.

### 3.3.1.Afgaafii.

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko af-gaaffiidha. Maalummaa afgaaffii Yaadasaan(2018: f94) irratti yommuu ibsu, “Afgaaffii jechuun dhimma murtaa’e tokko irratti ragaafi odeeffannoo argachuuf jecha gaaffiifi deebii nama dhuunfaa yookiin namoota muraasa waliin godhamuudha” jedha. Faayidaa afgaaffii Addunyaa (2011: f64) yoo ibsu, “Meeshaan kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif odeeffannichi aslii ta’a,” jedha.Odeeffannoon afgaaffiidhaan argame sun amanamaa ta’a jechuudha. Kanaafuu, Qorataan kun gosoota afgaaffii banaafi afgaaffii cufaa akkaataa barbaachisummaa isaatti itti gargaarameera. Yeroo gaaffii gaggabaaboo lakkoofsaan ykn baraan deebi’u gosa afgaaffii cufamaa, yeroo deebii bal’aa akka kennaniif barbaadu immoo gosa afgaafii banamaa gargaarameera.Akkasumas, matadureen qorannichaas beekumsa bal’aa kan of keessatti qabate waan ta’eef kan odeeffannoo gadfagoo barbaadudha. Malli afgaaffii kun kan ittiin namoota dhimmichi ilaallatuuf qorataan eenyummaafi kaayyoo isaa ibsuun odeeffannoo irraa funaannateedha. Kanaafuu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaaname kanatti gargaaramuun qorataan gaaffilee

caaseffamaa ta’an qopheessuun Jaarsolii beekamoo baay’inaan saddeet (8) ta’aniif, Baay’inni gaaffiiwwan afgaaffiidhaaf qophaa’an  kudha ja’a (16) ta’u gaafateera. Odeeffannoon afgaaffiin guurame Maanguddoota  waa’ee Fardaa beekan kudha jaa’an (16) qofa kan ilaallatuudha. Sababiin isaas, qisaasama yeroofi leecalloo akka hin finneef Maanguddoota murtaa’an kanaaf afgaaffin akka dhiyaatu taasifameera. Yaada kana Dastaan (2013:113) irratti Yaalew (2006) wabeeffachuun akka ibsutti,” Malli kun yeroo dheeraafi baasii hedduu nama gaafachuu danda’a. Odeefkennitoota hunda qaamaan bira deemanii gaafachuu waan barbaachisuuf yeroo fudhata.

Hammuma yeroo dheeraa irra turru baasii hedduu baasna.” jedha.Kanaaf, afgaaffiin Maanguddoota 16 qafaaf, waan qophaa’eef iddattoon qorannoo kanaas Maanguddoota filamani jechuudha.Maanguddoota afgaaffii irratti hirmaatanis qorataan dursa haala mijeessuun bakkaafi yeroo isaan itti argamanii yaada kennuu danda’anitti hojii isaa adeemsiseera. Bakki qorataan kun Maanguddoota waliin gaaffiifi deebii geggeesses, yeroo isaan itti argamuu dandaa’anitti aala mijeessuudhaan, tokkoo tokkoon mana isanii  deemeeti. , yeroo isaan hin argamnellee adda baafachuun yeroo isaan argamuu dandaa’anitti sagantaa qopheeffachuudhaan gaafannoo isaa gaggeesseera.

### 3.3.2.Daawwannaa.

Daawwannaan bifa ittiin odeeffannoon funaanamu ta’ee, qorataan gaaffilee bu’uuraa irratti hundaa’uun waan argeefi dhaggeeffate walsimsiisuun odeeffannoo barbaadu kan funaannatuudha. Yaaduma kana kan cimsu, O.leary, (2004:f 170 ) akka jedhetti, “An observation is a systematic method of collecting data that rely on a researcher’s ability to gather data through his or her senses”. Kana jechuun daawwannaan tooftaa qorataan yookaan qorattuun odeeffannoo walitti qabachuuf dandeettii miira isaa yookaan ishee gargaaramuun taasifamuudha.Daawwannaan qoratichi amalaafi gocha namootaa yookiin wantootaa too’ataa, agartuu ija isaatiin ilaalaa /daawwachaa wanta daawwate sana qayyabachuudhaan yookiin yaadannoo isaatti qabachuudhaan tooftaa ittiin funaannatuudha.

Yaadasaa, (2018:f102) Faayidaa daawwannaa ilaalchisee Kothari (2004) yoo ibsu, “Observations are important tools that can be employed in descriptive research and other qualitative research types for gathering genuine and pertinent data on teachers' and students' behaviors in the actual setting” Akka yaada hayyuu kanaatti, daawwannaan meeshaa barbaachisaa qorannoo ibsaafi qorannoo qulqulleeffataa keessatti hojiirra ooluufi yoomessa dhugaa keessatti odeeffannoo dhugaafi sirrii ta’e funaanuuf kan gargaaruudha jechuudha.

Qorannoon kun kan adeemsifame adeemsa guddisaa fi horsiisa Fardaa wajjiin walqabaaturratti waan ta’eef hawaasa bira deemmamee odeeffannoon fudhatameera. Akka aanaa Jiddaatti deemanii odeeffannoo guurrachuun kan mijatu yeroo Ganni darbee lafti jiidhinsa fixatuudha. yeroo Ganni darbee lafti Kunimmoo ji’a Fulbaanaa keessa funaanname. Haaluma kanaan yoomessi qorannoo kanaas, Fulbaana irraa hanga Saadasa 2017tti ta’a.Yeroo kana keessatti, Daawwannaa taasisee, suura kaaseera, Manguddoota dhimma Fardaa irratti hubannoo qaban Afgaafii dhimma guddisaafi horsiisa Fardaa gaafateera.Marii garee taasiseera.Kunis, Fulbaanaa hanga Onkololeessa keessatti guyyaa ayyaana adda addaa yeroo itti namoonni fedhii horatanitti beellamuudhaan qorataan isaan argatee gaafannoo isaanirraa funaannate qaaccesseera.Qorataan kunis, bakka Fardi itti horsiifamu, bakka Fardi itti Guddifamu bakka nyaanni Fardaa itti qophaa’uu fi Farda dhukkubsate itti yaalamu, bira deemuudhaan adeemsi achi ture maal akka ta’e daawwatameera. Daawwannaan adeemsifame kunis, haalli hojiirra oolmaa horsiisaafi guddisa Fardaa maal akka fakkaatu irratti kan xiyyeeffateedha.

Yaada kana Dastaa (2013:f 118) irratti yeroo ibsu,” Qorataan iddoo qorannoo itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa.”jedha. Sababni isaas, namoonni odeeffannoon irraa argamu sagaleefi suuraa isaanii kennuu irratti fedha qabaachuu dhiisuu danda’u jedhee waan yaaduuf, barreeffamaan yaada argame sana turfachuu danda’a waan ta’eefi jedha. Kanaaf, akka yaada hayyuu kanaattis ta’ee haala qabatamaa jiruun meeshaan daawwannaa dirree kun afgaaffiifi bargaaffii adeemsifamu irra olaanaadha. Sababiin isaa, qorataan kallattiidhaan dirree sana irratti argamee haqa jiru, haala kamiinis kunuunsi Fardaaf godhamu hojiirra olaa akka jiru bira gaheera.

Akkasumas, yaada Maanguddoonni kennaniin walbira qabee ilaaluun mirkaneeffateera.Qorannoo geggeeffame keessatti qorataan dirreewwan daawwachuu barbaade mala akkayyootti fayyadamee filate. Sababiin mala kanatti fayyadameefis, bakka Fardoonni daawwatamuudhaa malan itti argaman hundi kan daawwatamaniidha. Kunis,Fardoota daawwannaaf adda baafaman bira si’a tokko tokko deemuun daawwannaan gaggeeffameera. Meeshaaleen qorataan qabatee achitti argames, waraqaa qabsiisa itti qabataniidha.Walumaagalatti, qorataan ragaa Maanguddoota irraa argate irratti dabalataan kaayyoo qorannoo irratti hundaa’uun Dodeeffannoo barbaachisaa walitti qabateera.

### 3.3.3.Marii Garee

Malleen odeeffannoon itti sassaabaman keessaa tokko marii gareeti. Tooftaan kun namoota dhimmicha haalaan beekan afaaniin mari'achiisuun odeeffannoo bilchaataa argachuuf nifayyada jedhamee kan filatamudha. Kana ilaalchisuun, Nunnan (1992), "Focus group discussion is special qualitative research technique in which people are informally interviewed in a group discussion setting," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti mariin garee kun namoota alidilee ta'een taa'aanii yaada tokko irratti mari'atan waan ta'eef tooftaa qorannoo akkamtaatiif filatamaadha jedha. Namoonni odeeffannoo kennan kun yaada falmisiisaa ta'e tokko irratti dubbachuun qorataan akka yaada ijoo tokko irra gahuuf kan gargaaru yoo ta'u, qorannoo kana keessattis beekumsii, horsiisniifi guddisni Fardaa adeemsa keessa darbuu qaban irratti Maanguddoonni Waa'ee seenaa Fardaa beekaan hirmaachifamaniiru. Xiyyeeffannoo mala kanaa qorataan kan itti fayyadameef, ka'umsa isaa jalatti gaaffilee bu'uuraa dhihaatan keessaa wanti mirkaneeffachuu barbaadu waan jiruufi. Haaluma kanaan meeshaalee sagalee waraaban qabachuun Manguddoota hubannoo horsiisaafi guddina Fardaa irratti qaban filatee biratti  argamuun raga walitti qabateera.Baay'inni namoota marii garee kana irratti argmanis Maanguddoota Saddeet (8) yemmuu ta'an mariin garee taasifames beekumsaa fi guddina Fardaa irrattidha.Odeefkennitoonni kun mala iddatteessuu akkayyootiin kanneen filataman kudha shaman (15)keessaa kan fudhatamanidha.

## 3.4.Qaaccessa Ragaa

Ragaalee argaman akka ragaatti qindeessuu dura sirrummaafi qulqullinni isaanii nimirkaneeffama. Itti aansuun, ragaaleen malleen sadaniinuu ( Daawwannaa, Afgaaffiifi Marii Garee )  funaanaman akaakuudhaan qoqqoodamanii mata duree jalatti kaa'aniin qindaa'ee, malleen odeefannoo hiikuu akkamtaatti fayyadamuun odeeffannoo malleen sadaniin funaanaman keessatti waa'een horsiisaafiguddisa Fardaa mul'atan, akkaataa namoonni waa'ee Fardaa beekan jedhanitti, yaadni isaanii gara barreeffamaatti jijjiirameera.Mata duree isaan ilaallatu jalattis ragaan deeggaramuun yaanni isaanii qaacceffameera.Malli odeefannoo hiikuu kun immoo waa'ee dhimmicha qoratamuu

sirriitti ibsuu danda’a jedhamee waan amanamuufi mata durichaaf mijataa waan ta’eef filatamaadha. Akkasumas, odeefannoon akkamtaa bal’ina irratti osoo hin taane gadi fageenyaan ilaaluu irratti hundaa’uun odeefannoo karaa jechaan funaanuun kan odeefannoo barbaadame irratti yaada bu’uuraa lafa kaa’udha.

Itti aansee duraa duuba raawwii isaanii bifa eegeen mata duree gurguddaafi xixiqqaatti caccabanii akka hiika sirrii laachuu dandaanitti tarreeffamuun ragaa suuraafi yaada beektotaa waliin deeggaramanii qaacceffamniiru.Kanaaf gosa qorannoo akkamtaatti fayyadamuun qorataan qorannoo isaa kana qaaccessee jira.

## 3.5.Qindeeffama Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo isaa galmaan gahuuf, qindaa’aa ta’uu akka qabu beektoonni adda addaa ni dubbatu. Kunis, amala qorannoon gaarii tokko qabu keessaa haalaan qindaa’aa ta’uun, jechoota ifa ta’een barreeffamuun, yaadaan walqabataa ta’uu akka qabu dirqama.Yaada kana Taaddasaan, Zoltan, (2007:f11) wabeeffachuun yeroo ibsu: ”Good Researche is systematic:It means that research is structured with specified steps to be taken in specific sequence inaccordance with well defined set of rules.” jechuun ibsa (Taaddasaa, 2016:f 39). Dabalataan qorannoon tokko calqabaa kaasee xiyyeffannoo itti kennuun seeraan yoo qindaa’e yeroo qusachuu akka danda’uufi fayidaa bal’aa akka qabu kaayyoo barbaadame illee galmaan ga’uu akka danda’u ibseera. Jamesfi John (2005:f331) akkana jedhu:“Proper attention given to this matter of organization early in the research process can save a greate deal of time at the data ananysis phase” jedhu. Kanaaf, qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamuun, tartiibaan qindaa’ee jira.

Isaanis,Boqonnaan Tokko:Seen-duuba, ka’umsa qorannoo, gaaffilee bu’uuraa kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaa fi qindeffama qorannichaa qabteera.Boqonnaan Lama: Yaadrimee Qorannichaa, Lore, Seenaa dhuftee Fardaa,Faayidaa Fardaa,Walitti dhufeenya namaafi Fardaa,Itti fayyadama Fardaa,Seera Fardaa,Qorannoo walfakkiifi kkf hammatee jira.

Boqonnaan Sadi: saxaxa Qoarannichaa, amala qorannoo, irraawwatama, madda odeeffannoo, mala iddatteeessuu, yoomessa, meeshaa funaansa ragaa, adeemsa funaansa raga, odeeffannoofi mala qindaa’inaa qabateera.Boqonnaan Afur: Qaacceessa fi Hiika Ragaati.Kunis, haala walii galaa qorannichaa, kan Horsiisaa fi guddina Fardaatiin walqabatu gabateefi fakkiin deeggaree dhiyeessee jira.Boqonnaan Shan:Cuunfaa, Gudduunfaafi Yaboo of keessatti hammata.(Taaddasaa 2016:39)

## 3.6.Naamusa Ogummaa

Hojiin qorannoo kanaa yeroo adeemsifame sana bifa seera qabeessaafi naamusa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwatameera.Fkn yeroo qorannoo  kanaaf, afgaaffiifi daawwannaan dirree taasifamu,bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas, yeroo suuraa eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin suurri fudhatamaa tureera. Itti dabalees, waraabbii sagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffannoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii gaafachuun sagaleen isaanii akka waraabamu taasifameera.Dhuma irratti xalayaa seeraqabeessummaa kanneen gaafataniifi osoo hingaafatin odeeffannoo warra kennan mara galateeffateera. Akkasumas, namootaqorannoo isaaf deeggarsa barbaachisaa godhaniifi  ragaa adda addaa kennaniifis,  icciitiin isaanii akka eegamuufi naamusaan akka xumuramu godheera.

## BOQONNAA AFUR :QAACCESSAAFI HIIKA RAGAA

## 4.1.Haala Waliigalaa Qorannichaa

Ragaan odeeffannoo kennitootan walitti sassaabbaman akkataa kaayyoo qorannoo galmaan ga'utti qindaa'anii as jalatti qaacceffamaniiru.Dabalataan yaadni beektonni waa'ee mata duree qaaccefame irratti qabanis, ragaa qindaa'e waliin walbira qabanii dhiyaataniiru.Yaadni beektotaafi ragaan Qaacceffaman Wal simuu qabu.Dastaa (2013:f67).Odeeffannoon funaanames akka calqabairratti karoorameen xiinxalamuun hiika waliin qaacceffamaniiru.Odeeffannoon qorannoo kanaaf, barbaadame meeshaa funaansa ragaaleekanneen akka afgaafii,daawwannaa dirreefi marii gareetin xiyyeeffannoodhaan bifa suuraafi barreeffamaan,sassaabameera.

Aanaa Jiddaakeessatti odeeffannoowwan sassaabbaman,Kanneen armaan gadii keessa muraasa. Mana warra iddattoodhaa filatamaniidhaquun waan isaanwaa'ee Fardaa sirriitti beekangaafachuun,Yaadonni gaditti qaacceffaman kun walitti qababamaniiru.Akkasumas, aanaa Jiddaa keessatti Ayyaanonni beekkamoon namoonni danuun Farda qabatanii irratti argaman keessatti argamneerra. Isaan keessaa Guyyaan Irreechaa ayyaana Oromoon aanaa Jiddaa kabajatu keessaa isa jalqabaati.Innis,gaafa Onkololeessa,24/2016nikabajama.Guyyaa kana Fardi dirreetti bahee nigulufsiifama,nikaachifama Dargaggeessi walitti yaa'ee sirba, nidhiichisa keessayyuu gaafa guyyaa kanaa Abbootin Gadaa walga'anii Farda keessaniin walirra isin yaabulchu jedhanii eebbisu.

Ayyaanni itti aansee kabajamu gaafa Sadaasa,13/2016 Ayyaana Gordomaati. Ayyaanni kun Woggaa Woggaadhan akka amantaa Ortodoksiitti mana amantaa Egzaaraabii jedhamutti ayyaaneffatama. Hawaasni aanaa Jiddaa bakka kanatti Guyyaa kana Farda isaa qabatee argamuun gugsiin (Gombifni) Fardaa nigeggafama.Gaafa Kamisaa yeroo gurguraaf, Farda gabaa'atti baasanis, akka namni bitu sun ilaallatuuf Gugsiin Fardaa Guluffiin Fardaa niadeemsifama.Guyyoota armaan olitti heeraman kana qorataan bakkichatti argamee daawwannaa geggeessuun ragaa funaannatee qaaccesseera.Karaa biraatiin yeroo namoonni bebbeekkamoon kanneen akka abbaa Jaarsa Biyyaa, abbaaFardaa,of argatan biratti argamuun waa'ee Fardaa irratti odeeffannoo sassaabbateera.Aanaa kana keessatti dhiiraas ta'e dubartiin yeroo boqotan sirni awwaalchaa nigeggeeffama.Abbootiin fardaa sirna kanarratti argamanii niboochisu(nidhaadatu).Akkuma Oromoo biroo Oromoon aanaa

Jiddaatis,yeroo sirna fuudhaafi heerumaa gaggeessanis, Fardaan amaamota dhaqanii sirbaa galu.Kana qorataan yoomessa uumamaa birattiargamuun gaaffiifideebiin ragaa funaannateera. Ragaa kanas,akka armaan gatiitti qaaccesseera.

## 4.2.Beekkumsa Horsiisa Fardaa Aanaa Jiddaa

Fardi yeroo ammaa aanaa Jiddaa keessa jiran kun,beekumsa isaan ittiin horsiifaman haala ragaa afgaaffii gaafa 12/3/2016, 22/03/2016 fi 17/6/2016 taasifamee funaanamee fi daawwannaa gaafa 20/3/2016, 01/04/2016fi 11/04/2016 walitti qabameefiMarii Garee waliin gaafa 15/5/2016 taasifameen hundi isaanii akkaataa armaan gadii kanaan qaacceffamaniiru.

Gaafa Guyyaa 20/3/2016 mana Obbo Tadilaa Ayyaanuutti argamuun Waa'ee horsiisa Fardaa irratti gaaffii afaaniiisaaniif dhiyeessine keessaa, Farda horsiisuun beekkumsa qabaa?Jennaan, eeyyee qaba jedhan. Kunis,Fardi durii kaasee horsiifamaa ture jedhama; Bara (1870) kaasee immoo Mootii Bara sanaatiin Fardi Jiddatti beekamtii argatee horsiifamaa ture.Yeroo ammaa kana garuu namni Farda lamaa, sadifi ja'a ol dabarsee horsiisuu hin jiru jedhan.kunimmoo Faayidaa Farda baay'isanii horsiisuun qabu wallaaludha malee rakkoon addaa jiraatee mitii jedhu.Bara 1870 moota keessa Farda namoota hundatu horsiisa turee? jedhee qorataan gaaffii kaasnaniif, nama hundas, ta'uu baatu hiirra caalaan namaani horsu turan.Abbootin isaanii Gabayaa shaggaritti oofanii gurgurachaa akka turan nutti himan.

Nama Bara 1870 keessa Farda horsiisaa ture ni yaadattuu ?Jidda keessatti Mootiin Milinik bakka adda addaa sadittii horsiisaa ture. Namni Akkaa Jiloo jedhamu mana ofii isaatti horsiisaa ture, jechu.Akka maanguddoonniAkkaa Jiloo dhaqqaban nutti himanitti Akkaa Jiloo idda ijoollee Jiddaa Shanan keessaa balbala Gaaleyyiiti jedhu.Yeroo sana Akkaa Jiloo Ijoollee kudha lama (12) qaba ture.Garuu Abbaa biyyaa jedhanii isa waamu turan.Maalifi jennaan namni Farda qabu biyya eega jedhanii waan amananiifi jedhu. Kanaafuu Farda horsiisuun, Beekkamaadhas, beekumsas qaba jedhu.Farda horsiisuun,Dungulaa Fardaa fi Ganyaa Fardaa Sanyii gaarii taa'an sirriitti beekuu irraa jalqaba,inni biraa qulqullinaafi nyaata isaanii sirriitti eeguudha jedhu.

Gaafa Guyyaa 22/03/2016 Obbo Takkaa Naggasaa Jaarsa haraaraa Waa'ee Fardaa beekuun beekkamaa yoo taa'an,Milinik namoota Farda horsiisuu ni beeku jedhaman hawaasa keessaa filee bakka yeroo ammaa Mooraa Fardaa jedhamu:Kan ganda Waanyaa Dagaa nasirii, Kan ganda Horoo Aabbuufi Dagaa Goraa bakka jedhamuttiargamurratti namoota Farda horsiisuu beekan itti qacaruun Farda horsiisaa ture jedhu.Yeroo sana marga Qumuxxee, Amaaqixa, Garbuufi Aajjaa nyaachisaa

turan. Akkasumas, torbanitti marsaa lama bishaan qulqulluu fi baala Andoodee tumameetin dhiqaa turan jedhu.

Ganyaa Fardaa fidanii Dungulaa Fardaa dhedheeraa taa'an qabsiisaa turan, jechuun Farda horsiisuun beekumsa akkanaa akka qabu nuiitti himan.Dabalataanis,Fardoonni bakkaitti galan qulqulleessuu, bakki itti nyaatanqulqulleessuun beekumsa horsiisa Fardaatif, isa ijoodha jedhan. Kana Malees, Gaafa Guyyaa 12/ 03/ 2016 Jaarsa jabaa ganda bitaayyii jedhamu keessa jiraatu.
Obbo Zallaqaa Tolaa kan jedhaman biratti argamuun beekumsa Farda ittiin horsiisuun dandaa'amu qorataan isaan gaafannaan,Farda horsiisuuf jedhu.Ganyaa Fardaa (Farda Teessumaa) kan jedhamtu Farda collee dhaluun beekkamtu, Sirriitti eeguun Yeroo isheen Farda kajeelte Farda Dungulaan(Diqaalomsaa) akka qabatu(yaabbatu) taasisuudha.Yeroo sana Fardi waqariin akka Ganyaa Fardaa bira hingeenye sirriitti eegudha.
Kunis, Fardi dhalatu akka collee ykn Farda ba'aa ta'uufi jedhu.Obbo Taakkalaa Tasammaa Itti gaafatamaa Aadaafi Turizimii duraanii kan ta'an gaafa Guyyaa 13/03/2016 haala kamiin Fardi horsiifama jennee isaan gaafannaan Farda nama beekutu horsiisa.Dursa Ganyaa Fardaa beekuudha.Ganyaa hormaataf,taatu bituudha.Ganyaan hargamteef hin bitan,Fardi cimaan akka dhalatu yoobarbaadan ganyaa (Farda Teessumaa)eeganii Dungulaa Fardaa yaabsisuudha jedhu.Itti dabaluun Farda horsiisuun ulaagaa qaba jechuun, Ulaagaa armaan gadii kana tarreessaniiru.

### 4.2.1.UlaagaaBeekumsa Horsiisa Fardaa Aanaa Jiddaa

Akka Obbo Zallaqaa Tolaa fi Obbo Taakkalaa Tasammaa 22/03/2016 nutti himanittiulaagaan beekumsa Farda horsiisuu:Farda horsiisuu danda'uudha.Farda hormaataa beekuudha.Innimmoo (1)Teessuu Fardaa beekuudha,(2)Dungulaafi Waqarii addaan baasanii beekuudha,(3)Haala kunuunsaa beekuudha (4)Haala guddisaa beekuudha,(5) Haala leenjifi (6) Haala fayyummaa Fardaa beekuun ulaagaa Fardi tokko keessa darbee horsiifamu beekuudha jedhu.Kanas, Tokkoo tokkoon ulaagaa horsiisa Fardaatiif barbaachisan akka armaan gadii kanatti ibsa itti kennaniiru.

**A.Addaa Addummaa Dungulaafi WaqariiBeekuu**

Fardi Dugulaa fi Fardi Waqariin garaa garummaa guddaa qabu.Dulgulaan Sanyii Fardaa filatamaadha. Waqariin Sanyii Fardaa dadhabaadha jedhuun,haala gabateedhan kaawwame kanaan ibsaniiru.

Nus,garaa garummaa isaan nutti himan gabatee armaan gadii kanaan keenyee ibsa itti kennineerra.

| Lakka | Farda Dungulaa | Farda Waqarii |
|---|---|---|
| 1 | Dhaabbataan miidhagaadha | Dhaabbataan fokkisaadha |
| 2 | Dheeraadha | Gabaabatu baay'ata |
| 3 | Miila qaqallata | Miila furdata |
| 4 | Filatee nyaata | Waanuma argate nyaata |
| 5 | Ofitti qallala | Ofitti ulfaata |

Fakkii gabatee 3^ffaa^kan garaa garummaa Farda Dungulaafi Farda Waqarii agarsiisau

Namni kana adda baasee beeku beekumsa fardi tokko ittiin horsiifamu qaba jechuudha jedhu.

**A.Farda Dungulaa**

Fardi kunhorsiisa Fardaa keessatti gahee guddaa kan taphatudha. Fardi Dungulaan akka Gorma Qotiyyoo jedhan sana, Korma Fardaatiin Dungulaa jedhama. Kan hin kolaafamne ta'ee guksiif ittifayydamuurra dhaltuu qabsiisuuf ykn gaansisuuf kan itti fayyadamaniidha.

**Dheeraadha.** Farda Waqarii irraa kan adda isa taasisu,inni lammataa dheerina isaa akka ta'e Jaarsoliin ni himu.Bifaan miidhagaa ta'ee miila dheeraafi ofiifis, oldheeraa kan yoo irra taa'an lafti gadi namarraa fagaattuufi yoo Ganyaa koru akka salphaatti kan Teessuu Fardaa dhaqqabu jechuudha.

**Miila qaqallaa**.Kan miilli arfanuu ulfaatee (guguddatee) fiigicha hin dhorkine,miila qaqallaa akka gaariitti fiiguuf isa gargaaru kan qabu jechuudha.

**Filatee Nyaata**.Nyaata kan akka Garbuu,Xaafii asheeta, Shumburaa,Qumuxxeefi Amaaqixa malee marguma fedhan yoo itti kennan uummamuma isaatin hin nyaatu jedhu.

**Ofitti Qallala**.Yeroo fiigu,Yeroo gombisa taphatufi sochii kamuu taasisu,wanta baa'aa baatu hin fakkaatu,kana jechuun qaamni isaa itti hin ulfaatu jechuudha jedhu.



Fakkii 4ffaa Farda Dugulaa Agarsiisu

**B.Farda Waqarii**

Akka Obbo Abarraa Jiruufi Obbo Tadilaa Ayyaanuu Jedhanitti waa'ee fardaa ibsuun baay'ee ulfaata.Fardi gaariin akkuma jiru darbee darbee Fardi dadhabaanis, jira jedhu.Fardi Waqariin Farda baa'yee keessatti akka tasaa argamuu dandaa'a.Namni Fardi waqariin mana isaatti dhalatellee hooda laalchifata jedhu. Akka Jiddaatti Farda Waqarii jechuun Farda dadhabaa, kan nyaata malee amma feete leenjisuuf yoo itti dadhabde hinjijjiirramne jechuudha. Moggaasni maqaa isaallee rukuti Osoo ofhinqusatin dha'i.Bilcheessii reebi kan jedhu irraa moggaafame jedhu.Fardi Waqariin:Farda dadhabaa, Farda laamsha'aa, Farda garaa guddatu, Farda dandeettii fiiguu hinqabne, Farda carraa (milkii) hin qabne fi kan bifallee hintolleedha jedhu.

**Waanuma Argate Nyaata**.Kana jechuun akka Farda Dungulaa nyaata fuuffatee adda hin baafatu marga Fardi Dungulaan hin nyaanne kanneen akka:Ashuuffee,Raafuu,Marga harreefi kkf walitti qabee nyaata,fuufatee hin dhiisu jechuudha jedhu.

**Dhaabbataan fokkisaadha**.Kana jechuun ija namaatti kan hinmiidhagne,dugdi isaa faaran gadi dhooqataa kan ta'e,Fardi akkasii sanyii fardaa balleessa jedhu, gatii baasanii hin bitan.Midhaan ittiin dha'uuf, itti fayyadamu malee jedhu.

**Gabaabatu baay'ata**.Baay'een Farda waqarii dulloomoo fakkaatu, dhaabbataan oldheerina hinqaban,fiiguu hindandaa'an jedhu.

**Miila Furdata.**Miila isaa arfanuu yoo ilaalan baay'ee fufurdata olkaafatee akka Farda kaanii ittiin fiiguun bay'ee isa rakkisa jedhu.

**Ofitti Ulfaata.**Kana jechuun akka Farda Dungulaa fiiguuf hin hin danda’u.Gombisa taphachuu hin danda’u.Leenjisuufis, hinta’u.Garaa guddata waan ta’eef danda’ee hin gaggaragaru jedhu.Gosti Farda kanaa amma xiqqaataa dhufe malee duruu hinuma jira jedhu.



Fakkii5ffaa Farda Waqarii Agarsiisu

**B.Addaa Addummaa Ganyaa TeessumaafiWaaroo Fardaa Beekuu**

Beekumsi horsiisa Fardaa inni lammataa, Ganyaa Fardaa Farda collee dhaluu dandeessuufi Ganyaa Fardaa Farda Waqarii (Waaroo) dhaltu adda baasanii beekuudhajedhu,Teessuun Fardaafi Waaroon Fardaa garaa garummaa guddaa qabu.Garaa garummaan isaanii kunis akka isaan jedhanitti gabatee armaan gadii kanaan ibsameera.

| Lakka | Ganyaa Teessumaa | Waaroo Fardaa |
|---|---|---|
| 1 | Dhaabbata tolti | Dhaabbata hintoltu |
| 2 | Akka Sangaa Fardaa sakarti | Dandeessee hinsakartu |

Fakkii gabatee 4ffaaaddaa addummaaTeessuu Fardaafi Waaroo Fardaa agarsiisu.

Ibsa jechoota (yaadota) Gabatee keessaa kan Ganyaa Teessumaa

**Dhaabbata Tolti**. Dhaabbanni Teessuu Fardaa dhaabbata Sangaa Fardaa fakkaata.Ijatti miidhagdi Teessuun Fardaa ebeluu sangaa Fardaa fakkaatti jedhu jedhama.

**Akka sangaa Fardaatti sakarti**. Gombisas, ni taphatti, akka Farda colleetti sakarti. Fardi isheen dhaltu Farda collee ta’uudhaan beekkama jedhu.

Hawaasni yeroo Mammaakan

Dubartii dheertuufi Teessuun Fardaa

Dhala tolchiti jedhu.

Kana jechuun, dhalli isaanii Dinkii hin ta’u, kan dhaabbata tolu  dhalti jechuudha.

**Ibsa jechoota (yaadota) Gabatee keessaa kan Waaroo Fardaa**

**Dhaabbata Hin Toltu**.Mataatu itti ulfaata.Garaa guddatti,Miila jajallatti. Namoonni waaroo Fardaa hin bitan.Namoota dhukkubsatan mana yaalaa ittiin keessuuf,geessuufi midhaan ittiin dha'uuf itti fayyadamu. Wanta hinsakarreefi suuta tarkaaffachuu filattuufi jedhu.

Namni kana adda baasee beeku beekumsa fardi tokko ittiin horsiifamu beekuuf hin rakkatu jedhu.

Hawaasni mammaaksa Waaroo Fardaa ibsu yeroo mammaaksan ibsu

Maa mataa buustaree

Akka Waaroo Fardaa jedhu.Kuni gadi aantummaa waaroo Fardaa agarsiisa.

**C.Kunuunsa Fardaa Beekuudha**

Namni beekumsa Farda horsiisuu qabu tokkon tokkon qabxiilee armaan gadii kana beekuu qaba jedhu.

**Ganyaa Fardaa Sooruu Beekuudha.**Ulaagaa Horsiisa Fardaa keessaa inni biraan kunuunsuu danda'uufi Haala ittiin kunuunsan beekudha jedhu.Teessuu Fardaatii wanta barbaachisu guutuun dirqama jedhu.Teessun Fardaa Guyyaa rimaa'a qabdee jalqabee qulqullina ishee,qulqullina mana itti galtuu,kophaatti ishee baasuufi nyaata kanneen akka shunburaa,missira,garbuufi aajjaa yeroo eeganii kennuufin dirqama jedhu.

**Fayyummaa Fardaa Beekuudha.**Tokkon tokkon Farda horsiisaa jiranii fayyummaa isaanii ilaalaa deemun,ulaagaa horsiisa Fardaa keessaa isa tokko jedhu. Fardi uumama isaanitiin dhukkubarraa akka salphaatti hindandamatan dafanii mallattoo kanneen akka nyaata dhiisuu,namatti siiqanii nama suufuu ykn Fuunfachuu,mana saanitti galanii dhaabbachuu,sagalee aannaa (himimsaa) dhageechisuu,abbaa Fardaa duuba deemanii dhaabbachuufi kkf irratti mullata. Namni Farda horsiisuu qabu tokkoon tokkoon mallattoo kanaa beekuu qaba jedhu. Qabxiileen gara oliitti ibsaman kunneen Farda horsiisuuf ulaagaa murteessoo akka taa'an Obbo Taakkalaa Tasammaa, Obbo Abarraa Jiruufi Obbo Adaanaa Mangistuu cimsanii kaasaniiru.

Dabalataanis, Obbo Tadilaa Ayyaanoo Dhalaan Teessumaa irra caalaa ilmoo ba'aa (cimaa) dhaluu dandeessi. Kan jechuun,Ilmoo yaabbiif,Guksiif,Guluffiifi wantoota leenjisanitti cimaa ta'uu danda'u jechuudha.Kana jechuun garuu Fardi tokko waan dhalaa Teessumaa irraa dhalateef qofa cimaa ta'a jechuu miti jedhu.Erga ilmoon Fardichaa Farda ba'aa ta'uun isaa beekkamee Abbaan Fardichaa baay'ee gammadee kunuunsuu jalqaba.Haalli kunuunsuu kunis,harmi haadhaa akka aannan godhatee hoosiftuuf,haadha Fardaa nyaata adda addaa sirriitti nyaachisa. Aannan haadhaa fi nyaata haadhaaf qophaa'u hanga ji'a sadiitti( 3 ) erga fayyadamee (nyaatee) Ji'a sadiin(3) booda

nyaanni Fardichaaf ta'u, Aajjaa fi Garbuurraa qophaa'af jedhu.Akkasumas, Golaa fi Gorboon qophaa'efii keessatti nyaachuu jalqaba. Kana malees,Gola fardi itti galu ganama ganama yeroo hundumaa niqulqulleessu.Fardichas,torbanitti yeroo hundumaa si'a lama dhiqu.Haala kanaan Fardi Jiddaa cimaa ta'a jedhu.

### 4.2.2.Faayidaa Farda Horsiisuu Aanaa Jiddaa

Obbo Zallaqaa Tolaa Waa'ee faayidaa Fardahorsiisuu akkas,jedhu.Fardi qabeenyaa biyyaati. Fardi kan biyyaa waan ta'eef, biyyaafi ofiif Farda horsiisu. Dur namni Farda kan horsiisu:Maqaadhaf,Warra Fardaa jedhamuufi Galii irraa argachuuf horsiisu.Akkasumas,Byyaaf horsiisu.Aadaa Oromoo keessatti namni Sirnaqabunama Farda qabu yoo kadhate hindidamu.Fardi qabeenya biyyaati waan ta'eef,warriFarda hinqabnes, midhaan nyaate jedhanii hin dha'an, irraa hin ari'an. Qabeenya biyyaati jedhanii amanu. Fardi abbaa horsiisees, Biyyas ni fayyada jechuudha.

Akka uummata Jiddaatti namni hunduu Farda qabaachuu qaba. Maaliif Jidda Farda qabaachun dirqama ta'e jennaan amman beekutti Farda qabaachuun maqaa qabaachuudha. Ebelu Farda qaba yoo jedhan,nama hawaasa keessatti kabaja guddaa qabu jechuudha.Nama Farda qabuun ebelu Gurra qaba jedhu.Fardi gaaddisa qa'eeti jedhanii amanu.Kanaaf,namni hunduu Farda qabaachuuf,dirqama.Farda dhabuurra horoo (qabeenya) dhabuu wayya jedhu. Horoon horii fi hormaata jechuudha.Qabeenyummaan Horiifi Fardaa addaani horii baay'ee qabaachun soorummaa qofaa agarsiisa.Farda qabaachuun garuu ayyaantummaas ni dabalata. Namni Farda qabu kabaja addaa hawaasa keessatti qaba.Namni horii baay'ee qabu yoo du'e horiikee bakka itti gooteeree jedhanii boo'u.

Abbaan Fardaa yoodu'e, abbaa Daalee, abbaa Dhibbaa, abbaa Biyyaa yaaabbaa dirree jedhanii boo'u. Namni Farda kan horsiisu biyyaaf akka ta'e mullisa.Fardi nama keessatti lakkaawwama bakka namni namaaf dhaabbatu namaaf dhaabbata. Kanaaf, Fardi ilmoo dhiirati jedhu,Farda hunda hingurguran, kennaa godhanii dhala ofiitii malee alagaadhaa hinkennan, Fardi akkuma abbaati. Akka ilma angafaatti ilaallama ilma kennaa godhanii namaa hinkennan Fardi yoodu'ee ni awwaalu malee gadi gottotanii hingatan. Fardi qabeenya hagafa jedhu.Farda yoo horsiisan waa hundatu wajjiin jira jechuudha jedhu.Obbo Abarraa Jiruu qa'ee Fardi jiru jiidhatu jira Farda gurguruufis,hin hariifatamu, awaayin qa'ee sanarraa deema jedhu.Fardi gantuu miti, qa'ee warraa beeka, Fardi warrasaa beeka, Farda Asaffaa Hayilee baala silxaaniin tokko umnaan irraa fudhatee shaggaritti gallaan Woggaa tokko booda qa'ee warrasaatti deebi'ee gale.Fardi qabeenya kaaniifuu eebba. Farda yoo gurguran qabeenyi kaanuu ni bada kanammoo Jidda keessatti bakka baayyetti argine

jedhu.Kana jechuun Fardi kamuu hinbitamu,hingurguramu,Farda gurguranii faayidaa biroof hin oolfatan jechuu miti.Itti dabalaniis,Farda horsiisuun faayidaa baay'ee qaba. Farda horsiisuufi Farda horan keessaa Farda qa'ee kan akka ilmaatitti ittiin waammaman addaani.

Farda ofii hin gurguran jechuun Daalee ofii, Shaashoo ofii, Boora ofii hingurguran jechuudha malee Farda horsiisan gurguranii faayidaaf nioolfatu.Farda horsiisuu jechuun: Farda Qabaachuu, Farda Baay'ifachuu (Horachuu),Farda Faayidaaf oolfachuufi Soorummaa (warra Fardaa) ittiin mullisuudha jedhu. Kanas tokko tokkoon yoo ibsa itti kennan akkas,jedhu.

**Farda Qabaachuu**.Farda qaba jechuun; yoo Farda Collee fi Sangaa Fardaa qabaatee gombisaa, Gugsiidhaafi Gaafa cidhaa namni farda isaaf, jedhee amaamota isa kadhateedha.Nama akkasiitin Farda qaba jedhama.

**Farda Baay'ifachuu**. Farda baay'isuu jechuun Ganyaa dhalaa bitanii,horsiisuudha. Dur Jidda keessatti, Farda horsiisaa turan.Yeroo Akkaa Jiloo Farda 32 orsiisee qabu sanaduraayyuu namoonni Farda shantama,dhibba horsiisaa turan jedhama. Akkaa Jiloo Farda horsiisee soddomii lamaan ga'ee ture.Yeroo ammaa Jidda keessatti Fardi horsiisaatuma jiru. Garuu ammadurii miti.Namni yeroo ammaa giddu galeessaan Farda 1-6 caalaa qaban hin jiran jedhu. Dur nama Farda dhibba qabutu warra Fardaa jedhama.Amma ebelu Farda qaba jedhu malee warra Fardaa hinjedhan.Warra Fardaa jedhamuuf, Farda dhibbisuu qabda waan ta'eefi jedhu.Osoo Lafa akkaa Jiddaakanakeessatti Farda beekamaa kana horsiisanii Diinagdeef, Turizimiifi oolchaniiakka dur Farda shantamaafi dhibbaan horsiisanii warra Fardaa kan jedhu deebisanii faayidaan Fardaatis, ni beekama ture jedhu.

**Faayidaaf Oolfachuu.** Faayidaaf oolfachuu jechuun,kan gurguraaf,oolfataniifi kan yaabbii qofaaf oolfatan adda baasanii beekuudha. Sangaa Fardaa adda baafatanii akka ilmaatitti laalaniifi abbaa Daalee, abbaa Booraa, abbaa Magaal jedhanii ittiin waammamaniifiIlmoo Fardaatii hanga Labata Fardaatitti kan jiru malee Farda kaan kanneen akka: Ganyaa Fardaa, Teessuu Fardaa, Farda Collee, Farda Waqarii, gurguranii madda galii irraa ni argatu.Horsiisuunis kanumaafi jedhu.Jiruun ittiin gaggeeffatanis, gurguratanii qarshii isaan, mana ijaarratu. Horii aannanii, Sangaa qonnaa fi bara beelaa qallaba ittiin bitatu jedhu. Garuu rakkoo cimaan manatti ykn maatitti yoo dhufe malee Farda baasanii hingurguranis jedhu.Sababni isaa, Fardi gatiin isaa miyaa'adha, of harkaa baasnan itti deebi'anii bitachuun ni ulfaata jedhu. Inni biraa, Jidda keessatti Farda gurguramu gurguranii, akkuma galii irraa argatan, Guyyaa sirna adda addaa ittiin imaltuu dhaquudha.Faayidaan Fardaa kkf jedhu.Fardi Jiddaa kan beekkamtii qabu kun,amma barbaachisu madda galiitiif, hin oolle jenna.

**Soorummaaf.**Soorummaaf jechuun, horii baay’ee qabaachun soorummaa qofaa agarsiisa.Farda qabaachuungaruu ayyaantummaas ni dabalata. Namni Farda qabu kabaja addaa hawaasa keessatti qaba.Qa’ee isaa ayyaanatu jira jedhu. Dur nama Farda 25-100 fi sanaa olqabuun warra Fardaa jedhu ture. Yeroo amma Jidda keessa namni  Farda 1-6 tii olqabu hinjiru. Isaan garuu hundi isaanii warra qabeenya walii galaa qabuudha.Sangaa Fardaa qabaachuun, ayyaantummaa qabaachuu ta’uun gaarii ta’ee, Fardi Oromiyaa keessatti kabaja guddaa qabu kun seeran horsiifamee gulantaa qabeenyummaa mirkaneessan keessa galuu qaba.

**Farda Gurguraaf.**Fardoonni gurguraman gatii akka baasaniif, Ji’a tokkoof, Garbuufi Hamaaqixa nyaachisu.Farda Collee guksiifi gombisa sirriitti leenjisu. Akka Jiddaatti Baay’inaan, Farda Waktii Birraa Ji’a Saadasaa booda gurgurtaaf, Gabayaatti baasu. Kunimmo, Ganna nyaachisaa ba’u.Fulbaanaafi Onkololeessa waan bubbisuuf, Fardaa hinmijatu. Dirreenis,Waanjiidha hinfixanneef, Miilli Fardaa lafa seenee cabuu dandaa’a waan ta’eefi jedhu.Ilmoo Fardaa, labataa Fardaa fi Sangaa fardaa hingurguran. Ilmoon jiidha jiidha hin gurguran,labanni Fardaa asheeta asheeta hin gurguran, Sangaan Fardaa ilma angafa, Kabaja qa’eeti hingurguran ture Garuu yeroo ammaa hunduu gurguramaa jera.Fardoonni gurguraman kunis, Gatiin tokkoo tokkoon isaanii addaani, Fardi Colleen Jiddatti, akkuma dhaabbataafi bifa isaatti gatii garaa garaa qaba.Giddu galaan 35000-40000 ta’a jedhu. Teessuun Fardaa 25000-30000 ta’a.Ganyaan Fardaa 15000-20000, Fardi Waqariin 8000-10000 gurguramuu danda’u.Suuraan Farda adda addaa mullatanii kun Gabayaatti Jiddaatti geeffamanii  guguramaakan jiraniidha.



Fakkii6ffaa Fardoota Gabayaa Sixiitti Gurguraaf dhiyaatanii jiranii

Fardoonni gurguraaf,Gabayaa dhaabbatanii jiran kun, bay’inaan Farda Ganyaafi darbee darbee Farda Colleetu Fardoo dhaabbatanii jiran keessatti mullatu. Haala kanaan, Farda gurguramuu qabu gurguranii jireenya keessatti faayidaa adda addaaf oolfatu jechuudha.Yeroo bittaa gurgurtaa adeemsisan, kan bituu fi kan gurguru waliif kakatu, inni gurgure akka hingaabbinee fi inni bites,akka hingaabbineef Marga jiidhaa qabatanii kakatu. Dhimma kanarratti Obbo Abarraa jiruu yeroo horii gurguran harkuma walqabanii walsalaaffatanii walii kakatu, kan Fardaa maaliif, Marga jiidhaa qabatanii walii kakatu jennee gaafannaan, Fardi birmaduudha. Akka dhala ofiitti ilaallama,namni birmaduu fuudhu warra intalaa marga jiidhaan salaaffatee intala irraa fuudha.Intala tana akka ijoollee kiyyaatittan ilaala jedhee kakata. Namni Farda gurguru Farda miidhamaa hin gurguru yoo jedhu.Inni Farda bitus, qarshiidhaa jedhee Farda bitee hin binne hinjedhu jechuun walii kakatu jedhu.Namoonni Farda bitan umurii Fardaa laalanii bitu.

Umurii Fardaa karaa lamaan beeku.Tokkoffaan, ilkaan Fardaa ilaaluudhaani. Namni Farda bitachuu barbaadu Fardi inni bitatu dulloomaa,qancara, Farda daa’imaafi kkf ta’uu ilaala. Kunimmoo Fardi ilkaan ishee lammacha ta’e, ilmoo Fardaa Guulaadha.Ilmoon Fardaa arfacha ta’e tokkommoo Farda colleedha.Kanaaf,namni Farda Guulaa bituu barbaade ilkaan ilaalee lammacha bituu qaba jechuudha. Inni lammataa baay’ina eegee Fardaa ilaalaniiti. Rifeensi eegee Fardaa baay’inniifi dheerinni isaa umurii Fardichaa waliin dabalaa deema. Namoonni Farda beekan,eegee Farda bituu barbaadanii barruu harkaatin qabanii Fardi kun umuriin isaa woggaa kudhani woggaa digdama jechuun adda baasuun kan bituu barbaadan sana bitatu jedhu.

Fardi Jiddaa kan Sanyiin isaa gaarii ta’e bifa kanaan gabayaa keessatti mullatu kun Farda cimaa hintaaneen wal makee badaa jira.Sadarkaa biyyaatti amma beekamuu qabu hin beekamne, aadaa waliin amma walitti dhufuu qabu walitti hin dhufne. Akka Farda durii leenjii lolaa fudhachaa hin jiru.Fardi ammaa akka Farda durii bakka cidhaatti amala cidha ibsuufi Bakka gaddaatti bifa gaddaa ibsuun leenji’aa hin jiru.Akka turistiitti madda galii ta’ee uummata aanaa Jiddaa fayyadaa hin jiru.Sanyiin Farda jiddaa Sadarkaa addunyaatti hin beekkamne jedhu. Hanqina kana guutuuf, qaamni dhimmi ilaalu hundi irratti hojjechuu qabu jenna.

## 4.3.Beekkumsa Guddisa Fardaa Aanaa Jidda

Akka obbo Tadilaa Ayyaanoo Jedhanitti,Farda guddisuun beekkumsa barbaada.Fardi Ilmoo Fardaa irraa jalqabee aanga sangaa Fardaatti ulaagaa keessa darbu qaba jedhu.Akkuma salphaatti jiraatee Farda jaalatamaa taa'a miti.

Dhalatee Guyyaa tokkoffaa irraa eegalee Farda cimaafi jaalatamaa ta'ee guddachuuf,wantoota yeroo yerootti argachuu qabantu jiru.Sanammoo nama Farda guddisuu beekutu beeka malee Farda qabaachuudhaan mitii jedhu.Fardi tokko akka sirriitti guddatee dhaabbata miidhaguufi Collee ta'u,Ji'a tokkoo hanga ji'a sadii Ganyaa dhalte osoo alatti hinbaasin Nyaata isheedhaaf qophaa'e mana keessatti nyaachisuudha.

Beekkumsi guddisa Fardaa inni biraan, Qulqullina Ilmoo Farda sanaa eeguudha.Ilmaan Fardaa dhalattee akka sirriitti guddatteeSangaa Fardaa taatuuf, guyyaa lammataa irraa eegalanii bishaan qulqulluudhaan dhiquudha Fardi tokko akka sirriitti guddattuuf,torbanitti si'a lama dhiquun qulqullina isaa eeguun barbaachisaadha jedhuFardi beekumsaan malee hinguddattu, akkuma ilmoo dhala namaa Fardi gaarii ta'ee guddachuufkunuunsa addaa barbaada.Kanaaf, Fardi tokko sadarkaa umurii isaa waliin nyaata kennaafii deemuun,kunis,daakuu Garbuu fi daakuu Aajjaa bishaan qulqulluun qallisanii obaasuu,fayyummaasaa yeroo yeroon hordofaa deemuun guddina Farda tokkootiif murteessaadha jedhu.

Iccitiin inni guddaan Farda baay'ee colloomsu Fardi tokko dhalatee yeroo leenjii jalqabsiisan Damma Sonsaa nyaachisu yoodammi Sonsaa dhabame sonsuma sana margaan maranii nyaachisudha jedhu.Fardi damma sonsaa ykn sonsa nyaate farda baay'ee cimaa ta'ee guddata.Qorichaa fi Bilbila mormatti hidhuun aadaa gaariidha.Ilmoo fardaa ijarraa hambisa jedhu.Obbo Taakkalaa Tasammaa Beekumsi Farda guddisuu ulaagaa armaan gadii kana qaba jedhu.

### 4.3.1.UlaagaaGuddisa Fardaa Aanaa Jiddaa

Farda guddisuuf,irraa fagaataniis itti siiqaniis hin ta'u jedhu.Farda akka Waqarii hintaanetti guddisuudha.Guddisni Fardaa Golaaf Gorboodhas jedhu.Guddinni Fardaa nyaataafi leenjiidha, Fardi kan abbaati ykn abbaa fakkaata kan jedhamuuf,hasii jalqabeeti jedhu.Kan Farda guddisuu qabu abbaa Fardaa qafaadha.Farda hinqaqqaban ni tuttuqaa guddisu malee jedhu.Abbaa Fardaa malee abbumti fedhe gola Fardaa seenuus, hinqabu.kuni baramaadha. Abbaa waliin qofa guddachuu qaba  jedhu.Fardi tokko adeemsa kanaan guddifama.Ulaagaan beekumsa Fardaa inni ijoon,Nyaata Farda dhaltee,Nyaata ilmoo Fardaa, Qoricha ilmoo Fardaatiif kennuu ykn itti hidhuun akka guddattu taasisuudha.

### 4.3.2.AdeemsaLeenjii Fardaa Aanaa Jiddaa

Namoonni Leenjii fardaa irratti gaafataman Obbo Tadilaa Ayyaanoo,Obbo Abarraa Jiruufi Obbo Takkaa Naggasaa yootaa'an haala gadii kanaan ibsaniiru.Fardi amma leenjisan ga'a,kana jechuun Fardi Waqarii hintaane uummama isaatin wanta isa leenjisan hunda ni dandaa'a jechuudha.kana jechuun Waqariinleenjisanis, waan leenjisan hin qabattu.Farda ba'aa dhalatee Woggaa lama (2) booda isa leenjisuu jalqabu.Leenjin Fardaa Sakaallaafi Alangaan jalqaba jedhu.Sakaallaa jechuun,miila duubaafi miila funduraa Jilbaa ol walitti hidhuudha.Akkasitti hidhanii haadha waliin gadhiisu.Farda leenjisuu kan beekutu sakaala sakaallan Fardaa beekumsa qaba kan leejjisuu beekutu sakaala jedhu.Yeroo kanaa jalqabaniit, Damma sonsaa ykn sansa nyaachisuus jalqabu jedhu.

Inni biraa Alangaatu leejii Fardaaf, murteessaadha.Guyyaatti si'a lamaa sadi kan hincaalle hiixatanii xiqqeessanii fiixee Alangaan garafu kuni si'eessuu yookaan onnachiisuu jedhama.kun gocha yaabbiif leenjisuu duraati jedhu.Sadarkaan leenjii lammaffaan Yeroo Fardichi Woggaa  Sadi (3) guute miila arfan(4)n ulaagaa sakaalliitiin sakaalanii Ganamaafi Galgala yeroo qarri aduu cabe Alangaadhaan xuqaa urufa keessa hari'u.Erga haala sanaan dadhabsiisanii galchanii qaama isaa sirriitti irraa dhiqu.Nyaata isaa kennuuf,Kun yeroo hunda ta'uu qaba.Woggaa  tokkoof (1) erga hurufa keessa hariyanii ganna ji'a lamaan  boqochiisanii Woggaa Arfaffaa (4) Ayyaana Masqalaa bariituuSagaa Fardaa duukaa Yaabbatanii leenjisuu jalqabu jedhu.Abbaa Farda Sirriitti leenjisuu beekuufi abbaa Fardaatu Ganama osoo Aduun hinba'iniifi Galgala yeroo qarri Aduu cabe walitti fufiinssan Guksii,Sakara,Utaalcha,Fiigicha,Miliqqee,Olka'uufi kkf sirriitti shaakalchiisu.Jiddatti Fardi cimaa kanta'u haala kanaan leenji'eeti jedhu.Yeroo ammaa garuu akkuma arganitti leenjisaa waan jiraniif ga'umsi Farda Jiddaa amma durii irraa gadi bu'eera jedhu.

Lafti Oromiyaa Urufaa
Chee, chee jedhii Farda yaabbadhuu x2
Anis, hinafuu nandhufaa,
Mee taa'ii nagaggaafadhu x2
(Artist Taaddalaa Gammachuu)

Uummanni Oromoo Farda isaa leenjifatee dhimma isaa hunda Farda isaan yoodeeme lafti Oromiyaa fardaaf majataadha ergaa jedhu dabarsa.

## 4.4.Barbaachisummaa Fardaa Akka Jiddaatti

Obbo Tadilaa Ayyaanoo gaaffii gaafa Guyyaa 10/04/2016 Jidda keessatti Fardi baay'ee barbaachisaadhaa? Jedhee qorataan gaafateen Jiddatti namni Farda hinqabne nama miila hinqabne jedhan.Farda dhabuurra horii kaan dhabuu wayyaa jedhu.Jiddatti fardi akka ilmaatti ilaallama ilmimmoo qa'ee abbaati jedhu.Fardi jiruufi jireenya namaa keessatti bakka itti hinbarbaachisne hin qabu jedhu.Fardi abdaarii qa'eeti qa'ee fardi jiru jiidhatu jira,qa'ee Fardi jiru awaayitu jira. Fardi waan hunda jiraachisuuf,qa'ee namaa jiraachuu qaba.Wanti akka Fardaa barbaachisu hinjiru jedhu.

Obbo Abarraa Jiruu gaaffii Barbaachisummaa Fardaa irratti Qorataan gaafa Guyyaa 10/04/2016,Sa'aatii 11.00 irratti gaafatamaniif deebin isaan kennan,Fardi Sirnoota adda addaa keessatti baay'ee barbaachisa. Sirni Fardi keessa hinjiraanne kabaja hinqabu.akka Jiddaatti Sirni fardi keessaa dhabame akka nama uffata hinuffanneetti ilaalama jedhu.

Akka Jiddaatti sirnootni Fardaan faayaman:Guyyaa durba kadhaa dhaqan, Guyyaa ilmi fuudhu,Guyyaa gaddaa,Guyyaa ayyana Woggaafi Guyyaa waraanaati jedhu.Namni ilmaaf intala kadhachuu dhaqu warra intala kadhatamtuu Faaya fardaa Fardatti uwwisanii yaabbatanii dhaqu jedhu.Warri intalaas, kabaja Farda isaanii jedhee manaa ba'ee jedhanii intal kennuuf jedhu.

Namni ilma isaa fuusisu Farda kadhatee Fardaan amaamota isaa faayee dhaqa.Jiddatti kan cidha (sargii )namaa miidhagsu Farda.Farda malee fuudha dhaquun qaanidha jedhu. Inni biraa Guyyaa gaddaa namni Farda qabu kamuu yaabatee boo'icha (awwaalcha) dhaqa. Akka Jiddaatti Fardaan nama du'e geggeessu.Jiddatti Sangaan Fardaa malaaka rabbiiti, jedhamee fudhatama. Yoo Fardi namaa gadde namni jennata argata jedhu jedhama. Itti dabalaniis,Dur Fardi lolaaf barbaachisa ture jedhu.Farda waliin waaqni waan jiruuf namni Fardaan lola ba'e mirgaan gala waanta'eef jedhu.Egaa Fardi waanhundaanuu akka duriitti ilaalamaa hinjiru malee jedhan.

Gaafa ayyaana woggaa Jidda keessatti namni Farda qabu kamuu Farda isaa fudhateet, bakka ayyaanni itti kabajamu dhaqa,Keessumaa uummanni Jiddaa Guyyaa ayyaanni irreechaa laga Alaltuutti kabajamu,Guyyaa Ayyaanni Gordomaa kabajamufi Guyyaa Taabonni maaramii gaaleyyii ba'u.Farda isaanii faayanii achitti walga'u. Guyyaa sana tapha Fardaa hundatu agarsiifama kanaaf, Jidda keessatti Fardi waahunda waanta'eef baay'ee barbaachisaadha jedhu.Obbo Takkaa Naggasaa Barbaachisummaa Fardaa irratti akkas jedhu, akka aanaa Jiddaatti Farda dhabuun ayyaana dhabuudha jedhu.

Fardi Awaayidha kan akka fedhee yaata'u malee Fardi mana keetii dhabamuu hinqabu.Namni Farda hinqabne kabaja hinqabueebba dhabuudha. Namni tokko horii kaan amma fedhe qabaatee qa'ee isaa Fardi hinjiru, taanan qa'een ebeluu daaradha jedhu.Kana jechuun gogaadha ayyaanni qa'ee isaa hinjiru jechuudha. Fardi uummamaan lafa margi hinjirre gammoojjii hin filatu Lafa gammoojjittis, hinhoru bakka jiidha qabu filata.Qa'ee Fardi jiru jiidhatu jira kanjedhamuuf achirraa ka'eeti.Farda dhabuun Jidda keessatti jiidha dhabiidha jedhu.Jidda biyya Fardaa kan jedhaniifis,kanaafi jedhu miidhaa Farda dhabuun Jadda keessatti qabu yoo ibsan,Fardi qa'eedhaf ayyaantudha.Fardi gaaddisa qa'eeti.Qa'ee Fardi jiru bakakkaan hindha'u.Malaaka rabbiitu eegaa jedhu.Farda dhabuun Awaayii dhabuudha jedhu.Akka ibsa kanaatti, Fardi jiidhaan walqabata. Jiini immoo hormaata.Hormaanni diinagdeedhas,tasgabbii qorqalbii manaafi qe'eesanaati.kanaaf,jireenyi Farda Fardi qe'ee sana danboobsa akka jechuuti.

Akka Obbo Abarraa Jiruu Jedhanittis, Fardi Jarsa kan walole haraarsa,Kan wal hin beekne wal barsiisa,Namni wal lolee wal ajjeesuuf illee walbarbaadu karaa qaxxaamuraa irratti yoo walitti dhufe dhaabatee waldabarsa yooFardi darbuu didee ofii walitti deeme namoonni sun dirqama waldubbisanii harka walfuudhanii erga Fardi isaanii waldabarsanii galu yookan imala dhaqu, Yoo haraaramuu didan balaa biraa cimaadhaf,saaxilamu guyyaa sana nagaa'an baa'anii hin galan, kuni tumaa rabbiiti jedhama. Durii qabee Jidda keessatti kanuma dhaga'aa guddanne jedhu.Kanaaf Farda horuun nagaa,jaalalaafi tokkummaa baay'ifachuudha.Farda gaafa nagaa ittiin bareedan;gaafa hamtuu ittiin hari'anii qabu.Farda waan hundaaf namaa oolu kana diduun, kabaja, jaalala isaaf qaban sana diduudha. Kana diduun immoo hamtuu waan qabuuf, safuu sana sodaa haraarri bu'a jechuudha jedhu.

Aadaa Oromoo keessatti Namni kamuu akkuma argetti Farda yaabbatee walbira hindarbu, Jaarsa,Dubartii,Nama fuudha dhaqu,nama fuudhee galu,Horii bobba'u,Horii galu,Gosa hangafaa fi kkf Fardarraa bu'anii dabarsu malee hinqaxxaamuran.Yoo wal hinbeekne balbalaafi gosa walii walitti himanii Farda keerra sabulchu waliin jedhanii walbaranii walbira darbu.Namni Farda qabatee akka barbaade walbira hindarbu walbaree darbuun dirqama.Kanaaf,bakka Fardi itti hinbarbaachifne hinjiru.Fardi bakka hundattiakka qajeelchituu jireenya waa undaatti fudhatama jedhu.

Obbo Asaamminoo Birraatuu Itti gaafatamaa WATkan ta’an, Afoola Yaada kana ibsu isaan gaafannaan Geerarsa armaan gadii kanaan deeggaranii dhiyeessineerra. Fardoonni tarree galanii, jiran kun Suuraa gaafa argisiisa Fardaa WATAJ Dirree kubbaa miilaa aanichaa irratti qopheesse irraa fudhatame.Namoonni geerarsa aadaa dhiyeessaa walharkaa fudhaa walii baasaa geraruun argisiisni adda addaa Fardaan agarsiifameera. Fardi bakka hundatti barbaachisaa ta’uu ergaan argisiisa Fardaafi geerarsia dhiyaate ni hubachiisa.

Eemmoolee yaa garbaciisaa
Dalee maltuu walqixeessaa/2/
Collee kennaa uummamaa
Tajaajliltuu hunduumma
Afa hunda situ deemaa
Yeroo fudhaa ,yeroo heerumaa
Yeroo du’aa,yeroo cidhaa
Qabaneesituu dubbii gumaa
Sin miidhgaa wantii hundumaa
Gootni fayyaadhaf si yaabbataa
Hora dhugdee garbuu nyaatta,
Faayaan kan kee waliin tolaa/2/


1

2


Fakkii 7ffaaFakkii Guksiif Geerarsaan Dirree yeroo seenan Agarsiisu

Daalee soorte moo hin soorre yaa jaalee
Daalee bitaadhan simala mirgaan qabdanii
Goota goota rakkinaatti himatanii

Daalee soorte moo hinsorre yaajaalee

Chee, chee, chee, jedhii bitaan garafadhu

Ari'ii darbadhu mirgatti galfadhu

Daaleen Farduma yaa gadhee

Abbaa sooree yaabbata malee.

Lafa qonneen waa'ee bultitii

Fardaa binneen waa'ee gugsitii

Che chee yaa Fardaa koo itti hammari garbuu

Akka koraa darbu

Jechuudhaan gaafa Haraaraa, gaafa Cidhaa, gaafa Gaddaa,gaafa Gugsii,gaafa ayyaana Woggaa,gaafa Jilaafi kkf hunda keessatti Fardi barbaachisaa akka ta'e geerarsa kanaan himu.

## 4.5.Farda Qabaachuun Hawaasummaa Keessatti Ga'ee Qabu

Akka Obbo Abarraa Jiruufi Obbo Tadilaa Ayyaanoo jedhaniiti, namni Farda qabu hawaasa keessatti, kabaja addaa qaba.Karaa irratti namni isa hin qaxxaamuru, Yoo waliin deemaa jiraatan yoo Farda yaabbatee jiraates,lafoo deemaa jiraates, abbaan Fardaa kun yoo jiraate isatu dura deema,lagas isatu dura cee'a. Kunis, Abbaan Fardaa qixa nama biyya eegu tokkootti ilaallama jedhamee amanama waan ta'eefi jedhu. Akkasumas, guyyaa cidhaa, guyyaa gaddaas, namni sangaa Fardaa qabu dura bu'ee deema.Yeroo inni Fardarraa bu'es, Kabaja isaatirraa kan ka'e namoonni hundi itti fiiganii dubbisu,akkasumas, Farda isaa irraa fidanii harkisaniifii amma bakka ga'uu qabu ga'utti waliin deemu. Ni kabaju, ni jaalatu,kunimmoo Kabaja isaatirraa kan ka'e namoonni waan dhugaatiifi nyaata affeeraniif, namni isa waliin jiru fayyadamaas, waata'uufi jedhu. Kanaafuu namni Farda qabu tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti kabaja addaa qaba jechuudha jedhu.

Kanaaf, Yaa abbaa Fardaa Jabaa maal affartaa

Bulee soorii Gobisa dhaqnaa

Yaa abbaa Fardaa maal affartaa

Siduuba jirraa ka'i daangaa dhaqnaa. Jeadhanii kahoo taphataa abbaa Fardaa jeju,

## 4.5.1.Dhuftee Farda Jiddaa

Obbo Tadilaa Ayyaanoo gaaffii gaafa Guyyaa 11/04/2016 Fardi Jiddaa bakka hundatti cimaadha jedhamukun Sanyiin isaa eessaa dhufe laata moo ka'umsi isaa Jidduma jedhamanii qorataadhan gaafataman. Fardi harra balbala mana Jiddaa keessa jiru kun Sanyiin isaanii bakka lamaa walitti dhufan.Fardi kaan durumaan Dachee Jidda jedhamu kanarra kanturaniidha. Kaan immoo Awustiraaliyaadhaa Mootii Milinikiin kan dhufaniidha.Sanyii Fardaa kana lamaattu walitti diqaaloman jedhu.Kunis,Mootiin Awustiraaliyaa Mootii Itiyoophiyaa yeroo sanaa Milinik bira dhufnaan Mootichi Milinik daawwannaadhaf,gara biyya Jiddaa fide jedhama.

Lafti kun Fardaaf mijataadha Marga Fardaaf ta'us niqaba kanaaf Farda dhedheeroo ta'an siifan kenna lafa kana irratti horsiisi jedheenii jennaan. Mootichi Milinik itti walii galee Farda kormaafi dhalaa Awustiraaliyaadhaa fidanii Jidda galchan.Fardi harra Jidda keessa jiru kun kan lamaanirraayyuu diqaalomeedha jedhu.Mooraan Fardaa Mooticha Milnikiinijaarraman yeroo ammaa aanaa Jiddaa gandoota adda addaa keessatti argamu.

Obbo Takkaa Naggasaa Namoonni Jiddaa yeroo Ayilasillaaseekeessa Ganyaa Fardaa bakka Mooraa Fardaa kanatti Fidanii dubbulloodhaan Dungulaa Fardaa yaabsifataa turan jechuun, yaada kana deeggaru.Obbo Abarraa Jiruu garuu yaada kanaan ni mormu.Fardi Jiddaa durumaan Jidda keessa jiru.Kan Alaa dhufee itti makame hinjiru jedhu. Yaada ka'e kanaaf ragaan keenyu yaaduma Jaarsoliin kuni dhiyeessani.Inni tokkoffaan Obbo Tadilaa Ayyaanoo nama baratee hooggansa adda addaan Jiddaafi biyyoota Itiyoophiyaa bakka adda addaa keessatti hojjetaa tureefi nama waa'ee Fardaa qorachaa ture kan taa'aniidha. Lmmaffaan Mootiin Milinik Jiddatti Mooraa Fardaa hijaaree Farda horsiisaa turuun isaa beekamaa ta'uu Maanguddoonni hunduu ni fudhatu. Sadaffaan namni yeroo Mooticha Hayilasillaasee bakka mooraa Fardaa sanatti qacaramee Farda horsiisaafi eegaa ture Obbo Takkaa Naggasaa namoonni Jiddaa Ganyaa isaanii fidanii dubbulloodhan yaabsifachaa turan jechuu isaati.Garuu Yaanni kun ammaayyuu qorannoo gadi fagoo barbaada jenna.

## 4.5.2.Sadarkaa Farda Aanaa Jiddaa

Akka Obbo Taakkalaa Tasammaa jedhanitti Jiddatti Fardi Sadarkaa adda addaa keessa darbuun, beekkama innis, umurii isaanii irratti hundaa'uni.Isaaniis,Sadarkaan Fardaa Ilmoo Fardaatii hanga Sangaa Fardaatitti jira. Kunis, Ilmoo Fardaa,Ilmoo Farda Labata, Ilmoo Fardaa Guulaa, Farda Collee,Sangaa Fardaa fi Farda dhalaa jedhamuun beekkamu jedhu.

Umuriin isaan ittiin adda baa’anis, Ilmoon Fardaa Woggaa 0-2 ilmoo Fardaa jedhamtee waammamti.Woggaa 3-5 Labata Fardaa jedhama.Woggaa 6-10 Farda Guulaa jedhama.Woggaa 11-20 Farda Collee jedhama.Woggaa 21-30 Sangaa Fardaa jedhama.Sanaa ol Farda dulloomaa jedhama. Mana isaaf qophaa’etti galee soorama jedhu.Tokkoon tokkoon isaanitiis,akka armaan gadii kanatti ibsi itti kennameera.

### 4.5.2.1.Ilmoo Fardaa

Obbo Zallaqaa Tolaa Waa’ee ilmoo Fardaa kan jedhamtu Woggaa 0-2tti.Itti dabalaniisi Ilmoon Fardaa gammachuudha. ,Jiidha,Jiidhi rooba, roobni jiidha ni magarsa kan roobni magarsu kan hundaati.Roobni kennaa hundaati.Ilmoon Fardaa gaafa dhalattu hundatu gammada jedhu. Namoonni nama ilmoon Fardaa dhalteef bira dhaqanii Fardi baga nuuf dhalate jedhu.Dhaltuu yootaate nuuf yaahortu, Kormaa yoota’e nuuf yaalolu jedhanii eebbisu.Dur namoonni Farda dhaltee nyaata geessu turan namnii hunduu Fardi abaluu dhalte jennaan nyaata qabatanii dhaqanii eebbisanii galu jedhu.Ilmoon Fardaa akka jedhanitti yeroo ammaa kanas, ilmoon Fardaa kabajaa fi jaalala addaa hawaasa biraa qabdi. Namoonni hunduu ilmoo Fardaa akka jiidha ykn qabbanaatti ilaallamti,jechuun sadarkaa jalqabaarra kaa’u.Suuraan ilmoo Fardaa walirraa garagartee jirtuu gaafa Guyyaa 08/06/2016 Mooraa Mana Barumsaa ganda Ariyaa Qalaaxee keessatti kaafamte.Ilmoon Fardaa kanneen sadan immoo toora miidi’aa irraa buufaman kunis, Sadarkaa Fardaa argisiisuu qofaaf itti fayyadamna waanta’eefi.



Fakkii 8ffaaFakkii Ilmoo Fardaa Agarsiisu

### 4.5.2.2. Ilmoo Fardaa Labata

Akka Obbo Tadilaa Ayyaanoo jedhanitti, Sadarkaan Fardaa inni itti aanu ilmoo Farda LabataaWoggaa 3-5 tti kan jiruudha.Yeroo garmalee fiigee taphatu, yeroo ofii isaatii fiigichaa itti shaakaluudha.Yeroo abbaan Fardaa waliin taphatee, tuttuqee ilaaluu jalqabuudha. Fardi LabanniAsheeta bakka buuti jedhu.Asheeta hundatu jaalata ilmoon Fardaa Sadarkaa kanatti,akka daa’ima reefu waa hunda baruuf gaaffii baay’isuutti ilaallamti.

Kunis fiigichaan asiifi achi utaaltee taphachuu jaalatti.Kanatu daa'ima gaaffii baay'istuun walfakkeessa jedhu.Sangaa Fardaa ta'uun ishees sadarkaa kanatti beekkama.Kuni sadarkaa Fardaa lammaffaadha jedhu.

Suuraan Ilmoo Farda Labataa kan lakkoofsa 3ffaa irratti argamu kun Guyyaa 22/03/2016 qa'eeObbo Takkaa Naggasaattii kan Ganyaan isaanii dhaltu kaachisuun kan kaafame yoo ta'u, 1ffaa fi 2ffaan toora intarneetii irraa fudhataman kunis,sadarkaa Fardaa argisiisuu qofaaf waan itti fayyadamneefi.

1  2  3 

Fakkii 9ffaa Fakkii ilmoo Farda labataaAgarsiisu

#### 4.5.2.3.IlmooFardaaGuulaa

Akka Obbo Tadilaa Ayyaanoo ibsanitti, Sadarkaan Fardaa inni Sadaffaan, Woggaa 6-10kan jiruudha.Ilmoon Fardaa Umurii kanatti akka leenjituuf yeroo miilaafii harka walitti hidhanii haadha walini gadhiisaniidha. Yeroo kanatti yeroo shaakala abbaa Fardaatin itti jalqabduudha.Umurii kanatti haadhan adda baasuun yeroo Fiigichaafi guksii shaakalchiisuu itti jalqasiisaniidha.Moggaasni maqaa ishii kunis, waan garmalee umnaan fiigduufguule kan jedhu irraa dhufe jedhu. Kunimmoo garmalee hoo'e (fiigichaa umnaa olii keessa gale ) jechuudha.Maqaan kun sadarkaa kanatti ilmoo Fardaa Kormaa qofaatu ittiin waammama jedhu. Suuraan Ilmoo Farda Guulaa agarsiisuuf fudhatame keessaa suuraa 2ffaan Guyyaa 22/03/2016 Obbo Taakkalaa Tasammaa ilmoo Farda Guulaa nutti agarsiisaa jennaan Ganda Horoo Aabbuu mana Obbo Fiqaaduu Lammaatti nugeessanii qa'ee isaanitii kan kaafanne yoo ta'u, kanneen hafan lamaan immoo Intarneetii irra fudhatame.

**1** **2** **3**



Fakkii 10ffaaFakkii Farda guulaa Agarsiisu

## 4.5.2.4.Farda Collee

Obbo Abarraa Jiruu fi Obbo Tadilaa Ayyaanoo Fardi colleen umurii Woggaa 11-20 kan jiruudha jedhu. Wantoota baay'eedhaan Farda kanneen irraa adda ta'a jedhu.Moggaasni maqaa isaa jecha saffisa,ariifataa kanjedhurraa dhufejedhu.Obbo Takkaa Naggasaa immoo Maqaan Farda Collee jedhamuu, maqaa nama qaalluu baatu,maqaan qaalluu isaas, collee jedhamu Farda sadarkaa kanaa kan collee jedhee waamu qabutti moggaafamee hafe jedhu.Hiikni jecha collee jedhuu jalqaba maalirraa akkaa dhufe qorannoo biraa barbaadus,Fardi maqaa kanaan waammaman umurii walfakkaataa qabu.Fardi Colleen akkuma maqaa isaa uummamuma isaatin,amaloota Fardoota kaanirraa adda isa taasisu qaba.Isaanis, Cimina isaa,beekumsa isaa,Bareedina isaa,Waan hundatti dafee leenji'uu isaa,Nyaata filatee nyaachuu isaa, qulqullina eeggachuutti gammaduu isaafi kkf Farda kaanirraa adda isa taasisa jedhu.Ibsi amaloota Farda Collee akka gadii katti kennameera.

**Cimina Farda Collee.**Farda colleen cimaadha jechuun Wantoota itti leenjisan hunda dafanii qabatu (leenji'u),Kabaja guddaa abbaa isaanitiif kennu,kan gaddeewwajjin gaddanii kan gammadeewwajjin gammadu.

**Beekkumsa Farda collee.**Wanta hunda itti yaadanii hojjetu, Yoo beela'an, yoodheebbotan, yoodhukkubsatan ni himatu gocha isaanii kana ijaan,miilaan,gurraanifi qaama adda addaatiin argisiisuun dabarfatu.Amanamoodha.Nama fuudhanii baa'anii dhiisanii hingalan jechuudhaaan maanguddoonni kun cimina Farda collee ajaa'ibsiifatan.Akka Maanguddoonni kuni jedhanitti Fakkeenya Farda Collee Suuraa armaan gadii kanaan agarsiifameera.

1  2  3 

Fakkii 11ffaaFakkii Farda Collee Agarsiisu

## 4.5.2.5.Sangaa Fardaa

Akka Obbo Taakkalaa Tasammaa jedhanitti.Sangaa Fardaa kan jedhamu Woggaa 20-30 yoo ta'u, Farda umurii kanatti Wanta baay'ee beeka.Sangaan Fardaa Yeroo gaddaa ni gadda yeroo cidhaa garmaamee gammadee taphata,Yeroo gugsii akkatti taphatu beeka yeroo Gombisaa akkamitti fiigee akka moo'atu beeka warri durii akka nutti himanitti dirree lolaatti akka loltuu tokkootti miliqee kan irra taa'ee lolu gargaara ture jedhu.Sangaan Fardaa qaama isaa kan akka miilaa,gurraa,ijaa,gaammaa fi eegee isaa fayyadamee waan keessa isaa jira himata: Yoo beela'an, yoodheebote, yoodhukkubsate ni himata. Gocha isaa kana ijaan, miilaan, gurraanifi qaama adda addaatiin argisiisuun dabarfata. Akkasumas, Amanamoodha. Nama fuudhatee baa'ee dhiisee hingalu, Kunimmoo Fardoota kaanirra adda isa taasisas jedhu.Suuraa Sadarkaa Sangaa Fardaa agarsiisu kan Maanguddoonni gaafanne nutti himan akka armaan gadii kanatti agarsiisneerra.Suuraan Farda Sadaffaarra jiruu Onkololeessa, 24/2016 aanaa Jiddaa ayyaana Irreechaa irratti kan kaafame, yoota'u suuraa tokkoffaafi lammaffaan fakkeenya Sangaa Fardaa cimsuuf dabalameera.

Walumaa galatti akka Obbo Tadilaa Ayyaanoo jedhutti aalli qoodinsa umurii Fardaa kuni qoodinsa umurii namaa waliin walfakkaata jedhu.

1  2  3 

Fakkii 12ffaa Fakkii Sangaa Farda Agarsiisu

#### 4.5.2.6.Farda Dhalaa (Ganyaa)

Obbo Takkaa Naggasaa akka jedhanitti Fardidhalaan qaama saalaa isaanii irratti hundaa'un kan Farda kormaa irraa adda taa'aniidha. Isaanis, Goromtii, Ganyaafi Ganyaa Teessumaa jedhamuun Sadarkaa kana jalatti waammamu jedhuHoruuf kan fayyadaniifi Yaabbataniis imaltuu kan dhaqaniidha akkuma Farda kormaatti waahuda beekti.Irra caalaa garuu hormaata Fardaaf fayyaddi jedhu.Suuraan Ganyaa lakka 1ffaa Guyyaa 20/03/216 yeroo raga funaannachuu deemnu argannee kaasne.

1  2  3 

Fakii13ffaaFakkii Ganyaa Fardaa (Farda Dhalaa)

### 4.5.3.BeekumsaKunuunsa FardaaAanaa Jiddaa

Obbo Takkaa Naggasaa fi Obbo Abarraa Jiruu gaaffii Farda kunuunsuun beekumsa addaa qabaa?jechuungaafa Guyyaa 10/04/2016 Sa'aatii adda addaatti isaanii taasifameen,Obbo Abarraa Jiruu Farda abbaan arge hinkunuunsu,Abbuma Fardichaatu kunuunsa jedha.kunis,Waalamaafi jedhu,tokko michuummaa ykn hiri'ummaa isaan lamaan gidduu jiru cimsuufi,inni lammataa gaafa dirreetti ba'es, umnaan Farda ormaatii gadi akka hintaanetti waan kunuunfatuufi jedha.

Obbo Takkaa Naggasaa Fardi yeroo nyaata barbaadu,Bishaan dhuguu barbaadu,Dirreetti ba'uu barbaaduufi Dhiqachuu barbaadu nama hundatu beeka osoo hin taane abbaa Fardaatitu beeka. Namoonni biroon ubachuufi hindanda'an,Fardichis, abbaa isaa yoo arge wanta rakkate itti himata.kanas,Miilan lafa rukutuudhan,gurra isaa waliin rurukutuun,ijaan qilimmisee abbicha ilaaluun rakkina isaa himata. Abbaan Farda kunuunsuufiAbbaan Fardaa ta'ii (gocha) Fardi agarsiisu kanaan beekajechuudha  jedhu. Inni biraa ulaagaa armaan gadii kan beekuudha jedhu.

### 4.5.3.1.Nyaata Fardaa Beekuu

Obbo Tadilaa Ayyaanoofi Obbo Abarraa Jiruu waa'ee nyaata Farda Jiddaa akkas, jedhu.Fardi Waasadi: Tokko Ganyaadha.Lama Gorboodha.Sadi Gola.Fardi kana sadaniin tola jedhu.Gorboon bakka nyaata Fardaaf itti kennani Fardi Ganyaa gaariirraa dhalate Gorboodhaa nyaata dhabnaan Fada waqarii ta'ee hafa.Fardi Gorboodhaa bannaan ala hinjiru jedhu.kana jechuun nyaata isaaf malu dhabnaan, dirree irratti nidadhaba jachuudha.Obbo Tadilaa Ayyaanoo Fardi nyaata malee naafa jedhu.Lafaa hinka'u, maqaa tokkollee hinqabu,Fardaaf nyaata kanneen akka:Marga Qumuxxee, Marga Amaaqixaa, Garbuu Dheedhii,Shumburaa,Xaafii Asheetaa,Aajjaafi kkf tantu kennamaaf jedhu.Nyaanni Fardaa kun yeroodhan barbaaddamee kaawwama.

Sana booda Fardi amma quufutti nyaata kanatu Farda tookko Farda jechisiisa.Farda horre jechuunis,kana jedhu.Kanas, Geerarsa armaan gadii kanaan mirkaneessu.

Daalen Farduma , yaa gadhee
Abbaa sooree yaabbata malee
Eemmoolee yaa garba ciisaa
Dhufe abbaan daalachadiimaa
Tanaa gadis xaafii calleessanii /2/
Ilma namaa qeerroo jabeessanii /2/
Eemoolee yaa abbaa Fardaa
Bulee soorii gombisa dhaqnaa /2/
Qabi sagalee yaa abbaa
Fardaa bulee soorii gombisa dhaqnaa
Eemolee yaa Fardaa  buleef
Gaachana bitan ilmaa/2/
Eemmoolee yaa goota koo
Buleen garbuu soorataa/2/

Hayyee  yaa abbaa odolchaa

Itti hammaari garbuu akka kooraa darbuu

Akka geerarsa kanaatti Fardaan gombisa dhaquu dura garbuudhan sooruun akka barbaachisuufi Fardi Garbuu soorate cimaa akka ta’e  agarsiisa. Suuraan gaditti agarsiifame kun nyaata Fardaa keessaa muraasa yoo ta’u, Akka Obbo Takkaa Naggasaa nutty himanitti,Suuraa 1ffaan Garbuu hin dhaa’amnee fi Coqorsa gage yoota’u, 2ffaan Amaaqexa, 3ffaan Marga Qumuxxee fi Shumburaafi 4ffaan Marga Qumuxxeefi Firee Garbuuti. Nyaata Fardaa kana irra caalaa Sangaa Fardaa yeroo hunda nyaachisu jedhu.

1   2 

3  4 

Fakkii14ffaa Fakkii nyaata Fardaa Agarsiisu

## 4.5.3.2.DhukkubaHormaata Fardaa Miidhan Beekuu

Obbo Tadilaa Ayyaanoo yeroo waa’ee kanaa ibsan Fardi amala isaatin danda’ee dhukkubarraa hinhafu.Keessumaa dhukkuba Fardaa kan jedhamu bu’ee (dhufee) jennaan Farda baay’ee miidhuu danda’a jedhu.Dhukkuba Fardaa jedhamanii akka aanaa Jiddaatti kan beekkaman Lolaa ,Bichee,Cittoofi Bokoksaa jedhama jedhu.

**Dhukkuba Lolla’aa.** Dhukkubni kun Farda tokkorratti mullannaan dafanii qoricha hobaasuudha.Kana hintaane taanaan, waan daddarbuuf,yeroo xiqqootti Farda baay’ee fixuu daa’a jedhu.Amalli dhukkuba kanaa akka garaa ciniinnaa gochuun albaatii walirraa hin cinne albaasee yeruma dhiyootti ajjeesuu dandaa’a jedhu.Dhukkubni kun Farda hunda qabuufi miidhuu yoodandaa’eeyyuu irra caalaa Sangaa Fardaa irratti baay’inaan mullata.

Sababni isaa dheeda margaa irraa waandhufuuf,Sangaan Fardaa yeroo hunda laga bu'ee waanhindheennef,garaan isaa waanwallaaluuf dafee dhukkubichaaf saaxilama waanta'eefi jedhu.

**Bichee.**Dhukkubni kun jedhu Obbo Tadilaan, Kottee Fardaa kokotteessaa qaba.Yoo yerootti qoricha itti gochuu baatan yeroo dhiyootti Farda naafessuu danda'a jedhu.Dhukkubni kun Farda hunda qabuufi miidhuu danda'a.Irra caalaa garuu Farda qulqullinni isaa hineeggamne dafee qaba jedhu.

**Cittoo.**Dhukkubni kun guutummaa dhagna Fardaatti yaa'ee nyaata,yoodafanii qoricha itti gochuu baatan qaama Fardaa kukkutuu danda'a, akka hinyaabbatamne taasisa qabee torbee lamaan booda ajjeesuu danda'a jedhu.Keessumaa dhukkubni kun ilmoo Fardaa umurii Woggaa sadii (3) haga Woggaa afurii(4) jiranii fi Ganyaa Fardaatti baay'ee cima jedhu.

**Bokoksaa.**Bokoksaan dhukkuba Fardaa beekkamaadha.dhukkubni kun bara Fardatti cimu qaba jedhu.Keessumaa Ji'a Waxabajjii gara jalqabaarra yeroo roobni roobee calcalliin marge Fardi isa dheedde garaa bokoksaan qabamti.Farda yeroo kana akkuma barbaadanitti bakkeetti hin baasan akka tasaa dhukkubichaan yoo qabameeyyuu dafanii qoricha itti gochuu qabu yooqoricha itti naquu baatan dafee ajjeesa jedhu. Akka Obbo Tadilaa Ayyaaoo jedhanitti, Suuraan Farda gaditti fudhataman kunneen Fakkeenya Farda dhukkubaan qabamanii yoo ta'u.Suuraa 1ffaan Farda dhukkuba Bicheetin qabame yoo agarsiisu,2ffaan dhukkuba Cittootin kan qabamte yoo taatu,3ffaan dhukkuba hukaadhan qabamte.4ffaan dhukkuba Bokoksaadhaan kan qabamte agarsiisuu himu.


1

2


3


4



Fakkii15[ffaa]Fakkii Fardoota Dkukkuba armaan olii kanaan miidhamanii (qabamanii)

### 4.5.3.3.Qorichoota Farda Dhukkubsatanii

Obbo Abarraa Jiruu akkuma dhukkubni Fardaa jiru Qorichi Fardaas jera jedhu.Qoricha Farda dhukkubsatee nama kutuu fi nama hobaasu ykn dibutu jira malee abbumti fedhe qoricha fardaaf hinkennu jedhu. Qorichoonni kunis,Baala Reenjii,Baala Hosolee,Baala Bokkolluufi Bishaan Hoo'aafaadha.Obbo Tadilaa Ayyaanoo haala itti fayyadamaa fi qorichoota Fardaa aanaa Jiddaa akkanatti tokko tokkoon ibsa irratti kennaniiru.

**Baala Reejjii.** Baalli Reejjii qoricha Fardaa beekkamaadha.Dhukkubni Fardaa bokoksaa jedhamu yeroo Farda qabe,baala Reejjii mooyyee qulqullina qabutti tumanii erga sirriitti bullaa'ee xiqquma bishaaniin qallisanii Cilfaa mukaa walakkaa hobaasu garaan Fardaa dhukkuba kanaan bokokee dhoo'uu ga'e bakkumatti fayyee iddootti deebi'a jedhu.Qoricha kana dur nama Farda qabu hundatu oddoo isaa keessa dhaabee qaba amma garuu erga wanti talaallii Fardaa jedhamu kuni dhufee dhaloonni dagataniiru jidhu.Qoricha kana wanti adda godho Fardi dhukkuba bokoksaan qabamtee baala Reejjii hobaasan deebitee dhukkuba kanaan hin qabamtu dhukkubicha keessaa balleessa jedhu.

**Baala Hosolee.**Baalli Hosolee dur qoricha Fardaa baay'ee beekkamaadha.Garuu yeroo ammaa dagatameera.Baalli Hosolee dhukkubni lolaa jedhamu dhukkubni Farda baay'ee miidhuu danda'u yoo Farda qabe Cilfaa mukaa tokko Farda hobaasu jedhu.

Dhukkubni lolaa Farda albaasuun beekkama.Baala Hosolee hinobaasne taanan torbee hinguuchisu.Qorichi kun yeroo tokko Farda dhukkuba Lolaatin qabame hobaasnan dhukkubichi deebi'ee qabuu dhiisuu dandaa'a. Garuu dhaloonni ammaa qoricha kana dagataniiru jedhu.

**Bishaan Hoo'aa.** BishaanHoo'aan dhukkuba bicheetif qoricha jedhu.Dhukkubi kun miila Fardaa kokotteessee qaba yeroo Fardi dhukkuba kanaan qabamte ganama bariidhan kaa'anii bishaan alaa waraabanii ganamuma sana qodaa (hokkotee) ittoon (waxiin) itti hojjetamee hinbeeknetti hoo'isanii baala ceekaa jedhamuun dhiqu.Baalli ceekaa dur gaara calalaqaa jira amma badeera jedhu Guyyaa walitti aanu guyyaa sadiif (3)f harka tokkoon (namuma) duraan dhiquu jalqabeen dhiqu nifayya jedhu.

**Baala Bokkolluu.** Baalli Bokkolluu Farda cittaa'eef qoricha.Dhukkubni cittoo jedhamu yeroo Fardatti yaa'e baala kana tumanii ittiin dhiqu.Dhukkubni kun baay'inaan Ilmoo fardaatti baay'ata.Yeroo dhukkubni kun Farda qabe yookan irratti mullate baala kanaafi Fardicha

lagaqabatanii bu’anii lagumatti dhakaa irratti baalicha tumanii Farda cittaa’e ittiin dhiqu. Kunis, dur malee amma hafeera jedhu.


1

2

3

4

5

Fakki16[ffaa]Fakkii Qoricha Farda Dhukkubsatee Agarsiisu

## 4.5.4.Aadaa Itti Fayyadama Fardaa

Akka Obbo Tadilaa Ayyaanoo jedhanitti, Oromoo Jiddaa biratti, Farda bakkuma arganiifi akkuma argatanitti yaabbutu osoo hintaane aadaa itti fayyadamaa qaba. Yeroo sirna fuudhaafi heerumaa,Yeroo Duulaa(Waraanaa) Yeroo Sirna Gadaa adeemsisan,Yeroo Sirna Boo’ichaa,Yeroo Ayyaanatiifi kkf irratti itti fayyadamu. Yeroo chidhaa Faaya fardaatin yookan uffata aadaa Fardaatiin miidhaksanii Fuudha ittiin dhaqu.Lola keessattis,Farda duule jala hindhokatan Waantadhaan Fardarraa dhoowwaa lolu.Yeroo gaddaas uffata adii Fardatti huwwisanii reeffatti naannessanii boo’u.Yeroo Ayyaana Woggaas,Frda toora galchanii ittiin sirbu Fardi aadaa ittiin fayyadaman qaba jedhu.

Uummata Oromoo aanaa Jiddaa biratti aadaan Farda yaabbachuu aadaa wanta hundumaa ittiin ibsatiniidha.Fardarra taa’anii Maanguddoo,Amaamotaafi dubartii bira hindarban,Fardarraa bu’anii dabarsu malee kun akka aadaatti walkabajuu agarsiisa.Namni himaltuu kamuu dhaqu malkaatti yoodhufe Fardarraa bu’ee malkaatti irreeffatee darba malee Farda yaabbatee malkaa hin cee’u.Bishaan kan lubbu qabeessa mara jiraachisu jedhanii waan amananiifi jedhu.Obbo Takkaa Naggasaa, Uummanni Jiddaa aadaa itti fayyadama Fardaa akka qaban kan mullisu. Dirree gombisa Fardaa yoo seenan amma dirree seenanitti, Farda kan leellisu kawoo baasaa gara gombisa Fardaa dhaqu.Fardi bakka hundatti aadaa ittiin fayyadaman qaba jechuun,Kahoo armaan gadii kanaan deeggaranii nutti himannru.

1

2


Fakkii17ffaaFakkii Dirreetti Garmaamsa Fardaa Agarsiisu

Dargaggoonni yeroo Farda yaabbatanii gara sagantaa garmaamsaafi gombisa Fardaatti seenaan sirbaa, kahoo basaa, dhiichisaa, walharkaa fudhaa akkana jechuudhan taphachaa deemu. Adeemsa kana keessatti kan kahoo baasuufi jalaa qabutu jira.

**Kahoo Basaa** **Jalaa qabaa**

Kahoo Fardatu qabaa kahooKahoo Fardatu qabaa kahoo

Ajjeerraa Garbuu Kahoo Fardatu qabaa kahoo

Yeroo birraan gahuu Kahoo Fardatu qabaa kahoo

Yeroo qolannaa Kahoo Fardatu qabaa kahoo

Yeroo darbannaa Kahoo Fardatu qabaa kahoo

Yeroo Lolaa Fardatu qabaa kahoo Kahoo Fardatu qaba kahoo

Jechuun gara garee Faradoota waliin dorgomaniitt deemu.

## 4.5.4.1.Kabaja Fardi Akka Jiddaatti Qabu

Obbo Zallaqaa Tolaa kabaja Uummanni Jiddaa Fardaaf qabu akkas jechuun ibsu.Jiddi Farda kabajuu Oromoorraa dhale.Jiddi Waasadiif Farda kabaja: Tokko Fardi Abbaan Fardaa yoo kufe dhiisee hin deemu, Lammaffaan Fardi bakka jiidhaa (caffee ) oola, Caffeen bakka wayyoofi Ayyooti, Sadaffaan Fardi haadha hin ganu, hin koru Safuu beeka Jiddi kanarraa ka’ee, Farda dura karaa hinqaxxaamuran,yoo namni biraa dhabame illee dhaabbatanii dabarsu,Fardi malaaka rabbiiti waaqatu irra dubbataa jedhanii sodaatu.Kunimmoo Fardi yeroo guulee dhakaarra,mukarra,lagarra utaalu waaqatu ija taa’af,Boorri hingufatu waaqatu miila jala deema.Farda jala kutuun waaqa jala kutuudha Farda dura laga yoo cee’an waaqan walitti bu’u jechuudha. Fardi kan hundaati jedhanii amanu jedhu. Farda hinrukutan,Maasii keessaa akka barbaadan hin hari’an,Fardi ilmoo biyyaati jedhamee waan beekkamuuf,safuu qaba nikabajama jedhu.

Akka Barsiisaa Taammiruu Abarraa, Obbo Darajjee Nuguseefi Aadde Burtukaan Badhaadhaajedhanitti, Uummanni aanaa Jiddaa beellada horsiisee qabu keessaa Fardaaf Jaalalaafi kabaja ammana hin jedhamne qaba.Sababni isaa namniifi Fardi birmaduudha.Birmaduun immoo dhala namaa bakka bu’uun beekkama.Oromoon Jiddaa Farda akkuma dhala isaatitti laala. Kunis,Fardiifi namni walfakkaatu jedhanii waan amananiif,Fardi akkuma namaa fira beeka haadha isaa hin yaabbatu (hin gaanu)Uummanni Jiddaa Fardaaf ilaalchaafi kabaja guddaa qaba jedhu.

Obbo Taakkalaa Tasammaa Jidda keessatti Fardaaf bakki guddaan kan kennamuuf,Fardi abbaa beeka,Abbaa Fardaa malee abbaan fedhe hinqabu.Fardi abbaan yoodu'es beeka ni boo'a.yeroo nama dhukkubsataa baatee deemus suuta deema wanti fedhe yoo itti dhufe hinfiigu.Uummata Jiddaa biratti namni Farda hinqabneefi limoo hinqabne tukkuma jedhanii fudhatu.Jiddatti namni akkuma ta'e ta'ee Farda bitachuu qaba ,Waaqni illee Farda nidhaga'a jedha.

Obbo Takkaa Naggasaa Jidda biratti Fardi kabaja guddaa qaba jedhu.Farda hingurguran,Maasii namaa yooseene hinhariyan,hindhaa'an,Fardi qabeenya hundaati.Ilmoo Abbaati jedhu. Fadrdi yoodu'e gadi harkisanii hin gatan,Boolla qotanii akkuma namaatti kafananii awwaalu. Nama Fardi jalaa du'es,akkuma ilmoon jalaa du'eetti biratti argamanii jajjabeessu.Wanti akka Fardaa nummata Jiddaa biratti kabajaa fi ilaalcha addaa qabu hinjiru jedhu. Jidda keessatti Farda waan ulfaataa itti hinfee'an,Gaarii ittiin hin harkisan,ittiin hinqotan,Midhaan ittin hindha'an,kun Oromoo birattis, uummaata Jiddaa birattis aadmaleedha.Gochi akkasii aadaa saba biraati malee Oromoon Farda hinsalphisu Jidda Farda yaabbatee garmaamuuf, bakka sirnaatitti ittiin dabaaluuf itti dhamma ba'a,

Ilmi yeroo birraa Farda yaabbachuu barbaade bakka sirbaatti akkas jedhee sirba:

Farda naabiti yaa abbaabbaa  
Birraa kana Fardan yaabbaa  
Farda naabiti yaa abbaabbaa  
Birraa kana Daaleen yaabbaa  
Farda naabiti, Shoolee Fardaa

Birraa kana Fardan yaabbaa…jechuun Fardi birraa qeerroon yaabbatee bakka Ayyaanota adda addaa dhaqee akka ittiin bashaanuufi Fardi bakka kabajaa qofaaf akka oolu sirba kanaan dhaamsa dabarsu.Waktii birraa Fardi Sooramaa ture gadi ba'a, Dargaggeessi asheeta nyaatee humna baasa,hudi humna haaraa, humni kunimmoo abdii qa'eeti. Abdii abbaati jedhamu.

### 4.5.4.2.Moggaasa Maqaa Fardaa

Obbo Abarraa Jiruu moggaasa Maqaa Fardaa irratti yeroo yaada kennan uummanni Jiddaa akkuma Saba Oromoo kan biraa Fardaa kabaja guddaa qaba.Fardas,akkuma dhala isaatitti ilaala.Oromoon akkuma ilmoo angafaan waammamuFardaanis, ni waammama.Jidda keessattis sanuma.Fardi maqaa moggaasa ganamaa gara maqaa kabajaatti jijjiira.Jidda keessatti namni ilmoo qabus hinqabnes Sangaa Fardaa qabaannan Fardichaan waammama.Keessumaa namni Fuudhee dafee dhala hingudhanne tokko Fardi abbaan ittiin kophaa baase Farda cimaa taanan maqaa Farda sanaatiin waammama jedhu.Namni kun yoo dhala godhates maquma Farda isaatiin waammama jedhu.

Obbo Tadilaa Ayyaanoo Moggaasni maqaa Fardaa yeroo baay'ee bifa Fardichaatiin walqabata jedhu.Nama Farda boora qabuun Abbaa booraa, nama Farda Daalacha qabuun Abbaa Daalee, nama Farda gurraacha qabuun Abbaa Gurree,nama Farda gara Diimatti dhiyaatu qabuun Abbaa Magaal,
Nama Farda Booqaa qabuun Abbaa Bulloo, nama Farda Magaala gara gurraachaa jiruun Abbaa Shaanqoo,Nama Farda Adii qabuun Abbaa shaashoo jechuun Jiidda keessatti namoota Farda beekkamaa (cimaa) qaban ittiin waamu jedhu.

## 4.5.5.Milkii Fardi Qabu

Obbo Tadilaa Ayyaanoo Uummama jiru keessaa kan akka Fardaa milkii tolu hinjiru jedhu. Fardi mana seennan dafanii midhaan itti kennu, dhadhaa muudu, harkaan tuttuqu. Ebbi mana nuseene barri kun bara quufati jedhu. Midhaan itti kennu kunimmoo Gororri Fardichaa mana keessatti akka buu'ufi.
kunis, Fardi lafa jiidhaa jaalata gororri Fardaa jiidha, yoo manatti nuuf bu'e ni sooromna jedhu. Dhadhaa dibuun eebba simachuudha jedhu.Yeroo midhaan dhaa'an Farda hoogditti qabu, irraa hin dhoowwan Afaan Fardaa barakata qaba jedhanii fudhatu waanta'eefi jedhu.

## 4.5.6.Faaya Fardaa

Faaya Fardaa maqaan isaa tokko yaata'u malee waan baay'ee of keessaa qaba. Kunas, Obbo Takkaa Naggasaa akka tokkoo tokkoon maqaa Faaya Fardaa nutti himanitti:Kooraa, gilaashaa, Wuddeella, Qomoo, Fuuloofi Birmaduu kan yeroo hunda ittiin yaabbatan ta'uu ibsanii jiru. Dabalees ergaa dabalataa argachuuf akka mijatu gaafa 11/04/2016 Obbo Abarraa Jiruu waa'ee faaya fardaa maaliif akka oolu, maal irraa ka'ee maqaan isaa akka moggaafame. Akkasumas.maal irraa akka tolfaman eenyu akka tolchu ballinaan gaafannee deebin arganne akka armaan gadiitti qindaa'ee dhiyaatee jira.

**Kooraa**.Dur gogaa hoolaa, gogaa re'eefi sibiila irraa tolfama.Yeroo tolfamus,akkka dugda fardaa hammatee qabuu fi madaala namaa eegutti ijjannoo miilaa bitaa fi mirgaa faanaafi gara jalee‘ waliin tolfamee mi'oota biroo walini tajaalila kenna.

**Gilaasha.**Wayyaa furdisanii hodhuun fuunduraafi duubatti qaawwa itti godhanii dursaa kooraatti akka seenutti hojjatama.Gilaashi miidhaginaaf oolu baladii kan jedhamu gubbaa irra oolee ittiin yaabbatama.

**Uddeellaa**.Gogaa irraa tolfama kunis gara udduu duuba kooraa waan ooluuf uddeellaa jedhamee moggaafame.Kooraa irratti irkoo duubaa bitaa fi mirgaan kan qabsiifamuu ta'ee eegee fardaa jala oolee hidhama.Kuniis, Fardi yeroo asii gadee deemu namni yaabbatu gara morma fardaa irraan akka hinbuune qabee dhoowwuuf gargaara.

**Qomoo.**Gogaa irraa tolfama dursaa kooraa isa fuunduraatti kaawwamee morma fardaa bitaafi mirgaan gara gateettii isaa oolee laphee irratti iddoo tokkotti dhufuun luka fuurduraa lamaan jidduu bahee garaa Fardaa jalatti gara jalee dhaan waltti hidhama.Laphee ykn qoma Fardaa irra waan ooluuf qomoo jedhame. Kuni immo kan tajaajilu fardi yeroo irraa olee gara tabbatti ykn qoma deemu namni gara duubatti loo'ee akka duubaan hinkufne gargaara.

**Fuulo.**Gogaa irraa tolfama. Maqaa kana kan argateef fuula fardaatti waan kaawwamuf fuuloo jedhame. Kunis, addafi maddii lamaan irraa gadi kan bu'u dhaabbataa sadi akkasumas dalga maraa funyaanfi adda irratti lama qaba. Hidhata harkisaaf oolu immoo morma jalatti hidhaama.Kunis, dheerinni isaa metira 1.5 ta'ee Farda ofduuba harkisuufi yeroo tokko tokko fardi akka dheedu yoo barbaadame ittin sakaaluufi ittiin hidhuuf gargaara.

**Luugama.**Sibiila fi gogaa irraa tolfama maqaan kuni kan kennameef afaan Fardaa keessa galee waan hidhamuuf Fardi akka humnaa ol hin fiigne dhoowwa. Namni akkanatti yaabbate nan kufa kan jedhu hin sodaatu birmaduutu itti dhaga'ama waan ta'eef maqichis Birmaduu' jedhame. Kunis Birmaduu farda gar malee kaatu akka hinguulle ittiin dhaabuufi yeroo barbaadame immoo utaalchisuufi saggarsisuuf gargaara.

**Ashankitaabee /Maxaabirii/.**Kunis gogaa beelladootaa irraa kan tolfamu ta'e morma Fardaa irratti gamada irratti kaawwama waan ta'eef ashankitaabee  jedhame. Tajaajilli isaa miidhaginaaf fayyada. Akka walii galaatti Faaya Fardaa kan jedhamu maqaan isaa iddoo qaama fardaa irra ooluufi tajaajila kennuun  walqabatee akka moggaafame dubbatu. Kunis asii gaditti adda bahee taa'eera.

1.Bakka qaama Fardaa irra oolanirratti hundaa'anii kan moggaafaman Fuuloo fuula fardaa irraa ka'ee mogga'e. Qomoo laphee ykn qoma fardaa irraa ka'ee  mogga'e Uddeellaa duuba Fardaa irraa ka'ee mogga'e Garjalee garaa Fardaa jala oolee waan hidhamuuf mogga'e

2.Tajaajila qaban irratti hundaa'uun kan moggaafaman.Faanaa faana miilatiin waan itti ijjetanii koraniif, Kooraa Fardarra waan koruufi namni waan isa koruuf kanatt moggaafame. Birmaduu Fardi yoo mirmaduu itti keeyyisan of eeggatee akka mirmaduutti waan deemmuf,Faayi Fardaa yeroo kamuu Fardaan adda ba'ee hillaallamuun hindandaa'amu jedhu.Faaya Fardaa guutuu ta'e kan ittiin yaabbatan sangaa Farda

**BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GUDUUNFAAFI YABOO**

## 5.1.Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa "Beekkumsa Horsiisa fi guddisa Farda Oromoo Goodina Shawaa Kaabaa aanaa Jiddaa" qaaccessuu ture. Kunis,haala isaan ittiin horsiifamaniifi haala isaan ittiin guddifaman, akkasumas,haala ittiin kunuunfaman, walitti dhufeenya isaan namaa waliin qabantu qoratame.Barbaachisummaan qorannichaas,Mata duree beekumsa guddisaafi horsiisa Fardaa isa jedhu irratti qorattoonni gara funduraa yoo irrattihojjatan, kitaaba yoo irratti barreessan, sirna barnootaa keessa yoo galchaniifi galma Aadaa fi Turizimii keessa yoo kaawwame,Yuunfarsiitin waa'ee Fardaa qorachaa jiru qorannoo kanatti yoo fayyadame gumaacha gochuufii dandaa. Gosni qorannoo kanaa gosa qorannoo qulqulleeffataata'ee odeeffannoo kennitootarraa mala iyyaafannaa akkayyoo iddatteessee ragaalee sassaabuuf meeshaa akka afgaaffii, daawwannaa fi marii gareettidhimma ba'e.Qorataan yaada odeeffannoo kennitoota irraa argame xiinxalee qaaccessuun hiika itti kennee bifa armaan gadiitiin guduunfee jira.

## 5.2. Guduunfaa

Matadureen qorannoo kanaa "Qaaccessa beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa aanaa jiddaa" isa jedhu ta'ee, galmi isaa immoo beekumsaafi ogummaa Oromoo isa qoratamee bira hinga'amne keessaa xiqqoo isa ta'e,beekumsa horsiisaa fi guddisa Fardaa Oromoo Jiddaa keessa jiru hangan danda'e qaaccesseeqorattoota birootif akka gumaacha taasisufi dhaloonni duuban dhufan akka irraa baratanifkaa'eera.Kanaf, akkaataa odeeffannoon walitti qabameen baakumsa horsiisaafi guddisa Fardaa keessatti tajaajila kan kennan xiyyeeffannoon erga xiinxalamee bu'aa argame, mala qulqulleeffataatin fayyadamee iddoo barbaachisutti suuraadhaan deeggaruun kaa'ee jira.

## 5.3.Argannoo

Dhuma irratti deebiin gaaffilee bu'uuraa qorannoon argameefi akka rakkootti waanti adda baa'an haala armaan gatiitin qindaa'anii jiru.Iaanis,

*Kaayyoon qorannoo tokkoo, Hawaasni Oromoo aanaa jiddaa beekumsi horsiisa Faradaa irratti qaban maalfaadha? jedha. Haaluma kanaan deebin argames, Beekumsi hawaasni Oromoo aanaa Jiddaa Farda ittiin horsiisan, Dursa Farda horsiisaaf taa‟u, beekudha, Innimmoo (Teessuu Fardaa, Dungulaa, Waqarii Fardaa beekuudha.) Inni biraa Teessuu Fardaa eeganii Dungulaa qabsiisuu (gaansisuudha), Farda horsiisuu danda'uudha. Adeemsa horsiisa Fardaa beekuudha,

Haala kunuunsaa beekuu, Haala guddisaa beekuu, Haala itti leenjisan beekuu, Fayyummaa Fardaa eeguun beekumsa horsiisa Fardaa qabaachuudha.

*Kaayyoon qorannoo biraa immoo, Hawaasni Oromoo aanaa Jiddaa beekumsi,guddisa Fardaa irratti qaban maalfadha? Kan jedhu yoo ta’u, deebiin argame immoo Ilmoon Fardaa dhalattee Guyyaa jalqabaatii hanga ji’a sadii (3) Ganyaa dhalte waliin gola keessa turuu qaba.Nyaata Ganyaa dhalteef qophaa‟e, akka ilmoon Fardichaa waliin nyaattu taasisuudha.Ilmoo Fardaa dhalate, dhalatee Guyyaa lammaffaa irraa jalqabanii bishaan qulqulluudhaan dhiquu jalqabuudha.Nyaata sadarkaa umurii isaatin qophaa‟e nyaachisuudha.Fayyummaa isaa, Walitti fufiinsaan hordofaa deemuudha.Yeroo leenjii jalqabsiisan, Damma sonsaa nyaachisuudha.Akka waqarii hintaanetti guddisuudha. Kunis,Yeroo eeganii nyaata nyaachisuu, yeroo eeganii qulqullina isaa eeguufi Yeroo eeganii qoricha kennaafii deemuun Farda tokko guddisuuf murteessaadha.

*Kaayyoon biraa, Hawaasa Oromoo aanaa Jiddaa biratti Sadarkaa Fardi keessa darbu akkamitti beekama? Kan jedhu yoo ta‟u, deebiin; Fardi ilmoo Fardaatii hanga Sangaa Fardaatti umurii keessa darbu qaba. Innis, Woggaa 0-2 Ilmoo Fardaa, Wogaa 3-5 Ilmoo Fardaa Labata, Woggaa 6-10 Ilmoo Fardaa Guulaa, Woggaa 11-20 Farda Collee, Woggaa 21-30 Sangaa Fardaa ta’uufi Sanaa ol Farda dulloomaa kan jedhamu yoota‟u. Isaan kanas, Ilkaanii fi baay‟ina eegee isaanii dabalaa buluu fi hirrachaabuluu harkaan qabanii ilaaluudhaan aanaa Jiddaa keessatti sadarkaan Fardaa akka beekamuu danda’u qorannoon kun adda baaseera.

*Kaayyoo arfaffaan, Dhibeewwan guddinaa fi horsiisa Fardaa irratti miidha geessisan maalfaadha? Kan jedhuudha.Haaluma kanaan deebiin argame. Dhukkubni /Dhibeewwaan/ hormaata Fardaa miidhan: Dhukkuba Lolaa, Dhukkuba Bichee, Dhukkuba Cittoo Dhukkuba Hukaafi Dhukkuba Bokoksaa ta‟uu isaati.

*Kaayyoon qorannoo Shanaffaa, Fardi hawaasa Oromoo Jiddaa biratti kabaja akkamii qaba? Kan jedhu. Yoo ta’u deebiin argame, Farda dura karaa hin qaxxaamuran, Fardi malaaka rabbiiti jedhanii kabaju, Farda dura laga hin cee’an, Farda hin rukutan, Maasii midhaanii keessaa hin ariine ta’uufi Fardi ilmoo biyyaati jedhanii kabajuun, kabaja hawaasni Jiddaa Fardaaf qabu ta‟uu isaati. *Kaayyoon qorannoo kanaa inni jaa‟affaan, Farda qabaachuun hawaasummaa waliin walitti dhufeenya maalii qaba? Kan jedhu. Deebiin argame, Akka Jiddaatti nama Farda qabu, namni karaa inni deemaa jiru irratti yoo itti dhufe isa hinqaxxaamuru. Namoota waliin deemaa osoo jiruu lagatti yoo dhufe, isatu dura laga cee’a. Hawaasa biratti akka nama biyya eegu tokkootti ilaallama. Yuyyaa cidhaa fi Guyyaa boo‟icha dhaqan inni dhufaa yoo jiraate, namni hunduu isa dabarsee duuba isaa yaa’a. Yeroo inni Farda isaa irraa bu‟u, namoonni naannoo sana jiran, itti fiiganii gadijedhanii isa

dubbisu. Farda isaa irraa fidanii harkisuuf, kana jechuun ni kabaju, ni jaalatu, Kunimmoo kabaja namni Farda qabu argatuudha.

*Kaayyoon torbaffaan, Farda qabaachuun Oromoo aanaa Jiddaa biratti akkamitti beekama? Kan jedhu yoo ta‟u, deebiin argame immoo namni Farda qabu qabeenya hunda qabaachuun, Farda Colleefi Sangaa Fardaa qabaatee Abbaa Fardaa yoo jedhame.Farda baay’ifachuun 50-100 yoo qabaate. Faayidaaf oolfachuun (Gurguranii galii irraa argachuun) Soorummaa agarsiisuun, Ayyaantummaa agarsiisuun, gaaddisaafi kabaja qa’ee ta’uun, Kabaja qabaachuun, Maqaa qabaachuun, ittiin waammamuufi kkf qabaachuun Farda qabaachuudhaan kan beekkamu ta‟uudha.

## 5.4.Hanqinoota Mul’tan

*Dhaloonni yeroo ammaa Fardaaf, xiyyeeffannoo kennaa jiraachuu dhiisuudha.

*Kunuunsi Fardaaf taasifamaa jiru baay’ee gadi bu’aa jiraachuudha.

*Farda baay’isanii horsiisaa jiraachuu dhabuudha.

*Qorichi Fardaa kan aadaa aanicha keessaa guutumaan guututti badaa kan jiru ta’uu.

*Sanyii Fardaa wal makee jirukeessaa, Farda Sanyii gaarii ta’e, qorannoon adda baasuuf kaka’umsi dhabamuudha.

*Farda Sadarkaa, Sadarkaa isaatin eeganii, bakka jidhaatti akka sirba cidhaa beekutti, bakka boo’ichaatti akka sochii gaddaaf ta’u beekuttii, Ispoortii gasa adda addaa akka beekuttiifi dirree lolaatiif akka ta’utti leenjisuun kan afeeru ta’uu.

*Nyaata Fardaa adda baasanii akka yeroo barbaaddame argamuutti oomishaa jiraachuu dhiisuu

*Farda aanaa Jiddaa gara turizimiitti ceesisuuf, bulchiisni aanichaa sochii waliitti fufaa taasisaa jiraachuun dhabamuudha.

## 5.5. Yaboo

*Beekumsi horsiisaa fi guddisa Fardaa aanaa Jiddaa hanga ammaatti bifa kanaan qaacceffameera.Bu’aan qaaccessa kanaa immoo qorannoo itti aanuuf waan akeeku qaba. Kunis, horsiisaafi guddisa Fardaa irratti hojiin barbaachisaa ta’e, karaa namoota hubannoo qabaniitin irratti hojetamee kitaaba keessatti barreessanii kaa’uufi qaama dhimmi ilaaluun itti fufiinsa akka qabaatu taasisuun dirqama nama hundaa ta’uun shakkii hinqabu. Kanaafuu bu’aa qorannoo kana irraa argame ka’umsa godhachuun waa’ee Beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaairratti qorataan yaboo kanaa gadii kaa’eera.

*Goodina Salaalee keessaa aanaan Jiddaa Farda sanyiin isaa ciccimaa qabaatullee, Sanyiin Fardaa gaariin kun, wal makee badaa waan jiruuf, Waajjirri AadaafiTurizimii abbummaa fudhatee akka sanyiin Fardaa Jiddaa kuni hin banneef irratti yoo hojjete,dabalataanis, Horsiisni Fardaa akkuma loon kaanitti akka itti fufuuf, Waajjirri qonnaa fi Waajjirri Fayyaa beelladaa karoora keessa galchanii hawaasa hubachiisuufi hojiitti hiiksisuu irratti yoo hojjetan Fardi Jidda keessatti akkuma beelladoota kaanii baay'chuu danda'a.

*Farda lamaa sadi qofaa qabaachuu osoo hintaane, Farda Oromiyaa keessatti bakka guddaa qabu kana horsiisanii baay'isuun madda galii biyyaatiif akka oolu taasisuudha. Akkasumas, qaamni Mootummaatis, Fardi biyya keenyaa Adawaatti lolee moo'e, Oromoon Fardaan beekama jedhee miidi'aa qofaan faarsuu dhiisee Fardi akka horsiifamu taasisuun madda galiif akka ta'utti irratti hojjechuudha. Sana bira darbee Yuuniiskootti akka galmaa'u haala mijeessuu qaba. Fardi biyya keenyaa Sanyii gaari ta'e kun osoo wal makee hin badin akkuma Fardoota Biyyoota Ameerikaa irratti hojjetamee galii adda addaa galchuuf, kan oolu ta'uu qaba.Uummanni aanaa Jiddaa, Farda horsiisuu, kunuunsuu, Sanyiin Farda isaa akka hinbanneef, Farda isaa waan hudaaf itti fayyadamuu akka danda'utti baay'isuu qaba.

Fardi Jiddaa beekamtii akka argatuuf, Guyyaan ayyaana Fardaa adda ba'ee woggaa woggaan akka Jiddaatti kabajamuu qaba.

*Uummanni Oromoo Jiddaa Farda isaa, akka duritti seeraan horsiisaa, kunuunsaa, guddisaa hin jiru.Kanarraa kan ka'e Farda baay'een dhukkubaan miidhamaa jiru, hormaanni isaanis, baay'een quucaraa jira. Farda Jiddaa kan durii sanatti deebisuuf, nyaata Fardaa, gola Fardaa fi fayyummaan Fardaa sirriitti eegamuu qaba. Akkasumas, Fayyummaa Fardaas eeguudha.Qorichoonni aadaa Farda baay'ee fayyadan waan jiraniif, qorichoota kana baay'isanii oomishuudha.Dabalataanis, gombisa Fardaa, guksii Fardaa, guluffii Fardaa Ispoortiifi sochii sirna adda addaa waliin deemu akka beekutti, akka duriitti leenjisuun Fardi akka beeku gochuudha. Kunimmoo Farda Farda beekaa oomishuudha.

*Kanaafuu osoo ciminaan irratti hojjetamee dhaloonni duuban dhufaan kabaja Fardi Oromoo biratti qabu ni bara.Akkasumas, Fardi uummata Oromoo Addunyaa irratti akka beekamuf ni gargaara.Waajjiraaleen Mootummaa sadarkaa sadarkaadhaan jiranis,Qabeenya Fardaa uummata Oromoo biratti kabaja guddaa qabu kanaa kan uummanni ogummaa isaatiin horsiisu qafaa osoo hintaane,xiyyeefannoo itti kennuudhaan giddu gala tokko qopheessanii osoo horsiisanii gaarii ta'a.

## *Wabiilee*


*Addunyaa Barkeessaa (2011).Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee:mega printing press*

*Bascom,W.R (1965).Four Functions of Folklore,in Dundes, A.(1965).The study of Folklore. Buurkelay:Printing-Hall,Inc*

______ *(1954). "Four Fucntions of Folklore" amercan Folklore Societ*

*Beekaan Gulummaa (2011). Dilbii:Bu'uura Afoolaa,Og-afaaniifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee: Subi printing Press.*

*Berg,(2001).Qualitative Research:Message for the Social Sciences. 4th Edition,Allin and Bacon,Boston,15-35*

*Cohen, L.Manion,L and Morrison,K. (2007).Research Methods in Education (6th ed).London and New York,NY:Routledge Falmer.*

*Dassitaa Daddaalenyi.(2013).Buura Qorannoo.Finfinnee: Mana Mxxansa Boolee Dawi and Alemayewu.(222) Module1 Consepts and Elements of Educational Research.Addis Ababa: Educatiolan media Agency (MOE)*

*Dundes, A. (1965). The Study of Folklore. Berkeley: Prentice-Hall.*

*Deeb Lee Corson, (2018) . Web Design by sievers Creative. Wild Lands: Wild Horses is available on Youtobe.*

*Dorson, R.(1972). The Study of Folklore.The anylitical essay. Logo:Utah state University Press*

*Fana Media,(2022). https:/www.fanabc. com*

*Fekede Azeze,(1998).Unhead Voices: Drought, Famine and God in Ethiopian Oral poetry.Addis Ababa: Addis Ababa University press.*

*Food and Agriculture Organization of the United Nation Accessed December 2016*

*Jaalataa Mootii (2014).Xiinxala Sirna-Gombisa Fardaa OromooTuulamaa. MA Thisis*

*Katihei,C,R.(2004). Rasearch Methodology: Methods and Techniques.2nd Edition,New Age International publlishers,New Delhi.*

*Kumar, H.M.(2004).Growth and development of catla.Fed with different levels of diet containing Spirogyra sp:Biores. Technol,95(1):73-76*

*Leelisaa Aadaa Bantii. (6413). Kudhaama Seenaa Elleni Printing Press plc.Oromiyaa Finfinnee*

*MOE,(1999). Tacher Hand Book Reserch. Addis Ababa : Mega publishing Enterprice*

*Nebraska Through PBS,NPR and Original content since, (1954). Engaging, Nebraskans through: Television,radio and online.Platforms*

*Nuunaan, D.(1992). Researcha Methods in Language Learning. Capridge: Cup.Robin Law ,(2018) The horse in West African history: the role of the horse in Societies of pre colonial west Africa.Oxford: Oxford University press.*

*Sarantakos, S.(2005).Social Research.3rd ed London: Palgrave Macmillan.*

*Taaddasaa Hoomaa, (2016) .Xiinxala Gosoota Fookloorii Gomsa Fardaa Hawaasa Oromoo aanaa Dandii irratti. Kan hin Maxxanfamne ,Yuunivarsiitii Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA)*

*Urgeessaa Xilahun (2009/2017Xiinxa Fookloorii itti fayyadama keessatti. Kan hin Maxxanfamne, Yuunivarsiitii Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA)*

*Xannaa Alamaayyoo,(2013). The Documentation of historical and cultural Signi ficaney of horsr racing 'gugsii' in Kutae Society. (MA thisis)*

*Zoltan ,(2007) .Rsearch Method in Applied Lingustic. Quantitative, qualitative and Mixed Methodology*

*William Paterson, (2013). https:/www.linkedin.com. University Assistance Animal Policy*

*Waajjira Gadaa Tuulamaa Jildii 1ffaa Laakka 1/2014 qophaa'e.*

*https:/African rockart.british museum .org (2006)*

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

YUUNVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QOO'ANNOO AFAANII

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

Afgaaffii

Kaayyoo Afgaaffii

Qorannoo mata duree Beekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa aanaa Jiddaa jedhu irratti ragaa funaannachuudhaafi waanta'eef,shakkii kamirraayyuu bilisa taatanii gaaffii isin gaafannuuf,deebii akka nuuf laattan kabajaan isin gaafanna.

1.Ragaa dhuunfaa

Saala________Umurii_________Sadarkaa barumsaa______________

Adeems Gaa'ilaa:Kan heerumte /Kan fuudhe_________ kan hineerumne/kan hin fuune kan bultii hiikaan_________

2.Wantoota isin gaafanne akka nuufdeebistan kabajaan isin gaafanna.

1.Hariiroon fardaafi Oromoo maali?

2.Oromoon Maqaa Fardaatin maaliif ofwaama laata?

3.Farda nihorsiisuu?

4.Haala kamiin Farda horsiisu?

5.FardaaKunuunsa akkamii godhuuf?

6.Maqaan Fardaa sadarkaa sadarkaadhan maal jedhama?

7.Guddisuuf hoo maaltu barbaachisa?

8.Fardi yeroo akkam ta'e gurgurama?

9.Fardi hunduu ni gurguramaa?

10.Farda qabaachuun hawaasummaa wajjiin walqabataa?

11.Jireenya Fardaaf iddoo akkamiitu mijata laata?

12.Dhukkuba Fardaa kanjedhamu jiraa?

13.Qorichi Farda dhukkubsatee maal jedhama?

14.Fardaan walqabatee wanti akka safuutti ilaallamu jiraa?

15. Fardi akka kennaatti nikennamaa?

16.Fardi maalin cimaa ta’a?

17.Farda yeroo kam faarsu?

18.Fardi sadarkaa meeqa qaba?

19.Fardi yaabbii qofaaf fayyaddaa?

20.Yoo Farda manaa dhaban maalta’u?

21.Maqaa faaya Fardaa maalirraa moggaasu?

22.Fardi lakkuu nidhalaa?

23.Farda kotte duudaa kaanirraa maaltu adda taasisa?

24.Fardamoo Loon yooqabaatan kabajatti fudhatama?

25. Fardi Jiddaa cimaadha jedhu maaltu adda taasise laata?

**Dabaleewwan**

**Dabalee B**

YUUNVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QOO'ANNOO AFAANII

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

Daawwannaa

Kaayyoo Daawwannaa

Kaayyoon Daawwannaa Qorannoo Digirii 2ffaa guuttachuuf adeemsifamuuf odeeffannoo deeggaruu danda'uargacuufBeekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa irratti hawaasni aanaa Jiddaa qabuyoomessa keessattiargamuun qabxiiwwan gadii irratti xiyyeeffachuun Daawwannaan adeemsifamaniiru. Kanas,Meshaalee sagalee waraabuufi suura kaasutti fayyadamneerra.

**I.Iddoo**

Mana warra Farda kunuunsuu

Farda kunuunfamu

II.Haala Farda ittiin kunuunsan

Gola Fardaa qulqulleessuu

Nyaata Fardaa gosaan kennuu

Farda dhiquu

Aduutti baasuu

**III.Yeroo Farda Leenjisan**

Kottee arfan hidhanii dirree keessa hari'uu

Leenjisaan Ganamaafi galgala gara duubatti siiqee irra taa'ee hurufa keessa har'iuu

**Dabaleewwan**

**Dabalee C**

YUUNVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QOO'ANNOO AFAANII

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

Marii Garee

Yaada Marii Gareetiif Dhiyaate

Kaayyoon Marii Gareeqorannoo Digirii 2ffaa guuttachuuf adeemsifamuuf odeeffannoo deeggaruu danda'uargacuufBeekumsa horsiisaafi guddisa Fardaa irratti hawaasni aanaa Jiddaa qabuyoomessa uummamaagaree dhimma kanaaf walitti qabame keessatti argamuudhaan qabxiiwwan gadii irratti xiyyeeffachuudhaan mariin gaggeeffameera. Kanas,Meshaalee sagalee waraabuufi suura kaasutti fayyadamneerra.

I.Gaaffii Marii Gareetiif qophaa'e

1.Hawaasni aanaa Jiddaa Farda isaa akkamitti kunuunsa?

2.Farda akkamitti kunuunsu?

3.Nyaanni Fardaa maalfaadha?

4.Farda akkamitti guddisu?

5.Akkuma duriitti Farda horsiisaa jiruu?

6.Farda qabaachuun hawaasa keessatti maal uuma?

## Dabalee.D

## Maanguddoota Ragaa kennani

| T/L | Maqaa guutuu | Saala | Umurii | Sad/Barumsaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Tadilaa Ayyaanoo | Dhi | 85 | Dippiloomaa | Soorama ba’eera |
| 2 | Obbo Abarraa Jiruu | Dhi | 80 | Kutaa 8 | Jaarsa Biyyaa |
| 3 | Obbo Zallaqaa Tolaa | Dhi | 70 | Kutaa 8 | Jaarsa Biyyaa |
| 4 | Obbo Taakkalaa Tasammaa | Dhi | 45 | Digirii | IGM/Barsiisaa |
| 5 | Obbo Takkaa Naggasaa | Dhi | 87 | Qotee Bulaa | Qonna |
| 6 | Obbo Adaanaa Mangistuu | Dhi | 50 | Digirii | Abbaa Amantaa |
| 7 | Obbo Fiqaaduu walalaa | Dhi | 40 | Digirii | Misooma Qonnaa |
| 8 | Aadde Burtukaan Badhaadhaa | Du | 35 | MA | A/A/Qonnaa |
| 9 | Dr.Gaarradoo Abaataa | Dhi | 35 | Digirii | I/G/W/Qonnaa |
| 10 | Obbo Asaaminoo Burraatuu | Dhi | 30 | Digirii | I/G/WAT |
| 11 | Obbo Dilaachoo Taaddasaa | Dhi | 36 | Digirii | A/A/WAT |
| 12 | Obbo Sammaa Taayyee | Dhi | 35 | Digirii | Barsiisaa |
| 13 | Obba Taammiruu Abarraa | Dhi | 45 | Digirii | Barsiiaa |
| 14 | Obbo Sisaayi Suyyum | Dhi | 40 | Digirii | Barsiisaa |